



Rippaabiliika Dimookiratawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti  
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-280-7

Gatiin: Qar. 30.80

Kutaa 10

Barnoota Afaan Oromoo

Qajeelcha Barsisaa

Ministeera Barumsaa Bara 2005

# Barnoota Afaan Oromoo

Qajeelcha Barsisaa

Kutaa 10



Rippaabiliika Dimookiratawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti  
Ministeera Barnootaa



# Barnoota Afaan Oromoo

## Qajeelcha Barsiisaa

### Kutaa 10

Qopheessitoonni

Salamoon Gadaa (MA)

Tashoomaa Taaffasaa (MA)

Tasfaayee Jimaa (MA)

Gulaaltonni

Addunyaa Barkeessaa (MA)

Alaamirroo Kaasaahun (MA)

Taarraqany Mokonnin (MA)

Tashoomaa Egeree (MA)

Madaaltonni

Guutaa Fayyisaa (MA)

Hasan Waaqayyoo (BA)

Nagaasaa Hundee (MA)

Nuuriyaa Ibraahim (MA)



## Galata

Qopheessi, maxxansiifi raabsiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanaa fandii dhaab-bilee qulqullina barnootaa 1-12, manneen barnoota mootummaa keessatti kenna-manirratti hojjetan, kanneen akka Fooyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (FQBW) irraa argameeni.

Federaalli Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaa Fooyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaatiif qarshii liqaan Waldaa Guddina Internaashinaalaa (WGI), Fandii Faasti Inisheetivii Kaatalikii (FFIK)fi kanneen guddinarratti hojjetan biroo-Koorporeeshiinii Guddina Fiinlaandii, Xaaliyaanii, Deggersa Niizarlaandiif UK kan Muummee Guddina Internaashinaalaatiif dhaabbatan irraa argateen kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kun akka qophaa'u taasise. Kanaafuu, Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa namoota, gareew-waniifi qaamolee qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanarratti kallattiinis ta'ee alkallattiin hirmaachuun deggersa taasisan nigalateeffata.

© Federaala Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa

Maxxansa jalqabaa- 2005/2012

Mirgi abbeentaa gama suurawwanifi fakkiwwanii, dokumentootaafi meeshaalee kan-neen biroo odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Qopheessaa, Maxxansaafi Raabsaa

Dhaabbata Maxxansaa MK

L.S.P. 12385 Kaampaalaa

L.bil. +256 414-269150

Toora intarneetii [www.mkpublisher.com](http://www.mkpublisher.com)

Kaampaalaa-Yugaandaa

ISBN 978-99944-2-280-7

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa ken-namuun ala, gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluun, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabani raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamin gochaawan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaarii-ta Federaalaa lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Wagga 10ffaa, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 19996( July 19, 2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda'ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti ba'amanii heeruu yaallee jirra. Kanneen osoo itti hinyaadamin bira darbamanifi ammoo dhiifama jechaa, maxxansa itti aanu kamiinuu keessatti galateeffachuuq qophaa'oodha.

## BAAFATA

### Fuula

Seensa Waliigalaa .....	iv
Boqonnaa 1: Afaan Akkamitti Jalqabame? .....	1
Boqonnaa 2: Dhukkuboota Wal-Qunnamtii Saalaatin Darban .....	17
Boqonnaa 3: Sirna Fuudhaafi Heeruma Oromiyaa Bahaa .....	33
Boqonnaa 4: Toltuufi Hiree Ishii.....	39
Boqonnaa 5: Burqaafi Dureettii .....	45
Boqonnaa 6: Onismoos Nasiib .....	51
Boqonnaa 7: Faayidaa Bosonaafi Bineensotaa.....	57
Boqonnaa 8: Garaa Kaasaa .....	61
Boqonnaa 9: Sirna Gadaa .....	69
Boqonnaa 10: Guddifachaa .....	77
Boqonnaa 11: Kunuunsa Qabeenya Uumamaa.....	81
Boqonnaa 12: Jireenya Baadiyyaafi Magaalaa .....	87
Boqonnaa 13: Sheek Bakrii Saaphaloo.....	93
Boqonnaa 14: Afoola Oromoo .....	97
Boqonnaa 15: Durba Morma Lamaa .....	103
Boqonnaa 16: Gaabbii.....	107
Boqonnaa 17: Xalayaa .....	111
Boqonnaa 18: Barreeffama Odeeffannoo (Wabiitti fayyadamuu) .....	113

## SEENSA WALIIGALAA

Kaayyoon barnoota afaanii (Language Education) inni guddaan akka waliigalaatti barattooni afaan baratan sanaan hojjechuu akka danda'aniifi ogummaawwan afaanii warra bu'uuraa (the basic language skills) horachiisuudha. Xiyyeefannoona barnoota afaanii Itoophiyaas, meeshaalee ogummaawwan kanarratti ga'umsa gonfachiisuun wal-qunnamtii, barnootaafi jirenya hawaasummaa garaagaraa keessatti akka itti fayyadamanifi haala mijeessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf carraaqqiiwan taasifaman keessaa inni tokko qophii kitaaba barnootaati.

Kanaafuu, tokkoon tokkoon kitaaba barataa qabiyyeewwan garagaraarratti boqonnaalee garagaraatti qoodamuun barattooni afaanii irraa caalaa ogummaawwan afaanii afran dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu boqonnaalee hunda keessatti xiyyeefannoona akka gabbifataa deemaniif haala mijessa. Itti dabalees, boqonnaalee hunda keessatti qabiyyeewwan sadarkaa barnootaafi umrii barataatiin wal-gituu aadaa hawaasichaa bu'uureffachuun dhiyeessuuuf carraaqqii guddaatu taasifame. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kunis kaayyoofi adeemsa kana bu'uureffachuun qophaa'e.

Boqonnaaleen kitaabaa barataa keessaas kan qophaa'an sirna barnootaa biyya keenyaa kan yeroo ammaarratti hunda'aniiti. Isaanis kaayyoo gooroofi gooree barnootaa afaanichaa galmaan ga'uurratti xiyyeefatu. Qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuuirratti odeeffanno ga'aafi barbaachisaa ta'an dhiyeessuun kitaaba barattootaatti fayyadamuufi Afaan Oromoo akka afaan tokkooffaatti barsiisuuuf haala mijeessa. Barsiisanis hanga isaa/ishii danda'ametti haala sissi'eessaa garagaraatti dhimma ba'uun (fayyadamuun) barnoonni gammachiisaa barbaachisaafi bu'a qabeessa ta'uu isaa barattooni akka hubatan taasiisu qaba. Qajeelchi barsiisaas, gilgaalaafi shaakala garagaraa dhiyeessuufi meeshaalee deeggarsaa eeruun kaayyoo barumsichaa galmaan ga'uurratti hojji barsiisaaf tumsa. Gilgaalonni kitaaba barataa keessatti dhiyaatanis kaayyoofi gosa garagaraa qabu. Kaayyoon isaanii,barsiisaa deeggaruuun fedhii barattooni barumsicharratti qaban kakaasuufi onnachiisuudha.

Qophiin kitaabaa kanaa sirna barnootaa bu'uura taasifachuun, odeeffannoofi hubannoo garagaraa dhiyeessuun, akka barsiisaan malleen baruu barsiisuu garagaraa wal-simsiisuun ogummaawwan afaanii hunda boqonnaalee dhiyaatan keessatti haalaan shaakalsiisuu gochuufi. Tokkoon tokkoon boqonnaalee keessatti kaayyoowwaniifi meeshaaleen deeggarsa barnootaa eeraman garagaraa nijiru. Gilgaalonniifi odeeffannoona dabalataas mata dureewwan boqonnaalee hundaa keessaatti

barsiisaadhaaf dhiyaatanii jiru. Barattoonis sonaan barachuu kan danda'an yoo waan baratanirratti hirmaatan waan ta'eef, gilgaalonni haala hirmaachisaa ta'een yoo dhiyaateedha. Kanarratti hundaa'uun, malli baruu-barsiisuu barataa giddugaleessa taasifateefi malli wal-qunnamtii kitaaba barataas ta'ee qajeelcha barsiisaa keessatti haalan xiyyeefataman boqonnaaleen kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessaatti qabiyee barsiifamu irratti hundaa'ee gulantaalee murtaa'oo keessatti dhiyaateera. Fakkeenyaaaf, boqonnaalee hunda keessatti, seensi, gulantaa wanta barattooni beekanirraa ka'uun mata durichaan wal-barsiisanidha. Kunis, kan ta'u, fakkiwwan garagaraa ilaluun waan duraan beekan yaadachuun qabiyee haaraa booda itti aansee dhufu hubachuuf bu'uura ta'a.

Barsiisaan afaanichaas, qabiyeyewwan boqonnaalee duraan barsiifaman keessaa isa barsiifamaa jiruun wal-qabsiisuuf yaadachiisuun akka barattooni muuxannoo isaaniitiin wal-qabsiisuun tajaajila afaanichaan dinqisiifatan jajjabeessuu qabu. Kunis, seensa boqonnaalee keessatti kan raawwatamaniidha. Haalli dhiyeessa akkanaa kun akka barattooni jechootaafi caasaa afaanichaa duraan itti fayyadaman yaadachiisuun dhimma amma irra jiraniin itti fufiinsaafi wal-simsiisaa gilgaalotaafi barnoota afaanichaa keessatti mirkanoeffachaa akka deeman taasisa. Karoora qabiyee barnootaafi haala qindoomina gochaawanirratti fakkaattiin qophaa'e karoora guyaa qopheeffachuufi dalagaalee barnootaa qindeeffachuun, kaayyoon baruu-barsiisuu yeroo hundaa galmaan ga'uuf karaa saaqa.

Barsiisaan Afaan Oromoos, tokkoon tokkoon daree barnootaa keessatti qabxiileen ka'an mala baruu- barsiisuu adda addaa ykn cunqaa'aa (eclectic) ta'een barsiifamuu barbaachisuu isaanii hubachuun yeroo yerootti haalichattii of madaqsuu qaba. Kana malees, fedhii barataa tokkoon tokkoon addaan baafachuun kanneen fedhii adda qabaniif deeggarsa addaa gumaachuutu irraa eegama. Qabxii kana booda bal'inaafi xiyyeefanno addaa itti laachuun barattoota fedhii addaa qabaniif yaada jedhuun nikaafna.

Kaayyoon guddaan barnoota afaanichaa kan sadarkaa gara garaatti dhiyaatee, ogummaawan dhaggeeffachuufi dubbachuu barattooni maatiirraa barachuu jalqabanii gara mana barumsaa dhufanitti dabalee ogummaa dubbisuufi barreessuu akka horatan taasisuudha. Kana jechuun ammoo, si'uma tokkicha martuu akka ogummaa goorotti barsiifamu jechuu miti. Tokko ykn lama yoo gooroo ta'e kaan ammoo isuma dahoo taasifachuun shaakalamu. Qabxiileen kanaan gaditti dhiyaatan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti itti fayyadamuun akka barattooni afaanicha guddifachaa deemaniif haalli mijaa'ee jira.

- |                           |                                   |
|---------------------------|-----------------------------------|
| 1. Qo'annaa fakkii        | 3. Ijaarsa barreeffamaa to'atamaa |
| 2. Shaakala dhaggeeffanna | 4. Shaakala qubeessuu             |

Qabixiileen olitti ka'an, yoo gilgaalotaafi deeggarsa baruu barsiisuu garagaraatiin wal-simsiisuun dhimma itti ba'ame akka barattooni ogummaawwan afaanii hunda gabbifachuun daree keessaafi dareen alatti itti fayyadaman gochurra darbee ogummaawwan biroo kanneen akka ogummaa gadi fageenyaan yaaduu, ogummaa qaaccessuu, ogummaa dhuunfaafi garee hojechuu danda'uufi, geggeessuu akka gonfatan taasisa. Kaayyoo afaan dhalootaatiin barachuu hojiirra oolaa jiru inni guddaanis kana bu'uureffata.

Itoophiyaa keessatti afaan dhalootaatiin barachuun kan xiyyeffatu barattooni ogummaawwan afaanii afran kana gabbifachuun afaan isaanii kan saayinsiifi teekinoolojii taasisuu akka danda'aniif karaa saaqa. Kitaabni kunis kaayyoo kana galmaan ga'uurratti yoo xiyyeffatu xumura barnoota dhiyaatan irratti barattooni.

- Ogummaawwan afaaniitti fayyadamuun ofiifi naannoo isaanii ibsu.
- Yaada mata duree tokko deeggaruun ykn mormuun falmii dhiyeessu.
- Odeeffanno fudhachuufi kennuuf sirriitti dubbisu .
- Barreeffama qulqullinaafi qindoomina qabuun yaada isaanii dabarfatu.

## **Ogummaawwan Afaanii Afran**

### **Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

Barnoota Afaan Oromoo keessatti ogummaan dubbachuufi dhaggeeffachuu akkuma ogummaa dubbisuufi barreessuu xiyyeffanno argachuu qabu. Bu'uruma kanaan kitaaba kana keessatti shaakala adda addaa jalatti dhiyataniif jiru. Kaayyoon isaa barattooni ogummaawwan kana maatiirraa baranii kan dhufan yoo ta'el ee tooftaafi haxa (methods & techniques) garagaraati fayyadamuun karaa saayinsawaa ta'een odeeffanno argachuufi kennuuf akka itti fayyadamaniiif haala mijeessa. Jirenya qabatamaa(in real life situation) keessattis ogummaawan kunneen irra deddeebi'amuun waan tajaajilaaniif xiyyeffannoonaan akka laatamuuf ta'ee jira.

Barattooni yeruma mara waan haaraafi gammachiisa, kan jirenya qabatamaa keessatti bu'aa isaaniiif qabu dhaga'uu barbaadu. Kanaafuu, barsiisaan fedhii barattoota isaa kana guutuuf hanga danda'ametti yeroo hunda waan gammachiisaafi bu'a qabeessa ta'e qabatee dhiyaachuu qaba. Wanti hubatamuuf xiyyeffatamuu qabu inni guddaan

daangaan xiyyeffannoo daa'immaniifi dargaggeeyyi afaanicha baratanii, murtawaa ta'uu isaati. Haala kanaan, hanga danda'ametti, barsiisaan yeruma hunda shaakalaafi gilgaalota fedhiifi qalbi barattootaa hawwatanifi akkasumas, haala qabatamaa keessaa bu'aa qaban dhiyeessuun akka isaan dhaggeefataafi dubbataa gaarii ta'an qopheessuudha. Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti gilgalonni garagaraa ogummaa waan kana shaakalsiisuuf dhiyaatanillee, barsiisaan kana qofarratti of dagatuu hin qabu. Haala barbaachisummaa isaaniiraatti hundaa'ee shaakala garagaraa kanneen akka waliin dubbii, tapha jechootaa (word game), qubeessuufi wkf dhiyeessuun ogummaawwan akka gabbifatan taasisuu qaba. Gilgalonni akka yaadachuu, gahee taphachuu, durdurii himuus barsiisaadhaaf eeramanii jiru. Kanneen kanaan gadiittif xiyyeffannoon kennamuu qabu.

1. Sagaleessuu
2. Jabinaafi laafina
3. OI ka'iinsaafi gadi bu'iinsa sagalee
4. Ilaalcha garagara akka dubbii keessatti dhiyaatanitti

**Hub:** Barsiisaan akka barattoonni ogummaawwan afaanii gabbifatan taasisuuf carraaqqii godhu keessatti dhiibbaan loogaafi afaanota naannootti dubbatamanii jiraachuu isaanii hubachuu qaba. Haala kanaan, barattoota gara sagaleessa isa waalta'eetti dhufuu dadhaban obsaan akka isaan sirreffatan taasisa. Barattoota dhaggeeffachuufi dubbachuuratti rakkoo qaban malaan qabuun akka isaan dhawaataan ogummicha gonfatan jajjabeessuu qaba.

Barsiisaan Afaan Oromoo kanneen armaan gadii keessatti akka barattoonni dammaqinaan qooda fudhatan jajjabeessuu qaba.

1. Afaanichaan namoota fuul dura ba'anii bilisaan dubbachuu
2. Marii garee
3. Sagantaa gaaffifi deebii keessatti
4. Falmii keessatti
5. Seenaa himuufi gosa seenessaa garagaraa keessatti .

## **Dubbisuufi Barreessuu**

Ogummaawwan dubbisuufi barreessuu walitti hidhatanii gabbifatamuu waan ta'eef, waliin dhiyaatanii jiru. Barattoonni ogummaawwan kana lamaan sagantaa idilee keessatti mana barumsaatti shaakaluu eegaluu. Kanaafuu, waa'ee ogummaawaan kanaa muuxannoonaan isaan qaban hanga warra lamaan kanaan dura ilaalle hinga'u. Namni afaanichaan dubbisaa gaarii ta'e tokkoo barreessaa gaarii ta'uu danda'a. Wal-

simannaan ogummaawwan kanneenii cimaa ta'uufi Afaan Oromoo barachuurratti qofa osoo hintaanee, Afaan Oromootiin barachuurrattii ille gumaacha guddaa qaba. Xiyyeefannoofi itti fayyadama jechootaa, irraa-jalummaafi duraaduubummaa caaseffamee afaanichaa, ogummaa barreeffamaatiin wal-qunnamuufi haala barreeffamaa garagaraatiif kennamuu qaba. Itti dabalees, ijaarsa himotaa, itti fayyadama sirna tuqaaleefi haalan itti fayyadama afaanichaa isa hawaasa keessaarratti ga'umsa horachiisa.

Barattooni ittiin of gammachiisuufis ta'ee shaakala dareetti taasifamu keessatti carraa barreessuufi dubbisuu wal-qabate argachuu qabu. Haalli barattooni daree keessatti sagalee ol fuudhaniifi callisaan dubbisan jiraachuun barbaachisaadha. Barattooni tokko tokko qubaan akeekaa dubbisuun ariitii isaanii waan xiqqeessuuf barsiisaan haala akkasiirraa akka of qusatan taasisuun barbaachisaadha. Jabeessuu, sagalee isaanii ol fuudhuufi gadi buusuun akka dubbisan barsiisaatu haala mijeessa. Akkasumas, akka barattooni baruu kalaqaa garagaraa kanneen akka walaloo, seenessaa, walaloo sirbaa, faaruu, xalayaafi asoosama gabaabaa barreessan jalqabarrraa kaasee jajjabeessuun ga'ee barsiisaati. Kun ammoo akka barattooni ijoollummaa isaaniitti ga'umsa jechootaafi caasaa afaanichaa barachuurratti fedhii dubbisuufi barreessuu horachuu kakaasa. Barattoota bitaadhaan barreessaniifis xiyyeefannoon adda kennamuu qaba. Haalli teessuma daree keessaa barattoota akkasii kan akka isaan harka hiiqfatani barreessan taasisu ta'u qaba. Kun ammoo, teessoo nama lama sadii qabatu yoo ta'e gara moggaa osoo taa'aniis wayya.

## **Mala Waliigalaa (Dimshaashaa)**

Malli waliigalaa asitti dhimma itti ba'ame (fayyadame) kan barattoota giddu-galeessa taasifateefi hirmaachisaadha. Barsiisaan akka barattooni hirmaatan kan haala mijeessu malee kan ofii waa mara dhiyeessu miti. Kun ammoo, akka barattooni ogummaawwan barbaachisoo ta'an wal-simsiisanii akka gabbifatan kan taasisuudha. Kanaafuu, adeemsa baruu-barsiisuu keessatti malleen dhimma baasan (fayyadan) adda addaa filachuufi itti fayyadamuu keessatti barattooni hirmaachuu qabu. Qabxiileen kanaan gadii Afaan Oromoo barachuufi Afaan Oromootiin barachuuf malleen eeramaniidha.

- |  |  |
|--|--|
| i. Mala argannoo Qajeelfamaa (guided discovery method) | iii. Mala agarsiisaa                       |
| ii. Mala marii/hirmaachisaa)                           | v. Mala sammuu kakaasuu<br>/ sissi'eessuu/ |
| iv. Mala gaaffiifi deebii                              | vii. Mala do'ii                            |
| vi. Mala jechaafi gochaa                               |  |

## **Mala Argannoo Qajeelfamaa**

Malli argannoo kun mala baruu barsiisuu keessaa isa tokkoo ta'ee kan barsiisaan tattaaffii barattoonni ogummaawwan afaanii guddifachuuf taasisan keessatti akka qajeechaatti tajaajiludha. Malli kun barattoonni wanta naannoo isaaniitti argamaniirraa ka'anii daawwannaafi yaalii geggeessuun odeeffannoo barnoota isaaniirraa argatan haala qabatamaadhaan wal-simsiisuun akka waan haaraa tokko argatan carraa laataaf. Barsiisaanis akka barattoonni isaa waan isaanii hin gallee gaafatan godha. Yoo isaan dogoggora uumanis akka ofii sirreffatan walii sirreessaniifi ofii isaafii sirreessuu barnootaaf haala mijesssa. Asittis xiyyeeffannoo argachuu kan qabu, barattoonni dhaggeeffachuu ykn daawwachuu qofa osoo hin taane, hojjechaa barachuufi barachaa hojjechuu akka danda'an taasisuudha. Kana jechuun ammoo dubbisuudhaan dubbisuu barsiisuu, barreessuudhaan barreessuu barsiisuu, fedhuudha.

## **Mala Marii**

Malli kun marii barattootaafi barsiisaa akkasumas, barattootaafi barattoota gidduutti yaada wal-jijiiruun akka geggeeffamu taasisa. Barsiisaan mata duree dhiyeessuun akka barattoonni irratti mariiyatanii yaada itti laatan, falman, deebii laatan, mormaniifi deeggaran taasisa. Marii isaanii kanas niqindeessa. Kun ammoo, barattoonni ogummaawwan gurguddoo afaanii cinatti ogummaa gadfageenyaan yaaduu, ogummaa secessuu, ogummaa gareefi namootaan waliin hojjechuufi ogummaa dhiyeessan akka gabbifatan gargaara.

## **Mala Agarsiisaa**

Barattoonni umrii daa'imummaa isaaniitti, irra caalaa akkeessuudhaan baratu. Barsiisaan haala afaanichi hawaasa keessatti, ittiin tajaajilu barattootaattii agarsiisuu qaba. Barsiisota isaanii fakkaatu waan ta'eef, haallii dhiyeessaafi dhiyeenya barsiisaa, kan ogummaa jireenyaa jara gonfachiisan ta'u qaba. Walirraas waan hedduu baru danda'uwaan ta'eef, haallii itti fayyadama ogummaa afaanichaa jarri qaban keessaa inni bu'a qabeessa ta'ee jajjabeeffamuu qaba.

## **Mala Gaaffiifi Deebii**

Mala kana keessatti barsiisaan gaaffiwwan garagaraa fayyadamuu shaakala dhiyaateef akka barattoonni isaa ogummaawwan barbaachisaan gabbifatan taasisa. Gaaffiwwan barattoonni kaasaniis ni deebisa. Barsiisaan akka barattoonni isaa karaa garagaraatin yaaduun qabiyyees ta'ee uunka barnoota argaaniirratti gaaffii kaasan jajjabeessuun haala mijesssa. Ofii isaatii gaaffiwwan akka barattoonni yaada kaasan taasisuu ykn gaaffiwwan deebii tokkoofi tokkoo ol qabachuu danda'an haala barbaachisaa keessatti dhimma itti baha.

## **Mala Sissi'eessuu/Fedhii itti Uumuu/**

Barsiisaan mala kanatti gargaaramee akka barattoonni muuxannoo isaanii gara dhimma barbaadutti akka fidataniif gaaffiwwan dimshaasha ta'an kaasa. Gaafficha keessattis mormuun ykn deeggaruun akka barattoonni hirmaatan taasisa. Mata dureen barattoonni yaada irratti kaasanii kan kallattii adda addaattin ilaalamuufi kan sadarkaa barattootaatiin wal gitu ta'uun qaba.

## **Mala Do'ii/Daawwii/**

Haala dhiyeessa kana keessatti barattoonni akka abbaa dhimmaatti qooda fudhatu. Ijaara gocha ykn seenaa barsiisaan dhiyeesse tokko faana bu'uun akka suuraan dhimmichaa sammuu isaanii keessatti ka'utti waliin dubbii, ofiin dubbii, gahee taphachuu fa'iin daree keessatti dhiyeessu.

## **Mala Jechaafi Gochaan Dhiyeessuu**

Asitti barattoonni sochiilee qaamaa isaanii dhimmichaan walitti qindeessuun dhiyeessuuf qindaa'u. Gilgaalonni haala kanarratti qophaa'an walaloo hibboofi jechoota dubbachuurratti arraba namaa takaalan dhiyeessuun barsiisaas ta'ee barataan dhimma itti bahu. Barsiisaan akka barattoonni gareen cimdiin akkasumas dhuunfaan dhiyeessan affeeroon filannooni akkasii akka barattoonni

- i. Jechoota siritti akka dubbisaniifi barreessan gargaara.
- ii. Saffisaan dubbisuu isaanii akka fooyyeeffatan taasisa.
- iii. Barruulee garagaraa hubachuurratti dandeettiin barttootaa akka dabalu gargaara.
- iv. Hiika jechaa ykn gaaleewwaanii galumsarraa akka tilmaaman
- v. Hima sirriitti akka dubbisuu
- vi. Jabinaafi laafina, dheerinafi gabaabina, olka'iinsaafi gad bu'iinsa sagalee akka dinqisiifatan haala mijeessa.

## **Hojii Garee (Marii)**

Hojjin garee mala baratoonni gareedhan ta'uun dhimma kennameef tokkoratti yaada mataa isaanii mormuun ykn deeggarun itti ibsaniidha.

Dhimmoonni yaada keessa galuu qaban

- i. Umrii barattootaa
- ii. Dandeettiifi ogummaa
- iii. Dhimmoota korniyaan hidhata qaban
- iv. Muuxannoofi yaada barattootaa dinqisiifachuu

- v. Qajeelfamoota ifa ta'an kenuu
- vi. Fedhii qabaachuu barattootaa
- vii. Jijiirama jiruufi jirenya hawaasa keessaa.

## **Qindoomba garee**

Daree barattoota 40 qabu keessatti barattoota 10 garee tokko taasisuun nidanda'ama. Ta'uu baannaan, garuu garee nama 4 ykn 6 qabu ijaaruu wayyaa. Kunis, barattooni teessoo tokkora 2 ykn 3 ta'anii kanneen isaan duuba taa'aniitti gara galuun akka mariyatan taasisuudha. Marii isaanii kan hoogganu barataa cimaaf laachuun dhimmi tokkoon tokkoon barattootaatiin akka galmaan ga'an barbaadame fiixa ba'uu danda'a.

## **Bu'aa hojii garee**

- Barattooni sodaatan ykn leeyya'an(saalfataniifi), suuta waa hubatan akka si'aa'inaan hirmaatan jajjabeessa.
- Ofitti amantaa dabala
- Gilgaalota bal'aa yeroo murtaawaa keessatti shaakalsiisa
- Bilisaan of ibsuu barattootaa saffissisa
- Aadaa wal-gargaarsaa barattootaa gabbisa.
- Odeeffannoo akka walii hiran taasisa
- Miseensonni garee hunduu hubatamuu waan barbaadaniif wal-dorgomsisuuf haala mijeessa.
- Barattota giddu galeessa taasifata
- Barsiisanis akka barattoota isaarraa baratu taasisa
- Hirmaanna tokkoo tokkoo barattootaa cimsa
- Odeeffannoo dabalataa kennuufi keessa deebiidhaaf mijataadha.

## **Rakkoo hojii garee keessatti uumamu akkamiin furuun danda'ama?**

- Dursanii garicha qindeessuu.
- Barattoota dandeettii fi fedhii isaaniitiin gareetti gooduu
- Nama garicha to'atu isaanuma keessaa akka filatan gochuu
- Barsiisan dalagaa gareewwanii haalaan hordofuu
- Dhiyeessi baay'ee ta'uu
- Dogoggora uumamu sirreessuun akka marii isaanii mata duricharra taasifatan taasisuu
- Qajeelfama ifa ta'e kennuufi ammaa ammaa barattoota to'achuurraa of quachuu.
- Dalagaan fedhii barattootaa kakaasuufi barbaachisaa ta'e kennamuufi qaba.

## Qo'annaa Fakkii

Fakkii qo'achuun akka barattooni haalicha ilaalanii hubatan godha. Barattoonis akka fakkicha ilaalanii ibsan jajjabeeffamu. Gilgaalotaafi meeshaalee deeggarsa barnotaa afaanii kan haala qabatamaa keessaa dhimma baasu waan ta'eef, gilgaalonniifi meeshaaleen deeggarsa barnoota Afaan Oromoo baay'ee barbaachisaadha. Barattooni barumsa haala kanaan baratan muuxannoo isaanii gabbifachuun jijiirama agarsiisuu qabu. Meeshaan deeggarsaa kunis kan addunyaa dhugaa keessatti bakka bu'aa qabuufi kan yaadaan jiru ta'u mala. Hanga danda'ametti garuu dalagaalee daree keessaa isa jirenya qabatamaatiin wal-qabsiisuun barbaachisaadha.

Caasluga afaaniifi seera isaa walxaxaa ta'e barsiisuu keessatti illee haala hawaasa keessatti hojiirra oolurraa addaan baanaan bu'a qabeessa hin ta'u. Tajaajilli deeggarsa barnootaafi gilgaalotaas dhimma kana galmaan ga'uuf tajaajilu. Muraasni isaanii warra kanaan gadii yoo ta'an kitaaba barataa keessattis dhiyaachuun qajeelchi barsiisaa ammoo hojjii kalaqaa kanneen birootiin wal-qabsiisuun hojiirra oolchuu yaala.

Deeggarsa baruu barsiisuuuf kanaan dhiyaatan kun salphaafi yeruma hunda daree barnoota afaanii keessatti itti fayyadamuu kan danda'amu ta'uullee qarshii xiqqoo baasuufi kaan ammoo barattooniifi barsiisonni ofumaa qopheessuu kan gaafataniidha.

## Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

### Wantoota Qaamaan Jiran

Meeshaaleen deeggarsaa kunneen kan barattooni jirenya dhugaa keessatti argatan, kan akka kubbaa, dhagaa, ulee, nama, gaazexaafi wkf ta'u malas.

### Gilgaalota Baruu-Barsiisuu

### Shaakala Dhaggeeffachuu

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha. Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallatoodhaan kan dhiyataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha.

### Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

### Dhaggeeffachuu Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu

## **Yeroo Dhaggeeffachuu**

- Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoonaanisaas, xiyyeefannaa isaanii cimsuufi.
- Baruu qophaa'e si'a lama ykn si'a sadii dubbisiif.
- Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif.

## **Dhaggeeffachuun Booda**

- Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.
- Hordoffii walitti fufinsa qabu taasisi.
- Baruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa gabbisan shaakalsiisi.

Dalagaaleen kanaan gadii ammoo, barattoonni afaaniichaa ogummaa dhaggeeffachuu isaanii akka gabbifataniif tumsa godhi.

- Waliin dubbii
- Falmii
- Teeppii ykn televijiinitti gargaaramuu
- Doo'ii (daawwii)
- Kennaa ykn ibsa ajajaa
- Ibsa kennuu

Shaakala ibsa kennuu keessatti barsiisaan barattoonni dhaggeeffatanii akka barreessan taasisa. Kaayyoo isaa ogummaa dhaggeeffachuufi barreessuu barattootaa madaaluuf barattoonni wanta ibsamu dhaggeeffatanii ariitiidhaan yaadannoo barbaachisaa ta'e akka qabatan taasisa.

## **Gulantaalee Barsiisuu**

### **Gulantaa**

1. Osso barattoonni dhaggeeffachaa jiranii ati ammoo, si'a lama dubbisiif.
2. Barattoonni shaakala barreessuu hima himaan akka barreessan qajeelchi.
3. Baruu san gabatee gurraacharratti barreessuun akka barattoonni isa barreessanii wal-bira qabanii sirreffatan taasisi.
4. Barattoonni dubbisicha hubachuu isaanii mirkaneeffachuuf afaaniin gaafadhu.

## Qo'annaa Fakkii

Kitaaba barataa keessatti jalqaba (mata dureewwan) boqonnaalee hundaarratti fakkiifi gaaffiwwan karaa agarsiisaniin itti seenamee jira. Barsiisaanis akka barattooni fakkiwwan dhiyaatanirraa wantoota, bineeldotaafi namoota haala garagaraa keessaa addaan baafatan gaafachuutu irraa eegama. Kaayyoon isaas akka barattooni waan beekanirraa ka'anii isa hinbeekne barachuu danda'aniifi haala mijeessuudha. Kana malees, barattooni yoo fakkii ilaalanii ibsan dhugaa hawaasa keessatti kan duraan beekan jechootaafi caasaa afaanichaatti gargaaramanii ibsuun aadaafi duudhaa hawaasichaa ka'umsa taasifatu. Kanafuu, wanta arganii beekan tokko irratti yaada kennuun dhugaa hawaasa keessaa gara dareetti fiduurra darbe fedhiin isaanii akka daran dabalus godha.

## Gulantaalee

- Matadureen wal-barsiisuu
- Barattooni gaaffii ati kaaftu mararratti mariyatu.
- Fakkii qo'atu.
- Barattooni wantoota /bineeldota/namoota/haallan fakkicharraa argan ibsu.
- Gaaffiwwan karaa agarsiisuuf kitaaba barataa keessatti dhiyaates nideebisu.

## Tapha Jechaa(word game)

Barnoonni jalqabaa muraasni jechoota haarawaa kanneen loogawwan keessa ba'aniin baratoota wal-barsiisan jechoonniifi caasaan haaraan ammoo hanga danda'ametti meeshaalee deeggarsa barnootaa fayyadamuun barsiifamuu qabu. Meeshaaleen deggersaa kunis, waan hunda dura akka qalbiin barattootaa gara dhimmichaatti luucca'u taasisuun salphaatti hubachiisa. Kun ammoo akka isaan waa'ee meeshaa deeggersaa sana waan addaan baafachiisurra taree, gara kamitti akka inni yaada isaanii harkise irratti akka yaada wal-jijiiran taasisa. Fakkeenyaaaf, kanaan dura barattooni waa'ee halluu barachuu malee gosni halluu dhiyaateefi isa irratti hundaa'uun waa'ee isaa barachaa, hallun inni kaan ammoo akka jara garaa nyaate yaada isaanii dhiyeessuuf haalli mijataa hinturre. Meeshaaleen kun ammoo, haala kanarratti hubannoo cimsu. Kanaafuu, meeshaalee deggersa barnootaa garaagaraatiin deggeruun dhimma tokko dhiyeessuun wantootaafi waa'ee isaanii irratti hubannoo cimsa

Itoophiyaan biyya barattooni afheddee ( multilingual)fi aadheddee (multicultural) ta'an keessatti barataniidha. Kanaafuu, barattoota muuxannoo garagaraa qabantu gara mana barumsaa dhufu. Fakkenyaaf, baadiyaafi magaalaan haallan addaa barnoonni keessatti kennamu. Barattoonis naannoowwan garagara. Bakka wantoota

addunyaa qabatamaa keessa akkuma jiranitti daree barnootaatti fiduun ittiin barachuun rakkisaa ta'utti, fakkiwwanii gabatee gurraachaafi kitaaba barataarrraa jechootaafi yaad rimeewaan ciccimoo ta'an salphaatti hubachiisuun nidanda'ama. Jechoonni haala kanaan barsiifaman ammoo caasaa afaanichaa kan sadarkaa garagaraa keessatti itti fayyadamuuf haala mijeessa.

### **Adeemsa**

- Meeshaalee deeggarsa barnootaa dursanii barattootatti agarsiisi.
- Jechoota haaraafi akkaataa isaan itti sagaleessan barattootaan wal-barsiisi.
- Haala jechoonni sun keessatti tajaajilan ibsi.
- Akka barattooni sifaana bu'anii sagaleessan taasisi.
- Himoota garagaraa keessatti jechichatti gargaarami.
- Barattooni hima ofii isaanii keessatti akka jechoota sana gargaaraman taasisi.
- Hima barattooni ijaaran harkaa fuudhiitii gabatee gurraacharratti barreessi.
- Dhumarratti, akka barattooni gilgaala kitaaba barataa keessaa ofii isaaniitii filataniii barreessan jajjabeessi.

Hub. Dhumairratti gilgaala barreessuu shaakalsiisuun dirqama miti. Afaaniin daree keessatti mariyachuun gahaadha.

### **Shaakala Qubeessuu**

Shaakala qubeessuu keessatti barsiisaan jechoota garagaraa dubbisuun barattooni akka barreessan taasisa. Kunis, jalqaba barnootarratti kan shaakalamuudha.

### **Tapha Jechootaa (word game)**

Taphni jechootaa akka barattooni ogummaa xiinxaluufi gadi fageessanii yaaduu gabbifatan taasisa'. Tooftaan kun, akka barattooni bashannanaa salphaatti hiika jechoota baratan taasisa

### **Adeemsa Tapha Jechootaa**

Taphni jechootaa adeemsa garagaraa keessa darba.

- Qabxiilee taphaaf qophaa'an barattooni barruulee isaaniirratti ni- barreeffatu
- Eertota gaaffiwwan sana keessaa niqo'atu.
- Eertota sanarraa ka'anii deebii laachuun taphicha guutuu taasisu.
- Bakka barattooni gargaarsa fedhanitti cinaa dhaabachuu qaba.

- Barattooni akka yeroo biraas tapha jechoota garagaraatti fayyadaman qajeelchuun gaariidha.

## **Waliin Dubbii**

Waliin dubbiin kan qophaa'u akka barattooni ogummaa of ibsuu gabbifatan, ofitti amanamummaa horatan, jechootaafi caasaalee afaanichaa shaakalan gargaara. Xiyyeeffannoos isaa garuu ogummaa dubbachuufi dhaggeefachuu gabbisurratti ta'a. Akkuma ija jabiniafi ofitti amanamummaa horachaa deemanii ogummaa do'ii qopheessuufi isa qophaa'e keessatti qooda fudhachuun bashannansisuuh horachaa deemu.

Faayidaa waliin dubbii ogummaa dubbachuu barsiisuu keessatti

- Barattoota waan giddugaleessa taasifatuuf barattooni hojii isaaniirraa baratu.
- Ogummaa dhaggeefachuu barattotaa gabbisa.
- Barattooni waan dhugaafi hiika qabeessa ta'e akka dalagan taasisa.
- Afaanicharratti akka barattooni ga'umsa dubbii horatan gargaara.
- Ogummaa dubbisuufi barreessuu horachuuf jara qopheessa.
- Ofitti amanamummaa gonfachiisa.
- Barumsicharratti akka barattooni fedhii horatan taasisa.
- Hiika gaaleewwaniifi cirowwan guutummatti akka argatan godha.
- Hiikni jechoota haaraafi wkf akka barataman karaa saaqa.

## **Waliin Dubbiin Barsiisuu**

Barsiisaan Afaan Oromoo, hunda dursee waa'ee waliin dubbiirratti ibsa ifa ta'e kennuu qaba. Kun ammoo, seenduuba isaa, qooddattoota achi keessatti qooda fudhataniifi wkf ilaalcisee ta'uu danda'a. Barsiisaan dursee waa'ee waliin dubbii sana waan hubachiisuuf, barattooni waa'ee kanaa beekan, kun ammoo, hojicha keessatti qixaan akka hirmaatan karaa saaqa.

## **Adeemsa Waliin Dubbii**

### **Gulantaa 1**

- Waliin dubbicha haala filatamaa ta'een dhiyeessu.
- Fakteenyaaaf fakkii haala bittaafi gurgurtaarratti qophaa'e barattootatti agarsiisuu.
- Qabxiilee ijoo fakkicharratti barattooni waliin mariyachuu.
- Akka barattooni waliin dubbii beekamaa tokko shaakalan taasisuu.

## **Gulantaa 2**

- Waliin dubbicha akka barattooni dhaga'anitti dubbisuu.
- Yeroo dubbisaa sagalee haalarratti hundaa'uun jijijiiruu.
- Gochaawan qooddatootaa barattootatti himuu.
- Waliin dubbicha si'a lama irra deebi'uun dubbisuu.

## **Gulaantaa 3**

Caaccalee afaanii waliin dubbicha keessaa qixaan barsiisuu.

## **Gulaantaa 4**

- Barsiisaa faana bu'uun akka barattooni waliin dubbicha sarara sararaan irra deebi'an taasisuu. Kanaafuu,
- Barattoota kee bakka lamatti quoduun qooddatoota taasisi.
- Osoo addaan hinkutin akka gareewwan kan dhuunfaa isaanii dubbisan sochii qaamaatiin ajaji.

## **Gulantaa 5**

- Waliin dubbicha cimdiin shaakaluu.
- Waliin dubbicha akka barattooni lama lamaan ija keessa wal-ilaalaa shaakalan qindeessuu.
- Akka isaan sagalee ol fuudhanii dubbatan hayyamuu.

## **Gulantaa 6**

- Barattooni waliin dubbatu.
- Uffatanii akka qophaa'an taasisuu(yoo danda'ame)
- Warrii qophaa'an akka jalqaban taasisuu.

## **Sirbuu**

Barattooni akka mukuu, dadhabpii, nuffiifi wkf irraa baraaramaniif, jaruma keessaa kan sirba danda'u tokko ka'ee akka walaloo sirba dhageessisu taasisuun ga'ee barsiisaati. Barattooni akka walaloo sirbaa barreessaniifi dubbisan taasisuunis ogummaa isaanii kana cimsa.

## Walaloo

Walaloon mucaan cimaan tokko barreessuu dha'atas, dhikkisas qaba. Walalooniis amala muuziqaa waan qabuuf baay'ee barbaachisaadha. Walaloon kun daree barnootaa keessatti yeroo barbaachisaa ta'etti dubbifamuufi jechoonni haaraan achi keessaa ba'anis baratamuu qabu. Kana cinattis haalli walaloon waraqaaarratti itti dhiyaate kan hololooraa adda waan ta'eef, uunki isaa nibaratama.

Barattoonni akka walaloo barreessan jajjaboeffamuu qabu. Sagantaa barattoonni walaloo barreessuun itti walii dubbisan barsisaan qopheessuu qaba. Kun ammoo dubbisuufi barreessuu irratti akka isaan fedhiifi jaalala horatan taasisa. Walaloo qophaa'e tokko akka barattoonni dubbisan taasisuun dura, barsisaan ofii isaatii dubbisuu qaba. Barattoota sadarkaa hundaaf walaloon sagalee muuziqaa fakkaatuun dhiyaate daran bashannansiisaa ta'a.

## Adeemsa Walaloon Ittiin Dhiyaatu

### Gulantaa 1

- Akka barattoonni walaloo beekamaa tokko dubbisan taasisi.
- Walaloo sana haalaan sagaleessuuifi gochaanis agarsiisuu akka danda'an gochuu. Barattoonni walalicha keessa isaaniitti beekuun jijiirraa jechaa irraa of quachuu qabu.

### Gulantaa 2

- Si'a tokko gaalee walaloo tokko barsiisi
- Ofii keetii dubbisuun ykn jechuun akka barattoonni sijalaa qaban taasisi.
- Barattoonni hundi akka irra deebi'anii jedhan kakaasi.

### Gulantaa 3

- Gareewan keessaa gareen tokko si'a tokko akka walalicha irra deebi'an qajeelchi.
- Barattoota 2 ykn 3 kaasuudhaan akka walalicha irra deebi'anii dubbisan taasisi.

## Xiyyeeffannoo

Jechootaafi caasaa afaanichaatiin alatti ogummaafi duudhaan hawaasichaa kan barataman ni jiru. Fakkeenyaaaf, barattoonni ofitti amanamummaa, obsa, waldanda'uufi rakkoo ykn mudama jireenyaa jala dhaabachuu danda'u. Jaalala itti gaafatamummaa fudhachuu, kalaqaafi uumama dinqisiifachuu, wal-qunnamtii ga'aa gaggeessuuifi wfk gonfachiisuu kan danda'an barachuu qabu. Ogummaawwaan kana akka barattoonni gonfataniif kitaaba barataa keessatti gilgaalonnifi fakkiwwan gosa garagaraa, qajeelcha

kana keessattis haalli hojiirra oolmaa isaanii dhiyaatee jira. Kaayyoon kanaas, sonaafi duudhaa hawaasa keessatti ijoolummaa isaaniitiin akka guddatan taasisuudha.

### **Gulantaalee**

- Barsiisaan qabxiilee qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan dubbisuun haala hawaasa keessaatiin wal simsiisee barsiisa.
- Marii haala qabatamaa naannoorratti taasifamurratti barattoota hirmaachisa.
- Barattoonis hirmannaar barbachisaa ta'e taasisu.

### **Seenaa Himuu**

- Seenaa himuun wantoota afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaa har'a ga'an himuun ykn kan barreeffame dubbisuun akka barattooni irratti hoijetan taasisuudha.
- Dalagaaleen dhimma kana jalatti ka'an akka barattooni dabareedhaan seenaa himan, kaan ammoo, akka dhaggeeffatan taasisuufi ofiis keessatti hirmaachuun barsiisaarraa eegama.

### **Bu'aa Seenaa Himuun Qabu**

1. Akka barattooni barnoota isaaniitti gammadaniifi fedhii horatan taasisa.
2. Ogummaa afaaniin ibsuu, marii keessatti hirmaachu, sirbuu, do'ii dhiyeessuu gonfachiisa.
3. Ogummaa dubbachuufi dhaggeeffachuu barattotaa gabbisuun barnoota daree irratti akka xiyyeefatan taasisa.
4. Kalaqaafi hirmaannaan barattootaa akka dabalu taasisa.
5. Ga'umsa barattooni gama yaaduutiin qaban akka dabalus taasisa.
6. Akka barattooni aadaa isaanii dinqisiifatan jajjabeessa.

### **Haxawwan Seenaan Ittiin Himamu**

- Do'ii
- Dhiyeessa sirnaawaa
- Gaaffii afaanii dhiyeessuuun barattoota seenaa himuu keessatti hirmaachisuu
- Haala irratti hundaa'uun barattoota gareetti quodu
- Sirba seenaa dhiyaatuun qunnamtii qabu fayyadamu.

## Dalagaalee Dhuma Seenichaarratti Dhiyaatan

- Do'ii qooddatootaa
- Irra deebi'anii seenicha himuu
- Bilisaan gaaffii afaanii deebisuu
- Marii
- Seenicha akkeessuu
- Fakkiitti jijiiruu
- Barreessuu

## Gahee Taphachuu

Dalagaa akkanaa keessatti barattooni seenaa, tapha, haalaafi wkf tokko fudhachuudhaan himuu eegaluu. Jechoota achi keessaa bahanitti haalaan madaqu. Adeemsi akkasii ammoo akka isaan ogummmaa waa kalaquun afaanichatti dhimma ba'uun caala mudannoo ibsuu, dubbatanii amansiisuu, yaadolee walitti araarsuufi wkf gabbifatan taasisa. Barsiisaanis haala mijeessee akka barattooni isaa keessatti gahee taphatan, fkn haala gabaa, mana yaalaa daawwachuuifi wkf mijessa.

## Falmii

Malli kun akka barattooni mata duree isaanitti toluufi sadarkaa sadarkaa isaaniitiin wal-gitu filatanii irratti wal-falman carraa laata. Kunis gama lama qabachuudhaan gamni tokko mormee, gamni biraa ammoo deeggaruun keessatti hirmaatu.

Falmiin akka barattooni dhimmoota adda addaa irratti yaada kaasuun ga'umsa afaanichaa fooyeffataa deeman godha. Kanaafuu, barsiisaan mata duree salphaa ta'erraa akka eegalan taassuu qaba. Barattooni darichaas garee lamatti qoodamuun akka dhimmicharratti falmii isaanii dhiyeessuu danda'an itti qophaa'u. Dhiyeessaafi falmii akkasii keessatti ogummaawan afaanii hunda gabbifatu. Kana malees, wal-danda'u, wal-kabajuufi walitti dhufeenyi gaariin akka argamu taasisa.

## Yeroo Wacuun Mariyatan

Asitti, barsiisaan akka barattooni dhimma daricha keessaa tokkoratti hiriyoota ykn akkuma wal bira jiranitti mariyatan taasisa. Dareen marii sanaas wacaa falmuufi deeggarutiin guuta. Gar malee akka hin taane barsiisaan ni to'ata.

## Yeroo Battallee

Yeroo kana ammoo barsiisaan gaaffiwwan gaggabaaboo qopheessuun deebii gabaabaa

akka kennan taasisa. Kun ammoo hibboo fa'iin qunnamtii mata dureewwan qaban hedduu of keessatti hammachuu kan danda'uudha. Yeroon battallee kanaaf kennamus gabaabduu ta'uu qaba.

## **Fakkiifi Faayidaa Isaa**

Fakkiin odeeffannoo fudhachuufis ta'ee dabarsuuf ga'ee guddaa qaba. Akka barattooni ogummaa fakkii kaasuus ta'ee dubbisuu horatan taasisuuf barsiisaan gilgaalota qopheessuun keessatti hirmaachisuu qaba.

Gilgaalonni qophaa'an kun ammoo, fakkii dhiyeessuun akka barattooni baroeffamatti jijiiran ykn baroeffama gara fakkiitti jijiiramu tokko dhiyeessuun akka isaan yaada baroeffamicha fakkiitti jijiiruu danda'an taasisuu qabu. Kun ammoo, ogummaa waan ilaalan tokko ibsuufi waan yaadaan jiru tokko gara waan mul'atuutti jijiiruu akka guddifatan gargaara.

## **Piroojeektiiwwan Dhuunfaafi Gareen Hojjetaman**

Akka barattooni gareefi dhuunfaadhaan piroojeektii garagaraa hojjetan taasisuun ogummaafi ga'umsa yoomessa kalheddee keessatti tajaajilus akka gabbifatan godha. Hojii barattooni gareen ykn waliin hojjetan kennuun, akka barattooni suuteyyiifi ija laafeyyiin ofitti amanamuummaa horatanaiif isa kophaa kophattii hojjetanii fooyya'anii akka argaman taasiisa. Kana malees, waliin hojjechuun walitti dhufeenya isaaniiratti, wantoota qaacceessuurratti, gadi fageessanii yaaduurratti, qindeessuurratti ga'umsa akka horatan taasisa. Kana galmaan ga'uufis akka barattooni falmii, mariifi wkf keessatti qooda fudhachuun yaadaan morman, deeggaran, akkasumas, yaada wal-jijiiran taasisuutu barsiisaarraa eegama.

Adeemsi itti dhiyaachuu qabu ammoo barattoota qabxii olaanaa qabaniifi qabxiin isaanii gadaanaa ta'e, dhiiraafi dubara akkasumas magaalaa fi baadiyyaa jiraatan waliin makuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e kanneen akka fakkii haasawaa taasifame, waan baroeffameefi wkf walitti qabchuun gareedhaan akka dhiyeessan taasifamuu qabu.

## **Teeknoolojii Qunnamtii Odeeffannootti (TQO) Gargaaramuun Barachuu**

Barnoota mala ammayyaa bu'uura taasifateen barachuufi barsiisuun odeeffannoo saayinsiifi teeknooloijiiraa argametti gargaaramuun barbaachisaadha. Odeeffannoo kana argachuuf ammoo, raadiyoonii, televijjiiniifi interneetiitti gargaaramuun dirqama ta'a. Barsiisonni afaanii odeeffannoo ykn yaada namoonni dirree qo'annoo garagaraa qaama mala baruu-barsiisuufi qabiyyee barnootaatiin qaban argachuufi itti fayyadamuuuf

meeshalee sub-qunnamtitti fayyadamuu qabu.

Barnoota afaanii saffisiisuuf, meeshaalee sab-qunnamtiitti kanneen akka televijiinii teephiidhaan waraabuun dhaggeeffachiiisuufi daawwachiisuun ogummaa dhaggeeffachuufi ilaalanii ibsuu akka danda'an taasisa. Kun barattooni odeeaffannoo meeshaalee wal-quunnamtii kanarraa argataniin waan barataniifi haala itti baratan fooyyeffachuun isa duraan kitaaba barnootaa qofaan gaggeeffamurraa adda ta'uun danda'u.

Fedhii addaa daree baranoota afaanii keessatti miidhamni qaamaa, hubama sammuu miti. Barattooni shaakala gilgaalota garagaraafi gargaarsa addaa barbaadan dagatamuun hinqaban. Barattootuma wajjiin ta'uun gargaarsa addaa yoo argatan haala gaarii dhaan barachuu kanneen danda'an xiyyeffannoo bakka barbaachisutti gaaffiilwan akka barattooni karaa garagaraa deebii itti laatan kakaasu gaafadhu.

## **Hanqina Xiyyeffannoo**

Barattooni tokko tokko waan tokkootti xiyyeffannoo kennuu dadhabu. Kanneen akkasiitiif ammoo,

- Gilgaalotaafi dalagaalee ifaafi salphaatti xiyyeffannoo isaanii hawwachuu danda'an qopheessuu .
- Gilgaalotaafi dalagaalee haala garagaraa keessatti barbaachisan waliin makuun dhiyeessuu.
- Haala isaanii hubachuun gosa gargaarsa kennamuun jijiiruu
- Gargaarsa barattoota akkasiitiif taasifamu keessatti hiriyota isaanii warra miidhama qaamaa hinqabne hirmaachisuu.

## **Hanqina Yeroo Dheeraaf Yaadachuu Dhabuu**

Barattoota yeroo gabaabaa qofaaf yaadachuu danda'aniif qabxiileen itti aanan barbaachisoodha.

- Gilgaalota irra deddeebii qaban hojjechiisuu; osoo qabiyyee barachuuf deeman sanatti hinseenin waa'ee isa duraan baratanii gaafadhu.
- Barreeffama ifaa, salphaafi gabaabaa ta'e kennuufiin akka qajeelfamicha yaadatan taasisu.
- Akka isaan tasgabbaa'uun gaaffii dhiyaateef deebii kennan yeroo ga'aa kenniif.
- Akka isaan dafanii yaadatanindoorsisin.

## **Miidhama Qaroo (visual impairment)**

Qabxiileen kanaan gadii barattoota miidhama qaroo qaban gargaaruuf eeraman.

- Fuuldura teessisuu
- Barreeffama gurguddisuu
- Yoo gonkumatti hinargan ta'e akka bireeliitti gargaarman taasisi. Kanaaf ammoo haala itti fayyadama bireelichaarratti leenjiin addaa kennamuufi qaba. Kanaafis nama ogummaa kanaan leenji'e qopheessuun haaldureedha.

## **Miidhama Dhageettii**

- Kallattiidhaan barattootuma sanatti dubbachuu
- Fuuldura teessisuu
- Itti agarsiisuun akka dubbatan jajjabeessuu (gabatee, fakkii wkf)
- Irradeeddeebi'uun jechoota ergicha baatan xiyyeffachuu.

Yoo barattoonni miidhama cimaa qaban jiraatan ammoo, daree baranoonni addaa ykn gargaarsi addaa itti taasifamaniif baruun barbachisaadha.

## **Miidhama Qaamaa**

Barattoonni miidhama qaamaa ykn miilli citaa ta'an daree keessatti fuuldura akka taa'an gochuun gaariidha. Barsiisaan bulchiinsa mana barumsaatiin waliigaluun karaa isaan irra deeman ykn kursiin ittiin deeman akka tolfamu gochuufi barattoota hanqina akkanaa qaban, manni barumsaa akka baru taasisuu qaba.

## **Barattoota Daran Cimoo Ta'an.**

Inni kun mudaan miti. Haata'u malee gargaarsa addaa barbaada. Barattoonni dafanii waan baratan hubatan haala warri suuta hubatan itti barataniin barachuun danqaa ykn nuffisiisaa itti ta'uu mala. Warra akkasiitiif barsiisaan gilgaala dabalataa kennuu qaba. Kana malees, barattoota warra kaan akka gorsan, karaa qabsiisan barsisaan jaratti fayyadamuu qaba. Dura bu'aa ykn qindeessaa garee taasisuunis barnoota isaanii saffisiisa. Kun ammoo, daran dammaqaa taasisuun dalagaa baruu barsiisuuf haala mijessaa.

## **Korniyaafi Barnoota Afaanii**

Daree barnoota afaanii keessatti yeroo mara ta'uu baatullee, barsiisaan afaaniitiif ka'umsa tokko. Barattoonni dubaraa yeroo tokko tokko warra dhiiraa dursanii, yeroo kaan ammoo jara biraa baay'ee duubatti hafanii argamu. Kun dhiiraafi dubara gidduutti adda addummaa uuma.

Barattooni dubaraa baay'inaan dubbachuu keessatti qooda fudhachuuratti yoo of-qusatan warri dhiiraa garuu baay'ee dubbachuufi gochaan agarsiisuu keessatti qooda fudhatu. Haata'u malee, lamaan isaaniyyuu wal-qixa haala hunda keessatti hirmaachisuun ga'ee barsiisaati. Itti dabalees, dalagaalee ciccimoo kanneen akka wacanii dubbachuu tapha jechootaafi wkf keessatti qooda fudhachiisuun bu'aa qaba. Hojii garee keessattis dhiiraafi dubaraa waliin makuun lamaanuu akka wal-qixa qooda fudhatan taasisuun wal-qixxummaa isaanii mirkaneessaa deemuu ta'a.

## **Sissi'eessa Barataafi Barsiisaa**

Sissi'eessi baranoota afaanii keessatti iddo guddaa qaba. Barsiisaas ta'ee barataan sissi'aa'uu qabu. Bakka barachuufis ta'ee barsiisuuf sissi'aayinni hinjirretti galma ga'uu kaayyoo barnoota afaanii eeguun rakkisaadha. Kanaaf ammoo barsiisaas ta'ee barataan wal-dammaqsuus ta'ee of dammaqsuun dirqama isaaniiti. Kanaafis tooftaa garagaraatu jiru. Isaanis, kan kanaan gadiiti ta'u.

## **Jajuu**

Barattooni yeroo deebii deebisan ykn hojii bu'a qabeessa hoijetan jechaan jajjabeessuun bu'aa guddaa qaba. Barattoota jajuun akka fedhiin isaan barnootarratti qabaniif jajjabina argachiisa.

## **Qabxiifi Yaada Jajjabeessu Kennuu**

Barsiisaan qabxii barattooni argatan qixaan kaa'uufi yaada jara jajjabeessu biratti barreessuuufi qaba. Barsiisonni tokko tokko qabxii barattootaa irratti hundaa'uun yaada abdii jara kutachiisu kenu. Yeroo yaaddeebiin laatamu 'gaarii, baay'ee gaarii, ga'aa, akkasumaan itti fufi' jechuun fayyadamuuun milkaa'inaaf bu'uura. Karaa biraatiin, 'dadhabaa, gadhee, gadaanaa, homaa gochuu hindada'amuufi wkf' fayyadamuuun gaarii miti. Qabanni isaa barattoota mogolee buusuun abdii waan kutachiisuufi. Waan hundaafuu akka garaa wanta gaarii ta'e tokkootti deemsisuun jajjabeeffamuu qabu.

## **Sissi'eessa Barsiisaa**

Barsiisaanis kaayyoo barnootaa galmaan ga'uuf gammaduu qaba. Gammachuun kanaaf ammoo dhimmoonni kanaan gadii barbaachisoodha.

- Barsiisaan/barsiistuuun ogummaa isaatiif/ishiitiif kaayyoo fi mul'ata ifa ta'e tokko qabaachuu qaba/qabdi.
- Walitti dhufeenyi inni ykn ishiin barsiisota biroo wajjin qaban gaarii ta'uu qaba/qabdi.

- Bu'aa ba'ii jirenyaa jala dhaabbachuufi akkamitti akka keessumsiisan irratti ga'umsa qabachuu.
- Barsiisaan/barsiistuun yeruma mara milkaa'ina jiru jajjabeessuu, itti gammaduu qaba/qabdi.

Madaallii barnoota afaanii keessatti adeemsa baruu-barsiisuu, barataafi barsiisaa madaaluun bu'aa guddaa qaba. Kunis, bakka fooyya'iinsiifi hiri'inni jiru addaan baasuun jajjabeessuufi fala barbaaduuf haala mijeessa. Kun ammoo, qulqullinni akka jiru addaan baafachuurratti fayyada.

## **Madaallii Barataa**

Barsiisaan adeemsaafi dhuma barnoota wayitii tokkootti barattoota isaa madaaluuf gilgaalota garagaraa shaakalsiisuu qaba. Dhuma semisteraa irrattis ta'ee waggaatti barattoota madaaluun dirqama barsiisaati. Kanneen armaan gadii tooftaalee barsiisaan barattoota isaa ittiin madaalu.

## **Haala Barattoonni Irra Jiran Sakatta'u**

**Barattoonni maalirra akka jiran addaan baafachuuf hojiiwwan isaanii daawwachuuifi sakatta'uun barbaachisaadha.** Kun ammoo, karaa alidilee ta'een hirmaanna isaanii bu'uureffachuun ta'uu mala. Gilgaalonni gahumsa isaanii kana sakatta'uuf gargaaran kitaaba barataa keessatti haalaan dhiyaateera.

**Barsiisaanis gilgaalota kanatti dhimma ba'uun waan barattoonni isaa irra ga'an madaaluu qaba.** Deebii tokkoon gilgaalota kanaa qajeelcha barataa keessatti dhiyaatee jira.

## **Barsiisaan Madaaluu**

Barsiisaan gilgaalota qabiyyee barnootaa jalatti dhiyaatan hunda booda toofaa mataa isaatti gargaaramee barattoota isaa madaaluu qaba. Kun ammoo, bakka hiri'inni jirutti fala barbaaduufi bakka fooyya'inni jirutti jajjabeessuuf gargaara.

## Boqonnaa 1: Afaan Akkamitti Jalqabame? (Wayitii 10)

Dheerina wayitii tokkoo daqiqaa 40

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattooni yaadxiina namoonni waa'ee afaanirratti kaasan muuxannoo duraan qaban wajjin waliitti fidanii bakka hubannoo isaanii itti gabbifataniidha. Adeemsa kana keessa ogummaawwan afaanis nigabbifatu. Akkasumas, caaslugaafaanichaanihubatu. Fakkeenyaaaf, faayidaa ammeennaafi amsiiqaa, akkaataa jechoonni itti birsagaahan, faayidaa sirni tuqaalee barreeffama keessatti qabuufi barreeffamoota jalqabamanii hafan xumuruun hubannoo isaanii nicimsatu.

### 1. Kaayyoo: Barnoota Boqonnaa Kanaatiin Booda:

- faayidaa afaanii muuxannoo hanga ammaa qaban wajjin walitti fiduun hubannoo cimsatu.
- afaan ulaagaalee sabni tokko saba biraarraa adda baasuuf dandeenyu keessaa isa guddaa ta'u hubatu.
- faayidaa(tajaajila) afaan hawaasa keessatti qabu hubatu
- yaadota afaan akkamitti jalqabame ibsuu yaalaan keessaa isaan gurguddaa ta'an lamaan adda baafatu.
- afaan guddina namaa kan hojiirratti hundaa'ee wajjin walqabatee akka dhufe hubatu.
- haala jechoonni ittii birsagaahan hubatu.

Fkn. Jechi tokko kan uumamuu sagaleeleen walitti dhufanii yemmuu ta'u, sagaleeleen kun ammoo birsaga uumu. Jechi tokko birsaga heddu qabaachuu danda'a.

Fkn. Waaqa \_\_\_\_\_ birsaga lama qaba

Laga \_\_\_\_\_ birsaga lama qaba

Birsaga \_\_\_\_\_ birsaga sadid qaba.

Faayidaa sirni tuqaalee yaada xumuraa qaban hubatu.

Fkn. Sirna tuqaalee sadeen gurguddaa dhummatti yaada galan nihubatu.

( tuqaa (.), (mallattoo gaaffii (?), (mallattoo raajeffannoo (!)

- Sirni tuqaalee yaada xumuraaf oolan eenyufaa akka ta'e nihimu.
- Barreeffama keessatti mallattooleen sirna tuqaalee osoo jiraachuu baatee maaltu akka uumamu niqalbeeffatu.

Jechoota kophaatti bahanii kennaman kan hiikan walfakkaatan dubbisicha keessaa barbaadanii niargatu.

Yaada (seenaa) jalqabamee hafe tokko haala fudhatamuu qabuun nixumuru

Gosoota hennaa keessaa lama hubatu.

## **2. Qabiyyee**

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Barreeffama “Maatii Afanota Afro-eeshiyaa” jedhu
- Hiika jechoota
- Barreessuufi dubbachuu
- Dubbisuufi Dubbachuu
- Dubbisa “Afaan Akkamiitti Jalqabe?” jedhu
- Shaakala yeroo dubbisuu
- Qayyabannoo
- Hiika jechootaa akka galumsaatti
- Caasluga
- Jechoota birsageessuu.
- Sirna tuqaalee
- Hennaa ammeennaafi amsiiqaa hubattu.
- Barreessuu.
- Yaada jalqabamee tokko xumuruu.

### 3. Mala Baruu-barsiisuu

#### Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

##### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa (gilgaala 1A) kanaa wanta barattoonni barachuuf yaalan tokko wanta isaan hanga guyyaa sanaatti beekan wajjin walqabsiisuufi. Kanaafuu, kanatu sirriidha yookiin kanatu sirii miti osoo hin jedhiin barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu gaaffiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka'an irraiitti yaada isaanii soda malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruuf yaali. Akkasumas hiika jechoota osoo gara dhaggeeffachuu ce'in hubannoo gufachiisan jedhaman kana hiika isaanii tilmaamsisi.

- (1) qu'annoo adeemsisu
- (2) hawaasa
- (3) milkaa'ina dhabuu

Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattoota kennuufin barbaachisaadha.

##### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Shaakala kana jalatti barattoonni gaaffiwwan gilgaala 2A jala jiru akka dabtara isaanirratti garagalfatan itti himi. Mata duree akka dhaggeeffataniif qophayee gabateerratti barreessi. Sana booda barreeffama ati dubbisituuf irratti hundaa'anii iddo duwwaa isaaniif laatame akka guutan godhi.

Barreeffamicha si'a 2 ykn 3 irra deebi''ii dubbisiif. Kana booda deebii isaanii hiriyoota isaanii wajjin walitti agarsiisuun akka isaan of madaalan erga gootee booda dareef yaa dhiyeessan. Kana booda deebii isaa gabateerratti barreessiif.

## **Maatii Afaanota Afroo Eeshiyaa**

Afaanonni Afroo Eeshiyaa biyyoota Kaaba Afrikaatiifi jiddugaleessa Baha Afrikaatti afaanota baay'inaan dubbatamaniidha. Afaanonni kun 250 yemmuu ta'an dubattoota miliyoona torbaatamaa ol ta'an qaba.

Afaanonni Afroo Eeshiyaa bakka shan gurguddaatti qoodamuu danda'u. Isaanis: Afaan warra Misraa/Gibtsii/, Afaan warra Kuush, Afaan Barbaar, Afaan Chaadiifi Afaan Seematikiti.

Afaan warra Misraa durii dhaloota kiristoos dura waggoota kuma sadiiif dubbatamaa ture; yeroo ammaa garuu, mana amantaa keessatti itti fayyadamaa jiru. Afaan warra Kuush ammoo, biyyoota akka Suudaan, Itoophiyaa, Suumaaleefi Keeniyaatti kan bal'inaan dubbatamuudha. Afaanonni kunis, Afaan Orommoofi Afaan Sumaaleeti. Afaan Barbar ammoo, bal'inaan Aljeeriyyaa, Morokoofi Nijeeritti dubbatama. Afaanonni kunis Tureegi, Tamazaayit, Zeenagaafi Kabalaayi kanneen jedhamaniidha. Inni biroo ammoo, Afaan Chaadik yoo ta'u kunis, kan dubbatamu, Naayijeeriyaafi Chaad keessattiidha. Afaan kunis Afaan Hawusaati. Maatiin biroo ammoo, Afaanota Seematiiki. Isaanis, Afaan Hibruu, Afaan Baabiloonota afaan Moo'abitee, Afaan Amaaraafi Arabaati. Afaanonni kun kan beekaman hundeen jecha isaanii dubbifamaa ta'uudhaani.

Afaanonni har'a addunyaa kanarra jiran kun kan dhalate dhalatee, kan du'e du'ee sadarkaa har'a gahe kana irraa gahee jira. Hawaasni afaan isatiin dubbachuu, barreessuu, dubbisuu, qorachuu, walumaagalatti ittiin hojjechuu yoo hindandeenye guddinni hawaasichaa siyaasan, aadaan dinagdeen, barnootan hawaasummaan gufateera jechuudha.

### **Gilgaala 2B**

1. soba. Bakka gurguddaa shaniitti qoodama
2. soba. Maatii seem keessatti ramadama
3. soba. Aljeeriyyaa, Morokoofi Nijeeritti dubbatama
4. soba. Misraatti dubbatama
5. dhugaa

### Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gulantaan kun barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu wanta qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an bakka itti taasistuuudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannaaf dhiyaate akkuma ajaja isaattii hojjechiisi.

### Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

#### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Kaayyoo shaakala dubbisa duraa kanaa(gilgaala 4) wanta barattoonni barachuuf yaalan tokko wanta isaan amma guyyaan sanaatti beekan wajjin walqabsiisuufi. Kanaafuu, kanatu sirriidha yookiin kanatu sirrii miti osoo hin jedhiin barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu gaaffiwwan shaakala dubbisa duraa jalatti ka'aniirratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruun sirraa eegama. Jechoonni yeroo dubbisaa hubannoo isaanii hir'isuu danda'an hiika isaanii akka tilmaaman gochuun hiika isaanii barreessuufi barbaachisaadha.

#### Deebii Gilgaala 4B

Fkn. Falaasama – tilmaama xiinsammuu wajjin walqabate.

Saba- lammii /ummata /

Gadda – naasuu

### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A jalatti gaaffileen hojjetaman osoo gara dubbisuutti hinseenin dura qajeelfama kennuufin barbaachisaadha. Kunis, dubbisa dhiyaateef osoo dubbisuu hineegaliin gaaffiwwan yeroo dubbisaa akka dubbisani qalbiitti qabatan itti himi. Kana booda saffisaafi cal'isaan daqiqaa 7-8 yeroo ta'u keessatti akka xumuraniif, yeroo qabuufin barbaachisaadha.

1. Afaan ilmaan namaan akkamitti akka eegale ibsuudha.
2. Keeyyata 3<sup>ffaa</sup>
3. Keeyyata 2<sup>ffaa</sup>
4. Yaanni ka'u danda'u.
  - Afaan kennaa Rabbiiti
5. Yaanni lama jiraachuu isaa:

- Rabbitu afaan umee fedhii isaa tanaan carraaqqii dhalli nama Waaqaan qixxachuuf godheetti afaan isaanii gargar baase.
- Warri yaada saayinsii hordofumoo namoonni bakka adda addaatti faca'anii jiraatan looga adda addaa uumuudhaan yeroo dheeraa keessa afaan adda addaa dubbachuu jalqaban jedhu.

**B.** Gaaffiiwan dhiyaatan ergaa dhugaa ykn soba jedhanii deebisanii booda sababa dhugaa ykn soba jedhaniif akka ibsan taasisi.

1. Soba

- Yaanni ka'uu danda'u:
- Gaaffii afaan akkamaitti jalqabame jedhuuf kan warra yaada kana qofa qabantu sirriidha jechuun hindanda'amu. Sababni isaas, yaadonni ka'an hundi isaatu akka yaadatti deeggartoota mataa ofii qabu waan ta'eef kana qofatu sirriidha kan jedhamu hinjiru . Yaadonni hunduu ciminaafi dadhabni mata isaa qaba waan ta'eefi.

2. Soba.

- Yaanni ka'uu danda'u:
- Daa'imni saba kamiirraayyuu dhalatte haaluma tokkoon nyaachuu deemuuus barti. Gochi godhamu walfakkaata. Afaan garuu akkas mitii. Afaan waalfakkaatu hindubbatan daa'imman iddo adda addaati. Saba adda addaarraa dhalatan afaan tokko hin dubbatan.

3. Dhugaa.

- Yaanni ka'uu danda'u:
- Aadaan baattuu afaaniiti.
  - Afaaniin aadaa ofii ibsatan
  - Yoo afaan guddate aadaan guddata

4. Soba

- Yaanni ka'uu danda'u:
- Yaada tokko qofatu sirriidha jechuun hin danda'amu
  - Yaanni kamiyyuu deeggartoota isaa biratti sirriidha.

5. Soba

Yaanni ka'uu danda'u:

- Yaanni kun akka garee warra Rabbiitu addaan baase jedhuutti sirriidha. Garuu gareen biroo kan yaada kana hin deeggarre waan jiruuf sirriidha jechuun rakkisaadha.

**Deebii Shaakala C.**

1. Kana ykn sanatu sirriidha jechuu osoo hinta'iin, barattooni deebii isaanii sababa amansiisaa ta'een deeggaruun akka ibsan jajjabeessi.
2. Sabni tokko aadaa isaa kan ibsatu afaan isaatiini. Aadaan ammoo eenyummaa saba tokkoo ibsa. Akkasumas, sabni tokko afaan dubbatuun saba biraarraa adda bahee beekama.
3. Afaan meeshaa wal-qunnamtii uummataa waan ta'eef, seenaa keessatti sochii jireenyaaftaasisaa ture keessatti afaan dirqama barbaachisa waan ta'eef.
4. Namoonni kaan akkabeektota afaaniitti itti dhimmamanii waa'ee barbaachisummaa afaanii hinyaadan. sababni isaas, afaan hagana maraa faayidaa qabeessa jedhanii wanta hinyaadneef.

**Deebii Gilgaala 6: Shaakala Hiika Jechootaa**

Jechoonni haala adda addaa keessatti hiika adda addaa qabaachuu danda'u.

Kanaaf akkaatuma gaafatamaniin akka deebisan godhi.

**Deebii gilgaala 6:**

- |                |                 |                |
|----------------|-----------------|----------------|
| 1. A. Callaa   | 2. B. qaabachuu | 3. D. Faayidaa |
| 4. A. Dallanuu | 5. B. Walgituu  |                |

**Gilgaala 7: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

**Deebii gilgaala 7**

- A. Dubbisa dhiyaateef erga dubbisuun booda muuxannoo duran qaban bakka itti guddifatan qofa osoo hinta'in iddo itti yaada ofii calaqisiisan, yaada biroos kaasuun bakka namoota itti amansiisuuf carraaqaniidha. Kanaaf, akkaatuma

ajaja kennameef irratti hundaa'uun gaaffiiwwan dhiyaatan akka deebisan godhi.

- B. Gaaffiiwwan kanneen erga afaaniin daree keessatti irratti mari'atanii booda, yaada ofii barattoonni itti dabaluun keeyyata tokko tokko akka irratti barreessanii dareef dhiyeessan taasisi.

Dubbisa "Afaan akkamitti jalqabame?" jedhu erga dubbisiistee booda.

Yaada dubbisichaa gabaabsanii keeyyata lamaan barreessanii dareef akka dhiyeessan godhi.

### **Barannoo 3: Caasluga**

#### **Gilgaala 8: Shaakala Birsagaa**

As jalatti dhimmoota seera caaslugaa qabiyyee adda addaa jalatti kaafta. Isaanis, faayidaa birsagaafi haala itti uumamu, haala itti fayyadamiinsa sirna tuqaalee barreffama keessattifi gosoota henna keessaa lamaan tokko (faayidaa ammeennaafi amsiqaa) adda baasuun akka qayyabatan gochuudha.

#### **Gilgaala 8**

- A. Gilgaala kana jalatti barattoonni yaada isaanii muuxannoo qaban irratti hundaa'uun akka ibsan godhi.

#### **Yaadannoo**

#### **Birsaga Afaan Oromoo**

Afaanonne Caasaa birsagaa eeyyamaniiin, xiimsagaatiin (Phonologically) gargar bahu. Afaan Ingilizii (Fkn. Screen), Jarmanii Fkn. Angst) qindoomina /irra buta (clusters) lamaa ol jalqabaafi dhumarraatti birsaga eeyyamanii ala, afaanonne hundumtuu caasaa birsaga qabu.

Birsagni gurmuu jechi kamiyyuu ittiin addaan qoodamu irra caalaa duraan yookiin boodaan kan dubbifamaafi dubbachiiftuu tokko qabatu jedhama.

Birsagni Afaan Oromoo dubbifamaa ykn dubbachisaan kan jalqabuudha.

Jechoonni hundeen Afaan Oromoo dubbachisaa dheeraa qaban

kamiyyuu caasaa kanneenin ala hin ta'an.

Fkn.

- |     |  |              |
|-----|--|--------------|
| (a) | Sun ( $d_m d_s d_m$ )                                    | birsga tokko |
| (b) | Deemmaa( $d_m d_s d_m, d_m d_s$ )                        | birsga lama  |
| (c) | Qullubbii ( $d_m d_s d_m, d_m d_s d_m, d_m d_s$ )        | birsga sadii |
| (d) | Obboleettii ( $d_s d_m, d_m d_s, d_m d_s d_m, d_m d_s$ ) | birsga afur. |

**B.**

- |     |             |              |
|-----|-------------|--------------|
| (a) | Kam         | birsga tokko |
| (b) | Tokko       | birsga lama  |
| (c) | Lama        | birsga lama  |
| (d) | Shan        | birsga tokko |
| (e) | Aadaa       | birsga lama  |
| (f) | Qullubbii   | birsga sadii |
| (g) | Obboleettii | birsga sadii |
| (h) | Maqaa       | birsga lama  |
| (i) | Odaa        | bisaga lama  |
| (j) | Gadaa       | birsga lama  |
| (k) | Ejersa      | birsga sadii |
| (l) | Finfinnee   | birsga sadii |

### Gilgaala 9: Shaakala Sirna Tuqaalee

Sirni tuqaalee barreeffama tokko barreeffama guutuu taasisuu ykn himni tokko hima guutuu taasisuuf faayidaa hanga kana hinjedhamne qabu. Boqonnaa kana keessatti sirna tuqaalee yaada xumuraa qaban irratti xiyyeffannaa kennuun faayidaa isaanii calaqqisiisi.

#### Deebii Gilgaala 9

**A:** Gilgaalli kun muuxannoo barattootaa gara mata dureetti fiduuf waan ta'eeif barattooni sodaa tokko malee muuxannoo isaanii akka ibsan jajjabeessi yookiin gargaari.

**B:** Himoota armaan gadii barattooni yaada isaa guutuu taasisuuf sirna tuqaa

iddoo barbaacissuutti galchuu isaanii mirkaneeffadhu.

1. Qalbeessaan kaleessa Finfinnee gale.
2. Haati Eebbaa, Eebbaan barumsa isaatiin tokkooffaa baanaan, ishoo! yaa korma koo jetteen.
3. Qormaanni Heeregaa kan kaleessa qoramne sun niulfaata.
4. “Ee banne !” jedhe Guddataan leenca argee.
5. Gadaan Oromoo waggaa saddeetin marsa.
6. Har'a moo boru gara Arsii deemta?

### **Yaadannoo Sirna Tuqaalee Yaada Xumuruuf Oolan.**

#### **A. Tuqaa (.)**

Mallattoon tuqaa yaada tokko ykn hima tokko barreeffama keessatti guutuu taasisuuf mallattoo dhimma itti baanuudha. Akkasummas, mata duree guddaa mata duree xiqqaarraa adda baasuuf, lakkofsa gargar qoonnee dhimma adda addaa itti bahuuf nufayyada.

Fkn. Hima golabuuf:

- Tolaan dhufe.
- Biiftuun kaleessa gale.

Mata duree guddaa isa xiqqaarraa adda baasuuf :

Fkn.

1. Sirna tuqaalee yaada xumuraaf oolan
- 1.1. Mallattoo tuqaa / . /
- 1.2. Mallattoo gaaffii (?)
- 1.3. Mallattoo raajeffannoo (!)
  - Lakkofsa armaan olii kana haala kanaan adda quoduuf nufayyada.

#### **B. Mallattoo Gaaffii (?)**

Barreeffama keessatti dhimmoota gaaffii ta'aniif nufayyada. Akkasumas, himoota gaaffii ta'an dhumarratti galuun yaada ittiin goolabna.

Fkn

- Har'a moo boru dhufта?
- Qormaanni kaleessaa sun niulfaata mitii ?

**C. Mallattoo Raajeffannoo (!)**

Dhimmoota raajii ta'an, yeroo gammanne, gaddinee, ajaa'ibsifanne ittiin mul'isuuf mallattoo dhimma itti baanuudha.

Fkn. Yaa Waaq! Situ beeka.

Ishoo! Yaa korma koo.

**Gilgaala 10: Shaakala Hennaa****Deebii Gilgaala 10**

**A. Gaaffileen gilgaala kana jala jiran muuxannoo barattooni mataduree kanarratti qaban kanneen gaafataniidha. Gaaffilee kana barattooni sodaa tokko malee akka yaada isaanii ibsataniif dhimma itti bahi, malee deebii sirriin isa kana kun sirrii miti gara jedhutti hindeemin. Dhumarra itti deebi'anii akka mirkanoeffatan godhi.**

**B. Gochoota Hennaa ammeennaa agarsiisan**

- (a) Tulluun nisirba.
- (b) Ibiddi niguba.
- (c) Abbaan koo baadiyyaa jiraata.
- (d) Feeneet ganamaan gara mana barumsaa deemti.

**C. Gochoota Hennaa amsiqa agarsiisan**

- (e) Ani barachaan jira.
- (f) Tolaan qotaa jira.
- (g) Magartuun sirbaa jirti.
- (h) Laaqana kiyya nyaachaan jira.

## **Yaadannoo Waa'ee Ammeennaafi Amsiiqaa Henna**

Gochi tokko yeroodhaan raawwatama. Gochi kan kanaan dura raawwatame yookiin gara fuulduraa kan raawwatamu ta'uu danda'a.

Gochi kan dabre kanaan dura kan raawwatame hoggaa ta'u, dabrennaa, amma kan raawwatamaa jiru hoggaa ta'u ammeennaa gara fuulduraa kan raawwatamu hoggaa ta'ummoo duranaa jedhama.

### **Ammeenna**

Ammeennaan gocha amma raawwatamaa jiru yookiin yeroo maraa dhugaa ta'e (universal truth) yookiin yeroo maraa raawwatamu, yookiin gara fuulduraa raawwatamuuf jedhu mul'isa.

- Fkn. (a) Tulluun ni sirba
- (b) Ibdiddi niguba
- (c) Abbaan kiyyaa baadiyyaa jiraata
- (d) Biiftuun ganamaan gara mana barumsaa deemti.

Himoota a, c fi d keessatti wixina gochimaarratti latii (-a) fufuudhaan gocha amma raawwatamaa jiru yookiin gara fuulduraaf raawwatamuuf jedhu mul'isa. Himni b. waan yeroo maraa dhugaa ta'e agarsiisa.

### **Amsiiqaa**

Amsiqaan gocha hinraawwatamne yookiin yeroo gabaabaaf ta'e yeroo dheeraadhaaf raawwatamaa jiru mul'isa.

- Fkn. (a) Dhiyana kiyya nyaachaan jira.
- (b) Ani barachaan jira.
- (c) Magartuun sirbaa jirti.

Himoota a, b, c, fi d keessatti latiin / -aa/ wixine gochima muummeerratti fufamee akkasumattis himoota a, b, c, keessatti latiin / -a/ wixina tumsiirratti fufamee amsiqaan mul'isa.

## **Barannoo 4: Yaada Jalqabamee Hafe Xumuruu**

Deebii Gilgaala 11



## **4. Gaaffiwan Keessa Deebii**

- A. Gaaffiwwan armaan gadii keessaa yaada sirrii ta'e dhugaa kan sirrii hintaane soba jechuun sababa kee wajjin ibsi.

  1. Akkuma maddi dhala namaa Itoophiyaa ta'e, maddi afaanis Itoophiyaadha.
  2. Maddi afaanii kennaan Waaqati warri jedhan karaa sirri jiru.
  3. Akka warra saayinsiitti afaan adeemsa keessa meeshaa guddaa ilmi namaan uummateedha.

4. Waa'ee madda afaanii qu'achuuun hojii Waaqaa keeessa galuudha.
5. Afaan addunyaa kanarratti wanti adda adda ta'eef, waan namni walirraa fagaatanii jiranifi.

**B.** Jechoota armaan gadii birsageessuun agrsiisi.

- |               |                  |
|---------------|------------------|
| 1. aanaa      | 2. faallaa       |
| 3. hinkoo     | 4. adeemsagochaa |
| 5. aammeennaa | 6. fuullee       |
| 7. madda      | 8. magaalaa      |
| 9. Adaamaa    | 10. bareeda      |

**C.** Himoota hennaa ammeennaafi amsiiqaa agarsiisan shan shan barreessi.

Ammeenna:

- |          |          |
|----------|----------|
| 1. _____ | 2. _____ |
| 3. _____ | 4. _____ |
| 5. _____ |          |

Amsiiqaa

- |          |          |
|----------|----------|
| 1. _____ | 2. _____ |
| 3. _____ | 4. _____ |
| 5. _____ |          |

**5. Madaallii**

**Seensa**

Madaalliiin gosa barnoota kam keessattuu barbaachisaadha. Keessaayyuu barnoota afaaniif, daran murteessaadha. Kunis, barnoonni afaanii madaallii guyyaa guyyaan goonu baay'ee barbaada. Kanaaf madaalli itti fufinsa qabu gochuun kaayyoo kee galmaan gahuuf baay'ee si fayyada. Boqonnaa kana keessatti ogummaawwan afaanii hedduutu madaalama. Fkn. Haala jechoonni bakka galusaatti qabaatan, akkaataa jechoonni itti birsageessaman, faayidaa sirni tuqaalee barreeffama keessatti qaban, yaada jalqabamee hafe xumuruufi

faayidaa hennaa ammeennaafi amsiiqaa ogommaawwan gurguddaa afaanii yeroo galmaan gahuuf deemnu adeemsa keessa isan kanas madaaluun baay'ee bu'a qabeessa nutaasisa

### **5.1 Dthaggeeffachuufi Dubbachuu**

Ogummaan kun shaakala dhaggeeffachuu duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffanatti finnuudha.

### **5.2 Barreeffama “Maatii Afaanota Afro Eeshiyaa” jedhu yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii mirkanoeffadhu.**

Barreeffamicha si'a lamaa-sadi irra deebi'i dubbisiif yeroo kana barattoonni hojji kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan taasisuun mirkanoeffadhu.

### **5.3 Jechoota akkaataa galumsa isaaniitti itti fayyadamu isaanii mirkanoeffadhu.**

### **5.4 Ogummaa barreessuufi Dubbachuu.**

Barreeffamicha erga dhaggeeffatan booda gilgalota hubannoo wanta dhaggeeffataniifi muuxannoo qabaniin walitti fiduun akka barreessaniifi dubbatan gochuun ykn akka mari'atan godhuun barbaachisaadha.

### **5.5 Ogummaa Dubbisuufi Dubbachuu**

Akkuma yemmuu dhaggeeffachuu, shaakala dubbisuun duraa keessattis barattoonni soda tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsat jajjabeessi.

### **5.6 Dubbisa “Afaan akkamitti jalqabame?” jedhu**

**5.6.1** Dubbisicha yeroo ati kennituuf keessatti cal'isaaniifi dhuunfaan dubbisuu isaanii too'adhu.

**5.6.2** Dubbisicha dubbisaati gaaffiwwan kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkanoeffadhu.

**5.6.3** Dubbisicha erga dubbisanii booda gaaffiwwan ati dubbisichaafi muuxannoo isaanii walqabsiiste gaafattu akka barreeffamaafi dubbachuudhaan dareef dhiyeessan taasisi.

## **5.7 Jechoota**

- Jechoonni dubbisa keessaa bahan akkaataa galumsa isaaniit in galchuu isaanii miarkaneeffadhu.

## **5.8. Caasluga**

### **5.8.1 Jechoota birsageessuu**

- Birsagni Afaan Oromoo keessatti maal akka fakkaatu hubachuuf gilgaala 8 Afi B qophaayee kenuuifiin akka deebii isaan dareef dhiyeessan taasisuu mirkaneeffadhu.

### **5.8.2 Sirna tuqaalee yaada xumuraa qaban**

- Mallattoolee yaada xumuuruuf oolan kana barreeffama keessatti dhimma itti bahu isaanii mirkaneeffadhu.

### **5.8.3 Gosootoa henna keessaa faayidaa ammeennaafi amsiiqaa gilgaala 10Afi B jalatti gaaffiwwan qayyabannoo dhiyaatan kenuufin akka adda baafatan taasisi.**

## **5.9 Ogummaa Barreessuu**

- Seenaa (yaada) jalqabame hafe adda addaa gilgaala 11AfiB jalatti laaataman hojechisuun barattooni karaa sirrii ta'een xumuruu danda'uun isaanii hubadhu. Barattooni wanta kana hinqayyabanne yoo ta'e gilgaala biroo qopheessuun irra deebi'anii deebii isaan kennan to'achuun gaariidha.
- Mata dureewan adda addaa kenuufin akka keeyyata adda addaa ijaaruun dandeettii barreessuun ergaa isaanii dabarfachuu danda'uun isaanii hubadhu.

## Boqonnaa 2: Dhukkuboota Wal-Qunnamtii Saalaatin Darban

(wayitii 11)

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattooni dhukkuboota walqunnamtii saalaatiin darban akkaataa isaan ittiin daddarbaniifi haala ittiin ofirraa ittisuun danda'amu bakka itti hubannoo isaanii cimsataniidha. Keessumaa dhukkubni bara kana dhala namaa fixaa jiru/HIV/AIDSiiin/haala dhaggeeffachuufi dubbisa keessatti dhiyaachuun isaa xiyyeefannaa kennamuufin dhimma qabu waan ta'eefi. Fakkii dhiyaate akka irratti mar'atanii gochuun baay'ee barbaachisadha. Adeemsa kana keessas, dandeettiawan afaanii nicimsatu. Fakkeenyaaaf, maalummaafi gosoota fufuu, akkaataa uumamsa tishoo,hennaa raawwima ammeennaafi darbennaa, gosootaafi maalummaa latii irratti hubannoo cimsatu.

### 1. Kaayyoo: Barattooni boqonnaa kana erga xumurran booda:

- Muuxannoofi beekumsa kanaan dura mata duree kana irratti qabun gumaachu.
- Jechootaaf hiika kallattii/moggoo/ kenuu.
- Maalummaafi gosoota maxxantoota addaan baafatu.
- Jechoota tishoofi akkaataa jechoonni tishoo itti ijaaraman hubatu.
- Hennaa raawwiima ammeennaafi darbeennaa adda baafatu.
- Maalummaa latiifi gosoota isaa gabbifatu.

### 2. Qabiyyee

- Ogummaa dhaggeeffachuufi dubbachuu.
- Gilgaaloota hubbannoo kanneen ogummaa barreessuufi dubbachuuuf oolan.
- Gilgaaloota hubbannoo kanneen dogummaa barreessuufi dubbachuuuf oolan
- Fuftoota boodaa.
- Jechoota akka galumsaafi moggoo isaanii.
- Akkaataa uumamiinsa jechoota tishoo.
- Faayidaa hennaa raawwiima ammeennaafi darbeennaa.

- Waliin Dubbii
- Maalummaa barreessuu.

### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dhaggeeffachuu fi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala dhaggeeffachuuun Duraa**

Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuuun duraa kanaa wanta barattooni barachuuf yaalan tokko wanta isaan hanga guyaa sanaatti beekan wajjin walqabsiisuufi. Kanaafuu, kanatu sirriidha kun ammoo sirrii miti osoo hin jedhiin barattooni wanta isaaniitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuuun duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuuifi gargaaruu yaali. Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaanifi barreeffamaan barattootaa kennuufiin barbaachisaadha.

##### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

- Shaakala kana jalatti barattooni gaaffiiwwan gilgaala 2A jala jiru akka dabtara isaanirratti garagalfatan itti himi.
- Mata duree akka dhaggeeffataniif qophaaye “HIV/AIDSii” jedhu gabateerratti barreessi. Sana booda /barreeffamma ati dubbistuuf irratti hundaa'anii iddo duwwaa isaaniif laatame akka guutan godhi.
- Barreeffamicha ( HIV/ AIDSii” jedhu. Kana si'a 2 yookiin 3 irra deebi'i dubbisiif. Kana booda deebii isaanii hiriyoota isaanii wajjin walitti agarsiisuun akka isaan of madaalan erga gootee booda dareef haa dhiyeessan. Kana booda deebii isaa gabateerratti barreessiif.

##### **HIV/AIDSii**

Addunyaa kana irra dhibeewwan hedduun turaniiru, ammas hedduun jiru. Dhibeewwan kanneen keessaa tattaaffii ilmaan namaatiin kana to'ataman, kan dhabamsiifamaniifi kan yeroo yerootti dawaa barbaachisuun ittifaman jiru. Haa ta'u malee, waggoota muraasaa as, dhiveen qoricha ittiin fayyan hinqabne badadaman, ilmaan nama badachu tokko balaa cimaa geessisaa jira. Dhiveen kunis HIV AIDSiidha.

Dhibeen HIV/AIDSii hanga yoonaatti akka qoratameetti karaa adda addaa darba jedhama. Isaanis: gudeeddi to'annaa malee raawwatamu, dhiiga haadha dhukkuba kana qabu irraa dhalatti darbu, dhiiga nama dhukkuba kanaan faalame fudhachuufi sibiila qara qaban adda addaa kan namni dhukkuba kana qabu ittiin fayyadametti fayyadamuudha.

Akka ragaan qorannoo ibsutti, namoonni umriin wagga 15 hanga 49 jiran keessaa baay'een isaanii balaa dhibee kanaaf salphaatti saaxilamu. Sababni isaas namoonni umrii caqafame kana keessa jiran, qunnamtii saalaa gochuu kaka'umsa cimaafi gahumsa waan qabaniifi. Umriin kun yeroo itti baratanii beekumsa horataniifi dandeettii gonfatan akkasumas yeroo hojjetanii oomisha gaarii argataniifi tajaajila quubsaa itti kennan ta'uun isaa beekamaadha.

Walumaagalatti, dhibeen HIV/AIDSii kan walgargaaranii of irraa faccisan dhibee balaa du'aa fidu ta'eera. Haalli ittiin of irraa faccisan kun, dura karaa inni ittiin darbu beekanii argamuudha. Karaa isaa beeknaan immoo of eegganno gochuudhaan balaa irraa of baraaruudha.

Mammaaksis "Lubbuun abbaan hineegne lama hinbultu ". Jedha mitiree? Kanaafuu, balaa kana irraa of eegnee kaawanis akka of eegan gochuun dirqama yeroo ammaa keessa jiru ta'uu isa hubachuun barbaachisaadha.

### **Deebii Gilgaala 2**

- A.**    1. ammas    2.      darba  
              3.      baay'een, balaa, salphaatti                  4.      beekanii  
              5.      eeganii, hubachuun
  
- B.**    1. A    2. A              3. B                  4. D

### **Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Gulantaa kana jalatti barattooni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuutti wanta qayyabatan muuxannoo isaanii guddifachuu akka qaban iddo itti taasisituudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannoof dhiyaate kana akkuma ajaja isaatti hojjachiisi. Gaaffiwwan gilgaala 3 jala jiran deebii tokkoofi

tokko qofa hinqabaatu. Iddoon kun iddooyaa yaanni dhuunfan itti calaqqisu waan ta'eef barattoonni tokko tokkoon gaaffiiwwaniitiif akka yaada mataa isaanii calaqqisisan taasisi.

## **Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu**

### **Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoona shaakala dubbisa duraa kanaa wanta barattoonni barachuuf yaalan tokko wanta isaan hanga guyyaa sanaatti beekan wajjin walqabsiisuufi. Fakkeenyaaaf gilgaala 4 jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan kanatu sirriidha yookiin kanatu sirrii miti osoo hin jedhiin barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu yaaluudha. Jechuuni yeroo dubbisaa hubannoo isaanii gufuchisun danda'an hiika isaanii akka tilmaaman gochuun hiika isaanii barreessufin barbaachisaadha.

Fakeenyaaaf, gilgaala 4B jalatti.

1. hedduminaan, baay'inaan
2. beekaa
3. qaama hormaataa

### **Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Gilgaala 5A jalatti gaaffileen hojjataman osoo gara dubbisuutti hin seenin dura qajeelfama kennuufin barbaachisaadha. Kunis dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hin dhaqiin gaaffiiwwan yeroo deebisaa akka dubbisanii qalbiitti qabatan itti himi. Kana booda, saffisaafi cal'isaan daqiqaa 7-8 ta'u keessatti akka xumauraniifi yeroo qabuufin barbaachisaadha. Kana booda gaaffilee dhufan hojjatan akka irratti mari'atanii dareef dhiyeessan gochuutu sirraa eegama.

### **Deebii Gilgaala 5**

#### **A. 1. Yaanni ka'uu danda'u:**

- Addunyaa kanarra dhibeen hedduun dhala nama rakkisan jiru. Isaan keessaa ammoo kanneen walqunnamtii saalatiin darban tokko ta'uusaa
- Dhukkuboони beekamoon walqunnamtii saalatiin darban: Cobxoo, fanxooo, Abbaa Seeruu yoo ta 'an HIV/Eedsiinis karuma kanaan

darbuu isaa.

2. Namoota umriin isaanii wagga 15 hanga 49 ta'an irratti
3. Abbaan seeruu guyyaa 3-5tti naannoo qaama saalaa faalameetti madaan mala'uufi dhukkubu mul'ata.
4. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Dhukkuboonti walqunnamtii saalaatin darban eenyufaa akka ta'aniif miidhaa isaan geessisan.
  - Dhukkuboonti walqunnamtii saalaatiin darban akkamaitti akka ofirraa ittisnu.

B. 1. Yeroo fincaan finca'an nama gubuu

- Malaan kokkee, gadamessaafi qunxurroo dhukkubsataa keessa jiraachuu nidanda'a.
- 2. Cobxoon yeroo baay'ee du'a hinfidu. Namni cobxoon qabe wal'aansa argachuu baannaan dhabduu ta'uu danda'a.
- 3. Namni fanxoon qabame dhukkuba fanxootiin qabamu ijaa jaamuu, naafachuufi maraachullee nidanda'a.
- 4. Abbaan seeruu dhukkuba walqunnamtii saalatiin darbu ta'e, dhiitoodhaan jalqabe gara madaa dafee hinfayyineetti jijirama.
- 5. Yeroo durii caalaatti kan beekaman: cabxoo, fanxoofi abbaa seeruti. Amma amma garuu HIV/ Eedsiinis caalaatti beekkamaa dhufee jira.
- 6. Tokkummaa HIV/Eedsii, Cobxoo, Fanxoofi Abbaa seeruu
  - Hundi isaanituu walqunnamtii saalatiin nidarbu.
  - Hundi isaanituu miidhaa namarraan geesisu.
  - Garaa garummaan isaanii keessumaa HIV/AIDSii wajjin qaban. HIV/AIDSii Cobxoo, Fanxoofi Abbaaseeruu
  - Lubbuu balleessuu - Lubbuu hinballeessan
  - Qorichii isaa salphaatti fayyadamuun hin danda'amu - Qorichii isaanii salphaatti ni argamu

- C. 1. Tokkoofi tokko ta'uu, qulqullina ofii eeguu, dhukkubsannan dafanii mana yaalaa dhaquu.
2. Guyyaa 3-5tti naannoo qaama saalaa faalameetti madaan mala'uufi dhukkubuu mul'ata.
3. Dhabduu /Maseenuu/dandeessi.
4. Yeroo da'umsaa yookiin da'umsa booda dhukkuba kana gara daa'immaniitti dabarsu.
5. Dhukkuba onneetiin qabamuu, ijaa jaamuu naafachuufi maraachullee ni danda'a

### **Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Gaaffileen as jalatti dhiyaatan gaafilee hubannoo barattoota cimsuuf oolaniidha. Kanaaf, barattoonni dandeettii barreessuuifi dubbatanii amansiisuu iddo itti gonfatan waan ta'eef yaada isaanii hin dangeessin. Yaadota ka'uu danda'an jedhamee yaadamu tokkoon tokkoon gaaffii jalatti.

### **Deebii Gilgaalaa 6**

- A. 1. Barsiisuu
- Walmarii/ifaan ifatti akka waliin dubbatan gochuu
  - Gaa'ilila dura akka walqunnamtiin saalaa gaarii hin taane itti himu
  - Meeshaalee walqunnamtii saalaaf oolan kanneen akka koondamii fayyadamuu akka qaban barsiisuu.
2. Gaaffii kana irratti akka walfalaman taasisi/walmorman taasisi.
3. Dhiibbaa cimaa qabu. Fakkeenyaaaf dargaggootaafi shamarran misooma keessatti hirmaachuu danda'anu waan miidhanuuf.
4. Deebii adda addaa gaaffii kanaaf barattoonni dhiyeessu nidanda'u.
- B. Gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaataniif barattoonni namoota naannoo jaraa jiraatanu haasofsiisuun yaada akka sassaabbatanu haata'u. Yaada sassaabanis akka dareef dhiyeessanu godhi.

### **Deebii Gilgaalaa 6C**

Gilgaala kana jalatti odeeffannoo ogeessa fayyaa irraa argatan dareef akka gabaasan jajjabeessi.

## Barannoo 3: Dubbachuu

### Deebii Gilgaala 7

Gilgaala kana jalatti gaaffileen dhiyaatan gaaffiilee dandeettii dubbatanii amansiisuu itti gonfatan waan ta'eef seera falmii eeganii akka walmorman taasisi.

## Barannoo 4: Jechoota

### Deebii Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

- |       |      |      |
|-------|------|------|
| 1. D  | 2. G | 3. J |
| 4. A  | 5. E | 6. H |
| 7. B  | 8. C | 9. L |
| 10. I |      |      |

## Barannoo 5: Caasluga

### Yaadannoo

#### 1. Danooma

##### Yaadannoo waa'ee Danoomaa

- Fkn 1      (a)    Nu'i nibaranna.  
               (b)    Isaan sun mana ijaaran.  
               (c)    Isaan sun dhufan

Himoota kanneen keessatti latiin danoommii **Fkn.1a** keessatti /-na/, fkn 1b, 1c keessatti /ca) n/ ta'a. Isa fkn 1a keessatti jechi ni + barat- na kana ture firoommii sagaleetiin gara ni barannaatti jijiirame.

Dhamsagni latii danoomaa dura argamu, kan dhamsagni latii danoomaa dura argamu, kan gulantaa /-t-/n, gara /-n-/ itti jijiirama.

Jeechoonni latiin danoomaa itti fufaman, kutaan jechaa (word class) isaan jalatti hiriran gocha waan ta'aniif danummaa ( -n/, /-a)/n mul'isu. Haa ta'u malee, maqaa hoggaa ta'an latii danummaa birootini. Fkn 2

- (a)    nama \_\_\_\_\_ namoota
- (b)    farda \_\_\_\_\_ fardeen
- (c)    jabbii \_\_\_\_\_ jabbilee /Jabboota

A. Addeessaa hoggaa ta'an ammo birdumaan (reduplication) agarsiisu.

Fkn 3

- (a)    xinnoo \_\_\_\_\_ xixinnoo
- (b)    guddaa \_\_\_\_\_ guguddaa

Hub:- maxxantoonni jala sararaman baay'ina maqaa agarsiisu

### **Deebii Gilgaala 9: Shaakala Danoomaa**

1.	daandiiawan	9 .	warshaalee
2.	qubbeen	10.	mukkeen
3.	bineensota	11.	laggeen
4.	gaalawwan	12.	raaddeen/raadolee
5.	gaaffiiawan	13.	sareelee/saroota
6.	mallattoolee	14.	beerreen
7.	tooftaalee	15.	gaarreen
8.	hoolota	16.	namoota

### **Shaakala Fufii**

#### **B. Fakkeenyaa kennameerratti hundaa'uun A fi B hojjechiisi.**

**A.** Gilgaala kana jalatti gaaffileen dhiyaatan gaaffilee akka barattoonni muuxannoo isaanii gara mata dureetti fidan taasisuudha, kanaaf akka muuxannoo isaanii waljijiiran kakaasi.

### **Yaadannoo waa'ee Fufii**

Afaan Oromoo keessatti fufileen gosa lamatu jiru. Isaanis: fufii duraa, fi boodaati. Fuftoonni jidduu Afaan Oromoo keessatti hedдумминаан hinmul'attu.

Kanaafuu Afaan Oromoo keessatti fufata latii jecha duraati yookiin maayiitti maxxanuudhaan bifaafi ykn hiika jechichaa jijjiiru (affixes), kan biroo ammoo, fufata jecha calqabatti fufamtu (Prefix). Akkasumas fufata xumura jechaarratti ida'amtu (Suffix) jedhamantu jira.

Fkn. nama \_\_\_\_\_ namoota

Nyaanne \_\_\_\_\_ hin nyaanne

- B.** (a) firummaa \_\_\_\_\_ fir – ummaa  
 (b) fardeen \_\_\_\_\_ fard-een  
 (c) hin kaatu \_\_\_\_\_ hin – kaatu  
 (d) olkaatee \_\_\_\_\_ ol – kaata  
 (e) gadkaate \_\_\_\_\_ gad – kaata

- (f) saroota \_\_\_\_\_ sar --- oota
- (g) walbeeku \_\_\_\_\_ wal --- beeku
- (h) ijoollummaa \_\_\_\_\_ ijooll-- ummaa

### Jechoota Tishoo

#### Deebii Gilgaala 10

- A. Gaaffileen gilgaala 11A jalatti kennaman muuxannoo barattootaa gara mata dureetti fiduufi waan ta'eef, barattoonni akka irattii mari'atanii yaada isaanii ibsan gargaari. Fakkeenya gilgaalicha dura kennamu wanta itti aanee dhufuu akka tilmaamaniif waan ta'eef akka qalbeeffatanii ilaalan godhi.
- B.
- |                    |                     |
|--------------------|---------------------|
| 1. dhugaatiilaafaa | 2. sanbataguddaa    |
| 3. dafqebulaa      | 4. xiinqoqa         |
| 5. mathima         | 6. sardiida         |
| 7. bu'ebahi        | 8. sablammii        |
| 9. managalmee      | 10. kubbaasaaphanaa |

#### Yaadannoo waa'ee tishoo/diigala/ Compounding

Jechoonni lama yookiin lamaa ol qindaa'anii jecha hiika adda ta'e qabu hoggaa tolchan jechi tolfame sun jecha tiishoo / compounding/ jedhama. Jechoonni tishoo maqaafi maqaa maqaafi maq-ibsa, maqaafi gochima, maqaafi dablagochimaafi kkf irraa ijaaramuu danda'u. Fkn 1.

- (a) maqaa + maqaa

Biftuun ganamaan mana barumsaa deemte

Hima fkn 1. Keessatti maqaa lama manaafi barumsa qindeessuun jechi haaraa yaada haaraa dabarsu tokko ijaarameera. Kan biroos kubbaa + miila , mana + galmee

- (b) maqaa + adeessaa

Fkn 2. Sanbata + guddaa  
bifa + badii

- (c) gochima + maqaa

Fkn. 3 qotee+ bulaa  
dafqee + bulaa

- (d) maqaa + dabala gochimaa  
Fkn. baha + fagoo

### **Gilgaala 11: Shaakala Hennaa Raawwimaafi Amsiiqaa**

#### **Deebii Gilgaala 12**

- A.** Gaaffileen gilgaala 12A jalatti kennaman muuxannoo barattootaa gara mata dureetti fiduufi waan ta'eef, barattoonni akka irratti mari'atanii yaada isaanii ibsan gargaari. Fakkeenya gilgaalicha dura kennamu wanta itti aaneedhufuu akka tilmaamaniif waan ta'eef akka qalbeeffatanii ilaalan godhi.
- B.**
1. Guddisaan Afaan Oromoo boqonnaan dura nubarsiise.
  2. Waaqumaan kaleessa Finfinneedhaa dhufe.
  3. Caalaan rafee jira.
  4. Feenet Amboodhaa dhufte.
- C.**
- (a) Raawwima Ammeennaa
    - 3 fi 4
  - (b) Darbeennaa
    - 1 fi 2
- D:** Gilgaala kana jalatti barattoonni fakkeenya gilgaalota 12(A-C)tti jiran irratti hunda'anii himoota isaanii akka ijaaran jajjabeessi.

### **Gilgaala 12: Shaakala Latoo**

#### **Deebii Gilgaala 13**

- A:** Gaaffileen gilgaala 13A jalatti ka'an muuxannoo barattoonni qaban gara mata dureetti ittiin fiduuf waan ta'eef barattoonni akka yaada isaanii bal'inaan irratti kaasan jajjabeessi.
- B:** Barattoonni fakkeenya kennameefirratti hundaa'anii gosoota latilee irratti hundaa'uun latii walabaafi walabalaa akka fakkeenya adda addaa kennengargaarii /jajjabeessi/.
- C:** Akkatuma qajeelfamaatiin latii meeqa meeqa akka qaban ammoo akka agarsiisan gochuun mirkaneeffadhu.

## Yaadannoo waa'ee Latii

### **Akaakuu Latiilee**

Latiileen afaan tokko keessatti jiran kamiyyuu caasaa saanitiin wixina, willaa akka jedhaman walitti dhufeenya tamsa'ina isaanitiin amala garagaraa qabu. Kanarratti hundaa'udhaanis latiileen qabiyyee saanitiin iddo lamatti qoodamu. Isaanis latii walabaa (free morphemes) fi walabalaa ( bound morpheme / jedhamu.

Haata'u malee, akaakuun latiilee biroo, laccii ( discontinuous morphemes), latii duwwaa ( zero morphemes ) akkasumas, birsaga ( super segmental) kan hiika jechaa yookiin himaa jijiiran jiru.

### Latii walabaa

Latiin tokko hiika mataasaa kan qabu, kophaasaa of danda'ee kan dhaabbatu yoo ta'e latii walabaa jedhama. Latiin walabaas latiilee tokko ol yoo of keessaa qabaate latii walxaxaa, yoo latii tokko kophaa qabaatemmoo latii qeenxee jedhama.

Fkn 1. (a) Jabbichi hodhe

(b) Fayyisaan qotiyyoosaa nyaachise.

Hima 1a keessatti jabbichi jedhu latilee jabbii + -ichi kan jedhurraa ijaaram. Latiin inni duraa hiika mataasaa kan qabuufi of danda'ee kophaasaa kan dhaabbatu waan ta'eef latii walabaa jedhama.

Hima 1b keessatti jechi nyaachise jedhu latiilee nyaat+-sis- +-e jedhaman latiilee sadirraa kan ijaaram. Inni duraa / nyaacha -/ wixina yookiin latii leexaa hoggaa ta'u /nyaachis-/ latii tokkoo ol waan qabuuf latii walxaxaa jedhama.

### **Walabalaa**

Latiileen kan akka /-ichi/ Fkn. 1b keessatti kan argaman, /-ich/, -e/ kan fkn. 2 keessatti argaman fakkaatan latii walabaafi hidhaman malee, kophaa saanii dhaabbachuu hindanda'an. Hiikaas hinqaban. Kanaafuu, latii wabala jedhaman.

#### 4. Gaaffiwan Keessa Deebii

A. Jechootaafi gaaleewan armaan gadii hiika kallattii kennaa

- |                |            |
|----------------|------------|
| 1. balbaloomse | 2. hiixuu  |
| 3. faallaa     | 4. qancara |
| 5. yabuu       |            |

B. Jechoota armaan gadiirraa fuftoota baasuun agarsiisi.

- |               |                |
|---------------|----------------|
| 1. firummaa   | 2. ijoollummaa |
| 3. fardeen    | 4. hindeemu    |
| 5. oljedhe    | 6. namoota     |
| 7. bilisummaa | 8. jabboota    |
| 9. sangoota   | 10. gaangota   |

C. Jechoota armaan gadii tisheessi

- |                    |
|--------------------|
| 1. adeemsa + gocha |
| 2. yoom + eessa    |
| 3. jala + bultii   |
| 4. mana + keessa   |
| 5. irra + jala     |

D. Jechoota armaan oliitti tisheessite kanneen garee jecha isaan irra uumamanii barreessi.

- |          |          |
|----------|----------|
| 1. _____ | 2. _____ |
| 3. _____ | 4. _____ |
| 5. _____ |          |

E. Himoota raawwima ammeennaafi darbeennaa agarsiisan shan shan barreessi.

Raawwiima ammeennaa

- |          |          |
|----------|----------|
| 1. _____ | 2. _____ |
|----------|----------|

3. \_\_\_\_\_ 4. \_\_\_\_\_

5. \_\_\_\_\_

Raawwiima darbeennaa

1. \_\_\_\_\_ 2. \_\_\_\_\_

3. \_\_\_\_\_ 4. \_\_\_\_\_

5. \_\_\_\_\_

F. Jechoota himoota armaan gadii keessatti jala sararaman irraa latoo walabaafi wabalaa/ofdanda'oofi hirkataa addaan baasi.

1. Tolaan abbaa isaa kaleessa huccuu bichisiise.
2. Tulluun kaleessa na sobsiise.
3. Gurbichi deemaa jira.

Daree tokko keessa barattoota gosa gara garaatu jiru. Kanaaf, barattoonni kun mala baruu-barsiisuu adda addaa barbaadu. Kunis, yoo xiqlaate barattoota gosa sadidaree tokko keessaa qabaachuu dandeecha; barattoota kana ammoo, gaaffiiwwan armaan gadii kana barattoota inni nimadaala jettuuf kennuufin barattoonni kee akka walqixa deeman gochuun sirraa eegama. Akkasumas, barattoonni muuxannoofi aadaa adda addaa keessatti guddatan dare keessatti simudachuu danda'u. Kanaaf, barattoota kee tutooriyaalii kennuufiin akka walqixa deeman gochuu hinirranfatiin. Kana malees, meeshaalee deeggarsaa kan mataduree kee wajjin deemu daree fiddee barsiisuu hinirraanfatiin. Sababni isaas, barattoonni haala adda addaati barachuu waan barbaadaniifi!

## **5. Madaallii**

### **Seensa**

Madaalliin barnoota kam keessattu baay'ee barbaachisaadha. Keessumattu barnoota afaanif baay'ee murteessaadha. Kanaafuu, barnoota guyyaa guyyaan adeemsiifamu keessatti barattoota madaalli itti fufiinsa qabuun madaaluun murteessadha. Kunis dadhabbinaafi cimina barattootaa adda baasuuf gargaara waan ta'eef. Madaalliin inni dhumaakuma maqaa isaa dhumarratti madaallii waliigalaati. Boqonnaa kana keessatti ogummaa afaanii hedduufi caaslugaa adda addaa madaalta. Fakkeenyaaaf, jechoota, gosoota fuftuu, akkaataa ijaarsa tishoo, akkaataa ijaarsa raawwimaa ammeennaafi darbeennaa, akkasumas, gosoota latiiti. Kanaaf, hojii guyyaa keessatti dhimmoota kana karaa itti fufiinsa qabuun madaali.

- 5.1** Dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu: Dandeettiwwan kun shaakala dhaggeeffanna duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffannatti fidduudha.
- 5.2** Barreeffama “HIV/AIDS” jedhu yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii mirkanoeffadhu.
  - Barreeffamicha si'a lamaa-sadi irra deebii'i dubbisif yeroo kana barattoonni hojii kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.
- 5.3** Jechoota akkaataa galumsa isaaniit in itti fayyadamuu isaanii mirkanoeffadhu.
- 5.4** ogummaa barreessuufi dubbachuu.

Barreeffamicha erga dhaggeeffatani booda gilgalota hubannoo wanta dhaggeeffataniifi muuxannoo qabaniin walitti fiduun akka barreessaniifi

dubbatan gochuun ykn akka mari'atan gochuun barbaachisaadha.

**5.5** ogummaa dubbisuufi dubbachuu

Akkuma yemmuu dhaggeeffachuuun duraa, shaakala dubbisuun duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi.

**5.6** Dubbisa “Dhukkuboota Walqunnamtii Saalaatin Darban” jedhu.

**5.6.1** Dubbisicha yeroo ati kennituuf keessatti callisaanii dhuunfaan dubbisuu isaanii too’adhu.

**5.6.2** Dubbisicha dubbisaatii gaaffiwwan kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu.

**5.6.3** Dubbisicha erga dubbisanii booda gaaffiwwan ati dubbisichaafi muuxannoo isaanii walqabsiistee gaaffiwwan qayyabannaaf dhiyaatan keessatti akka barreeffamaafi dubbachuudhaan dareef dhiyeessan taasisi.

**5.7** Shaakala dubbachuu

Barattoonni Gilgaala 7ffaarratti seera falmii eeguudhaan akka walmorman taasisi.

**5.8** Shaakala Caaslugaa

**5.8.1** Danooma

Afan Oromoo keessatti jechoonni akkamiatti akka danoomuu qaban gilgaalota qophaa'an (gilgaala 9) hojjechiisuun dareef akka dhiyeessan taasisi.

**5.8.2** Jechoota

Jechoonni dubbisa keessaa bahan akkaataa galumsa isaanitiin hiika isaanii kennuufi mirkaneeffadhu. Gilgaala 8ffaa akka shaakalan mirkaneeffadhu.

**5.8.3 Fuftoota**

Afaan Oromoo keessatti akkaataa maxxantoonni itti uumaman akka adda baafataniif gilgaala 10<sup>ffaa</sup> A fi B irratti kophaa'an hojjechiisun hubannoo isaanii mirkanoeffadhu.

**5.8.4 Akkaataa uumamiinsa jecha tishoo**

Afaan Oromoo keessatti jechoonni tishoo haala itti uumaman kan mirkanoeffachuu ta'u gilgaalli 11<sup>ffaa</sup> (A fi B) n dhiyaatanii jiru, kanarratti hundaa'uun shaakalsiisuun mirkanoeffadhu.

**5.8.5 Haala hennaa raawwima ammeennaafi darbeennaa, gochi tokko haalaafi yeroo itti raawwatu qaba. Kana mirkanoeffachuuuf gilgaalli 12ffaa (A, B, C fi D)n dhiyaatan hojjechisuun mirkanoeffadhu.**

**5.8.6 Latoo**

Afaan Oromoo keessatti latileen haala itti argaman mul'isuuf gilgaalli 13<sup>ffaa</sup>

(A, B, fi C) n dhiyaatanii jiru. Kanaaf, kana shaakalsiisuun hubachuu barattoota mirkanoeffadhu.

## BOQONNAA 3: SIRNA FUUDHAAFI HEERUMA OROMIYAA BAHAA

### (Wayitii 9) Dheerina wayitii tokkoo daqiiqaa 40

#### **Seensa Boqonnichaa**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni sirna fuudhaafi heerumaa Oromiyaa Bahaa maal akka fakkaatu hubatu. Sirna fuudhaafi heerumaa naannooisaaniirottis oddeeffannoo nigabbifatu. Kana malees, jechootaaf hiika galumsaa kennuu danda'u. Barannoo caaslugaa keessatti ammoo gaaleefi ciroo gosoota isaanii waliin adda baasanii hubatu. Dabalataanis sirba fuudhaafi heerumaa naannoo isaanii barreeffamaan dhiyeessu. Dhumarrattis faayidaa hennaa tarsiqaafi raawwiimaa darbeennaa hubachuun itti fayyadamu.

#### **1. Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda,barattoonni,**

- Sirna fuudhaafi heerumaa Oromiyaa Bahaa irratti hubanno cimsatu.
- Sirna fuudhaafi heerumaa naannoo isaanii irratti odeeffannoo ballifatu.
- Jechootaaf hiika galumsaa kenu.
- Gaaleefi gosoota isaa hima keessaa addaan baafatta.
- Ciroofi gosoota isaa hubatu.
- Sirba aadaa naannoo isaanii irratti hubannoo gabbifatu.
- Faayidaa hennaa tarsiqaafi raawwiimaa darbeennaa hima keessatti addaan baafatta.

#### **2. Qabiyyee**

- Sirna fuudhaafi heerumaa Oromiyaa Bahaa
- Sirna fuudhaafi heerumaa naannoo barattootaa
- Hiika galumsaa jechootaa
- Gaaleefi gosoota isaa
- Ciroofi gosoota isaa
- Sirba aadaa naannoo barattootaa
- Faayidaa hennaa tarsiqaafi raawwiima darbeennaa

### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dbbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

###### **Deebii gilgaala 1**

- A. Gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan gareen akka irratti mari'atan godhi. Kaayyoon gilgaala kanaas barattooni osoo dubbisa dhiyaatetti hince'iin dura dhimmoota yaada dubbisa dhiyaate wajjin walqabaturratti mari'achuun hubannoo jaraa akka gabbifataniif. Kanaafuu, gilgaalli kun deebii murtaa'aa ta'e tokko hinqabu.
- B. Hiika jechoota gilgaala kana jalatti dhiyaatan osoo gara dubbisaatti hinseeniin akka barattooni tilmaamanu godhi. Fakkeenya: bultii =jireenya

##### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

###### **Deebii gilgaala 2**

- A:
1. Isaanis:kaadhimachuu, waliin deemuu, butuu, cabsaafi aseennaadha.
  2. Gabbarri maallaqaafi loon warra intalaatiif kennamau. Gabbartiin ammoo tajaajila warra intalaatiif godhamu
  3. Kunis eeyyamaafi fedhii jara lameenii irratti hundaa'a.
  4. Intala fedhii ishii malee boortaan fuudhuudha.
  5. Cabsaan osoo intalaafi warri ishii quba hinqabaatiin harruma itti seenanii intala baafachuudha
- B: Dubbisa dubbiste irratti hundaa'uun yaada sirii ta'e "Dhugaa" kan sirii hintaane ammoo "Soba" jechuun deebisi.
- |           |           |         |
|-----------|-----------|---------|
| 1. Dhugaa | 2. Soba   | 3. Soba |
| 4. Dhugaa | 5. Dhugaa |         |

- C: Dubbisa irratti hundaa'uun deebii barreeffamaan kenni.
1. Dura, warra gurbaatu intala ulaagaa isaan barbaadan guutu filata. Dhiheenya kana ammoo jaruma lameeniitu walilaallatee warraan gayata.
  2. Inni duraa, osoo jaalalli gurbaafi intalaa jiruu warri intalaa yoo eeyyamuu baatan yookiin eeyyama duraanii diiguuf yoo yaalan, jarri lameen waliiin badan. Inni lammafaan, fedhii intalaa malee, fakkeenyaaaf, bu'aa argachuuf yoo nama niitii biraa qabuuf kaadhimamte, intalli gurbaa jaalattu wajjin deemuuf murteessiti.
  3. Aanteefi hiriyoони isaa loonifi qarsii waliti buusuun kaaloo kennuuf.
  4. Tokko, osoo guduunfaa geeffachuuuf hinyaaliin haallan butiif gurbaa kakaasan yoo jiraatan. Lammatammoo adeemsa kaadhimmachuurra osoo jiruuiis butuuf nimala. Sadi, erga sirni kaadhimmachuu raawwatee boodas yoo warri intalaa ayyana qabuuf rincican yookiin yoo guyyaa keessa yaada isaanii jijiran gurbaan butuuf murteessa.
  5. Tokko, gurbaan intala ilaallate sirnaan kadhimachuufi kurfii cidhaatiif yoo harki gabaabbate cabsaa seena. Karaa biraatiin gurbaan sirnaan kaadhimatee, qophii cidhaa xumuree, intala baafachuuf manaa bahe, yoo sababii kaadhimni isaa butamteef, baddeefi kkf milkaa'uun baate harka qulla galuu mannaa cabsaa seena.
- D: Jechoonni gilgaala kana jalatti kennaman dubbisa mataduree "Sirna Fuudhaafi Heeruma Oromiyaa Bahaa" jedhu keessaan kan bahan. Atis jalqaba barattoonni dhuunfaan akka hiika galumsa jechootichaa akka tilmaaman godhi. Itti aansuun gareen ta'uun akka irratti mari'atan taasisi.

1. hundeessuu, jalqabuu
2. qabeenya
3. dimsha, tajaajila warra intalaaf godhamu
4. waliigaltee, nagaa
5. gargaasa, kennaa, deebii miidhaa tokkoof godhame
6. fira, nama itti dhiyeenya qabu
7. humnaan, dirqamaan, hirreen
8. haasaa, haala
9. goса
10. haala, aadaa, jirenya

### **Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

#### **Deebii gilgaala 3:**

Gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaataniif deebii murtaa'aa argachuu dhabuu nidandeessa. Xiyyeeffannaa kee ta'uun kan qabu hangam barattoonni yaada dubbisa dhiyaatee haala jirenya isaaniifi naannoo isaanii wajjin walqabsiisaniiru isa jedhu haata'u. Atis barattoonni yaada isaanii dhiyeessu irratti akka xiyyeeffatan gorsi.

### **Barannoo 2: Shaakala Caaslugaa**

#### **Deebii Gilgaala 4:**

- A
1. Namni hamaan ( gaalee maqaa) ofuma miidha.
  2. Jaalalli dhugaa ( gaalee maqaa) gatii hinbarbaadu.( gaalee gochimaa)
  3. Onismoos Nasiib (maqaa) kitaabota heddu Afaan Oromootiin barreesse (gaalee gochimaa)

4. Daadhiin bardheengaddaa eebbfame.(Gaalee gochimsaa)
  5. Konkolaatichi saffisaan fiiga ( gaalee gochimsaa)
  6. Saafa'een lukkuu diimaa qalte. (Gaalee maqibsaa)
- B. Himooni isaanii gosoota gaalee hunda kan mul'isan ta'uun isaanii mirkaneeffadhu.

### Deebii Gilgaala 5:

1. Yoo gara magaalaa deemte, huccuu naaf biti.
2. Eega isaan rafanii hattuun sangaa isaanii fudhatte .
3. Yemmuu nu'i dhufnu, ishiin deemte .
4. Toltuun eega dhirsi irraa du'ee hinheerumne .
5. Daa'imni dhibee sombaatiin qabamnaan, gara mana yaalaa geessuu qabna .

### Deebii Gilgaala 6:

Himoota armaan gadii keessatti, hennaa tarsiqaan osoo jala hinsarariin, Raawwiimaa darbeennaa ammoo, jala sararuun adda baasii agarsiisi.

1. Yemmuu inni dhalatu, abbaan isaa du'eera.
2. Yemmuu bokkaan roobu, midhaan hammameera.
3. Erga laaqana nyaannee, buna dhugne.
4. Kaleessa osoo aduun hinbahiin, hojji eegalleerra.
5. Erga haati Toltuu duutee, qorichi dhibee ishii argame.

### Deebii Gilgaala 7:

Gilgaalli kun barattooni Afoola Oromoo keessa isa tokko kan ta'e sirba gaa'ilaa funaanuun akka barreessaniifi. Sirbi isaan barreessan kan gaa'ilaa ta'uufi ta'u baachuu mirkaneessi. Barattooni dandeettii qaban dareetti sirbaanii akka agarsiisan jajjabeessi.

#### **4. Gaaffiiwan keessa deebii**

- A.** Gaaffiiwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kenni.
  - 1. Sirna fuudhaafi heerumaa sabaafi sablammiiwwan Itoophiyaa kan Oromoona alaa keessaa kan tokkoo namoota nibeekan jettee amantu dubbisuun gabaabsii barreessii dareef dhiyeessi.
  - 2. Tokkummaafi garaagartii sirna fuudhaafi heerumaa Oromiyaa Bahaafi kan naannoo keetii afaaniin ibsi.

#### **5. Madaallii**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni dubbisa matadree “Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromiyaa Bahaa” jalatti dhiyaate dubbisanii yaada isaa hubachuu isaanii mirkanoeffadhu. Kana malees, sirni fuudhaafi heerumaa aadaa Oromo keessaatti bakka inni qabu sirriitti addaan baasanii hubachuu isaanii mirkanoeffadhu. Dabalataanis, sirna fuudhaafi heerumaa naannoo isaanii keessaa tokko filachuun irratti barreeffama qopheessanii dareef dhiyeessuu jaraa qulqulleeffadhu. Kana malees, hiika jechootaa haala galumsa isaaniin addaan baasanii kennuu danda’uu jaraa mirkanoeffadhu. Gaaleefi gosoota gaalee addaan baafachuu isaanii, ciroofii gosoota ciroo addaan baafachuu isaanii, afoola sirba fuudhaafi heerumaa naannoo isaanii barreeffamaan dhiyeessuu isaanii, hima tarsiqaafi raawwimaa darbennaa qaban hima sirrii ijaaruu isaanii mirkanoeffadhu.

## BOQONNAA 4: TOLTUUFI HIREE ISHII (Wayitii 8)

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni, dubbisa “Toltuufi Hiree Ishii” jedhu dubbisuun, walqixxummaan korniyaa dhabamuu isaatiin miidhaa hawaasa keessatti shamarranirra gahaa jiru hubatu. Kuni ammoo miidhaa kana hambisuu keessatti gahee isaanii akka gumaachan isaan danddeessisa. Shaakaloonni boqonnaa kana keessatti laataman ogummaawwan afaanii adda addaa akka cimsatan isaan taasisa. Kutaa caaslugaa boqonnaa kanaa keessatti, bamaqaa, sirna tuqaalee-qub-guddeessaafi qoodduu; akkasumas, hennaa muraannaa hubachuun barreffama isaanii keessatti akka itti fayyadaman isaan gargaara.

### 1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- asoosama dubbisuun ergaa isaa hubatu.
- jechootaaf hiika galumsaafi hiika kallattii kenuu.
- bamaqaafi faayidaa isaa hubatu.
- sirna tuqaalee keessaa qubguddeessaafi qoodduu barreffama keessatti sirriitti itti fayyadamu.
- hennaa muranna hima keessa galchuun itti fayyadamu.

### 2. Qabiyyee

- Ogummaa dubbisuufi dubbachuu
- Dubbisa, “Toltuufi Hiree Ishii” jedhu
- Hiika jechootaa
- Bamaqaa, ramaddii, saalaafi faayidaa isaa
- Qub-guddeessaafi qoodduu
- Hennaa muranna
- Keeyata barreessuu

### **3. Mala Baruu-barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Shaakala Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni dubbisatti osoo hinseeniin, jechoota/gaaleewan dubbisicha keessatti hiika isaanii hubachuuf rakkisuu danda'an dursanii akka beekaniifi beekumsa isaanii waliigalaas gara dubbifamichaatti fiduun akka dhaamsa dubbisichaa hubataniif. Kanaafuu gaaleewan 'A' jala jiran yoo kan hinbeekne ta'e hiika isaanii itti himi.

##### **Deebii gilgaala 'A'**

1. Qaana'uu dhiiste.
2. Du'e.
3. gammachuun utaaluu
4. Okkotee bishaanii xiqqoo shamarran xixiqqoon ittiin bishaan waraabaa.
- B. Shaakala kanaaf deebiin sirrii ta'e kana jechuu osoo hinta'iin barattoonni yaada isaanii bal'inaan akka ibsat an jajjabeessi.

##### **Deebii Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

##### **Deebii shaakala A**

Kaayyoon shaakaloota gilgaala kanaa barattoonni baroeffamicha saffisaafi akkaataa addaddaan dubbisuun ogummaalee dubbisaa addaddaa akka shaakalaniifi. Kanaan walitti qabatee shaakaloonti hunduu kaayyoo mataa isaanii qabu. Kanaafuu barattoonni ajajawwan shaakalootaaf kennaman hubannoonaan dubbisuun gaaffiwwan akka deebisan taasisi.

- A. 1. Gaa'ilila ilaachisuun walqixxummaan koorniyaa kan hinjirre ta'uufi miidhaa sababa gaa'ilatiin shamarranirra gahaa jiru agarsiisa.
2. Torba
3. Soba. Shamarran hindanda'an.
4. Namittuu hinheerumne.

5. Goflaa
6. Wareega intalli isaa akka guddattuuf godheefi.
- B.**
1. Hireen Toltuu akka maqaa ishii tolaa miti. Kan rakkinaan guuttame. Dhiibbaa kana hundas kan itti fide ilaalcha duubatti hafaa hawaasa ishiin keessatti guddatteeti.
  2. Aadaa hawaasichaati.
  3. Hawaasa keessatti dhiirri filannoo hiriya fuudhuu barbaaduu bal'aa kan qabu ta'uudha.
  4. Waarsaa ishii dhaalu ishii dhabsiise.
  5. Wanti ibsame hinjiru. Kanaafuu, argachuuf dhabuun hinbeekkamu.
  6. Hingeeny. Eebbi isaanii, ibiddi gabbataan akka bahuuf yoo ta'u, ishii garuu gaa'ilaa gammachuun hinqabne, kan rakkinaaf ishii saaxiletu ishii qunname.
- C:**
1. nihamatu
  2. cimtuu/collee
  3. yaada madaallii/yaada qorannoo
  4. yaadannoo badaa/yaadannoo miidhaa yeroo darbee
  5. gammachuun u'utaalaa
  6. cimsee itti hime
  7. Okkotee bishaanii xiqqoo shamarran xixiqqaan ittiin bishaan waraabaa
  8. kan gargaarsa hinqabne
- D:** Himoonni isaan barreessan hiika jechootichaa hubachuu isaanii akka mirkaneessu hubadhu.
- E:**
1. Quba itti qabu----- quba gara ishiitti agarsiisu
  2. Kaamettii----- collee
  3. Qeeqa----- madallii

4. Madaa----- miidhama qaamaa waan qaraan of muruun/wayiin rukutamuun/kufuufi kkf uummamu.
5. Kukkuruphisaa-----u'utaalaa
6. itti seerate----- seera itti tumate
7. buyyiitii----- ubboo bishaanii xiqqoo
8. ko'eettii ----- nama gargaarsa dhabuun jiruun guutufii dhabe

### **Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattooni dhaamsa barreeffama dubbisan keessaa argatan haala qabatamaa naannawa isaaniin wal-maddii qabanii ilaaluun akka hojiitti hiikaniifi. Kanaafuu, deebiwwan gaaffiwwan kanneenii, sirriidha ykn sirrii miti jechuu osoo hinta'iin, hubannoo isaanii bal'inaan akka ibsat an jajjabeessi.

### **Barannoo 2: Shaakala Ogbarruu**

#### **Deebii Gilgaala 4:**

1. Mammaaksonni isaan barreessan dhugumaan hawaasa keessatti kan mammaakkamaniifi kan gadi-aantummaa dubartootaa agarsiisan ta'uuhubadhu.
2. Walaloon isaanii seera walaloon ittiin barreeffamu guutuun barreeffamuufi ergaa barbaaddame kan dabarsu ta'uuh mirkaneessi. Barattooni muraasni dareetti akka dubbisan taasisuun barattooni kaan akka yaada irratti kennan taasisuun, walaloowwan isaanii haala marii sanaan sirreessanii akka barreessan jajjabeessi.

## Barannoo 3: Shaakala Caaslugaa

### Deebii Gilgaala 5:

Himoota isaanii keessatti bamaqoонни isaan itti fayyadaman akka maqaa bakka bu'an mirkaneessi.

### Deebii Gilgaala 6:

#### Barattuu Cimtuu

Ayyaantuun barattuu cimtuu mul'ata guddaa qabdu. Maatiin ishii yeroo heddu barumsa addaan kuttee akka heerumtu dirqisiisuuf yaalanillee, ejjennoo cimaa qabaachun diddee barumsa ishii itti fufteetti. Tarfaasaan, barsiisaan ishii kan Afaan Oromoo, yeroo hunda ishii gorsa. Kun ammoo hamilee ishii daran jajjabeesseera. Bardheengaddaa barattoota mana barnootaa ishii hunda keessaa tokkoffaa bahuun iddo keessummoonni kabajaafi maatiileen barattoota argamanitti badhaafamteetti. Gara fuulduraa piroofeesera taatee guddina Afaan Oromootiif qu'anno addaddaa gaggeessuu feeti. Biiron Dhimma Dubartootaafi Daa'immaniifi Biiron Barnootaa Oromiyaa barattoota shamarranii ciccimoo akka Ayyaantuun deeggaranii jajjabeessuun mul'ata isaanii akka fiixan baafatan gochuuf hoijetaa jiru.

### Deebii Gilgaalaa 7:

Himoonni isaan barreessan, akkaataa fakkeenyota kutaa barnootaa san keessatti laatameen, hennaa muraannaan kan agarsiisan ta'u hubadhu. Himoota isaaniif akka ibsa kennan gaafadhu.

## Barannoo 4: Shaakala Barreessuu

### Deebii gilgaala 8

Keeyata isaanii keessatti qub-guddeessaafi qoodduu sirriitti itti fayyadamuu isaanii mirkaneeffadhu.

## **4. Gaaffiiwwan keessa Deebii**

Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi.

Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Ummata naannoo keetti walqixxummaan koorniyaa hagam dhugome?
2. Dhiibbaan dubartotarra gahu bifa akkam akkamiin ibsama?
3. Jechoota /gaaleewwan armaan gadiif hiika kallattii kenni.
  - a) gaa'ila \_\_\_\_\_
  - b) waarsaa \_\_\_\_\_
  - c) kaamettii \_\_\_\_\_
  - d) ibidda gabbataa \_\_\_\_\_
4. Seera itti fayyadama qubguddeessaafi qoodduutti siirriin itti fayyadamuuun mata duree "Barnoota Shamarranii" jedhurratti keeyyata tokko barreessi.
5. Henna murannaatti fayyadamuuun himoota shan barreessi.

## **5. Madaallii**

Dhuma boqonnaa kanaatti, barattoonni dandeettiwwan armaan gadii gonfachuu isaanii mirkaneeffadhu.

- Barreeffama dhiyaateef, saffisaan, sakattaafi suuta dubbisuun dhaamsa addaddaa barreeffamicha keessaa hubachuu isaanii,
- Jechoota dubbifama keessaa bahaniif hiika galumsaafi hiika kallattii laachuu danda'uun isaanii mirkaneeffadhu. Wantoota hiika jechootichaa tilmaamuun isaan danddessise hubachuu isaanii ,
- Mammaaksota naannawa isaaniitti mammaakaman kan gadi-aantummaa dubartootaa mul'isan funaananii barreessuu isaanii,
- Maalummaa, tajaajila, ramaddiifi saala bamaqaa hubachuufi himoota isaanii keessatti itti fayydamuu isaanii,
- Qub-guddeessaafi qoodduu barreeffama isaanii keessatti itti fayydamuu isaanii,
- Maalummaafi tajaajila hennaa murannaah hubatanii himoota isaanii keessatti itti fayydamuu isaanii.

## Boqonnaa 5: Burqaafi Dureettii

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattooni mata-duree, “Burqaafi Dureettii” jedhu dubbisuun, faayidaa nama haara’ a walbaraniin walqorachuun qabu akka hubatan taasisa. Akkasumas, akkaataa barreeffamni kalaqaa ittiin barreefamu hubatu. Gama biraatiin, ogummaa barreeffama isaanii dhiyaate akkaataa addaddaatiin dubbisuun dhaamsa gaaffiwwan gosoota addaddaa deebisuu shaakalu. Dabalataanis, dandeettii jechootaaf hiika galumsaa; akkasumas hiika kallaattii laachuu cimsatu. Barannoo Caaslugaa keessatti ammoo, bamaqaafi faayidaa isaa, sirna tuqaalee keessaa qubguddeessaafi qoodduu barreeffama keessatti sirriitti itti fayyadamuu, akkasumas, hennaa muranna hima keessa galchuun itti fayyadamuu akka isaan danda’an gargaara.

#### **1. Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda, barattooni:**

- barreeffama dhihaatef dubbisuun, ergaa isaa walii-galaafi ergaalee xixiqqaa hubatu.
- hiika galumsaa jechootaa himu.
- Barreeffama keessatti sirna tuqaalee-sarara xiqqaa, sarara guddaafi itti fufaatti fayyadamuu himoota addaddaa barreessu.
- seenaa hidda dhaloota isaanii barreeffamaan, fakkii fi afaaaniin ibsu.
- hennaa murannaafi muranaalaa himoota keessatti sirriitti itti fayyadamu.

#### **2. Qabiyyee**

- Dubbisuufi dubbachuu
- Dubbisa, “Burqaafi Dureettii ” jedhu.
- Hiika jechootaa
- Caasluga- Bamaqaa, sirna tuqaalee-sarara xiqqaa, sarara guddaafi itti fufaa, henna muraannaafi muraannaalaa
- Hidda dhalootaa barreessuu.

### **3. Mala baruu-barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Deebii Gilgaala 1:**

Kaayyoona shaakala kanaa barattoonni osoo barreeffama dhiyaateef dubbisuu hineegaliin beekumsa waliigalaa dubbifamicharratti qaban akka yaadataniifi. Kun ammoo barreeffamicha haala gaariin dubbisanii akka hubatan haal-duree mijeessaaf. Kanaafuu gaaffiwwan kana gareen irratti mari'atanii gama bakka bu'aa isaaniin dareef akka dhiheessan taasisi. Deebii isaanii siirriidha ykn sirri miti jechuu osoo hintaane, yaada isaanii sababa waliin akka dhiheessan gochuutu barbaachisa.

##### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Kaayyoona shaakaloota kutaa kana jalaa barattoonni yeroo barreeffamicha dubbisan tarsiimmoowwan dubbisaa addaddaa akka shaakalaniifi. Kanaan walitti qabatee shaakalooni hundinuu kaayyoo mataa isaanii qabu. Kanaafuu, barattoonni ajaja shaakalootaaf kenname hubannoон dubbisuun gaaffiwwan akka deebisan taasisi.

#### **Shaakala yeroo dubbisuu**

##### **Deebii shaakala A.**

1. Kalqaan barreeffame. Kaayyoo boqonnichaa keessatti, asoosama dhihaate nidubbisu jedha.
2. Ilma jaarsaa waan ta'eef hasa'a jaarsummaa dhaggeeffachaa guddachuun isaati.
3. Akka tasaa waan walbaraniifi.
4. Nama haara'aan yeroo walbarru osoo faaran walitti dhihaachuun waa heddu keessa hinseenin, siriitti walqorachuun barbaachisaa akka ta'e. Fakkeenyaaaf, namoonni firooma dhiheenyaa qaban jaalala keessatti kufuu malu.
5. Nama 3<sup>faa</sup>n seeneeffame. Seenaan kana keessatti , seenessaan waa'ee

mataa isaa osoo hinta'iin, waa'ee namoota biraan hima.

- B.**
  1. Namni hawaasummaan jiraata jechuun, ilmi namaan gurmuun jiraata; namni qofaa ofii jiraachudhaan jirenya fayya-qabeessa jiraachuu hindanda'u jechuudha. Kun ammoo dhugaa ta'uu isaa haala qabatamaa jirenya keenyaarrraa hubachuu dandeenya.
  2. Faayidaas miidhaas qabachuu danda'a. Namni namoota kaaniin dafee walii galee jiraachuu danda'uun isaa mallattoo sammuu nagaa qabeessa ta'e qabaachuti. Namootaan dafnee walii galuu danda'uun, hojii keenya haala gaariin akka raawwannu nudanddeessisuun ala, carraa addadaas nuuf banuu mala. Haa ta'u malee, nama agarre hunda waliin battalumatti walbaruun icciitii keenya hunda itti himuun, miidhaa hineeggamne nurra bulchuus mala. Asirratti eenyummaa nama walbarreenii suuta hubachuun barbaachisaadha.
  3. Dandeettiin akkanaa kan uumamaanis jiru ta'ee haala guddinaatiin kan gabbatu ta'a. Fakkeenyaaf Burqaa yoo fudhanne, haalli inni itti guddate, danddeettii isaaf gumaacheera.
  4. Burqaan danddeettii dafee namaan walbaruufi dandeettii haasa'aas akka qabu ibsa.
  5. Intala qaamaan miidhagduu, sammuu bilchaattuu.
  6. Magaalaa Galaanitti.
  7. Adeemsa uumamaa keessattis ta'ee, jirenya hawaasummaa keessatti, wantoonni haala gaariin akka deeman, wanti dursuun irra jiraatu dursuu qaba jechuudha.
  8. Tasa Ummanni Oromoo iddo baayyeetti hanga abba-torbaatti wanta walhinfuuneef, dogoggora akkasii keessa akka hingalleef ta'uu mala.
  9. Fira ta'uu isaanii waan baraniif.
  10. Akka walghan tilmaamuun nidanda'ama. Sababni isaas, Shaashamanneedhaa gara mana Roobaleetti faradoo yaabbatanii adeemuu eegalaniif waan tureef, dhiyootti walarguun isaanii hin'oolu.

Dhumarrattis, "namni lubbuun jiru walarga jedhama mitiiree?" jedha.



## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Kaayyoon gilgala kanaa barattooni dhaamsa barreeffama dubbisan keessaa argatan haala qabatamaa naannoo isaaniin wal maddii qabanii ilaaluun akka hubatanifi. Hubannoo argatanis akkamitti jirenya isaanii keessatti akka itti fayyadaman akka yaadaniifi. Kanaafuu, deebiwwan gaaffiwwan kanneenii, sirriidha ykn sirrii miti jechuu osoo hinta'iin, hubannoo isaanii bal'inaan akka ibsatani jajjabeessi.

## Barannoo 2: Shaakala Caaslugaa

### Deebii Gilgaala 4.

Himoonni isaan barreessan faayidaafi garaagarummaa hennaawwan lamaanii kan ibsan ta'uu mirkaneessi. Himoota isaaniirratti ibsa akka laatan gochuun hubannoo isaanii ilaali. Yoo barbaachisaa ta'e, shaakala mataa keetii lattefi akka isaan dabalataan shaakalan taasisuu dandeessa.

## Barannoo 3: Shaakala Barreessuu

### Deebii gilgaala 5.

1. Ilmi abbaa Jabal, Hiikaan\_ osuma jennu yeroo ammaa kana biyya Ameerikaatti Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii keessatti hojjeta\_ bara dhalatu ani kutaa shanaffaan baradha ture.
2. Haati Daraartuu intalli ishii jalaa dhibamnaan ganda waa-beekaa deemtee furmaata argatte.
3. Yaroo lammaffaaf isa waliin qaaqee hinbeeku\_ inni yeroo tokkoo sunuu gahaadhaa ol ture.
4. Osoo Qarshii miiliyoona diigdamii-torba argattee maal ittiin goota?
5. Torbee dhufu keessa giddu-galaafi Lixa Oromiyatti roobni cimaan nirooba jedhamee eeggama.
6. Fufaan yeroo gabaa bahu qarshii dhibba qaba ture; yeroo manatti galu garuu....

### Deebii Gilgaala 6.

- A. Caasaan isaan barreessan sirrii ta'uu hubadhu. Barreeffama isaanii caasicha hordofuun akka siif ibsan gaafadhu.
- B. Madda amanamaafi sirrii ta'e argachuun barreessuu isaanii mirkaneessi. Madda odeeffannoo isaanii gaafadhu.
- C. Barreeffama kana irraa funaanii sirreessif. Barreeffama kanaaf, qabxii laachuun madaallif itti fayyadamuu dandeessa.

#### **4. Gaaffiiwan Keessa Deebii**

Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi.

Gaaffiiwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Muudannoo Burqaafi Dureettiirraa maal hubatte?
2. Barreffama kalaqaafi barreffama dhugaa maaltu adda taasisa?
3. Dandeettiin asoosama barreessuu uumamaan argama moo barnootaan gabbata?
4. Barreffama keessatti tajaajila sarara xiqlaafi sarara dheeraa adda baasii barreessi. Fakkeenya himoota lamaan isaanii keessatti tajaajilaman afur barreessi.
5. Garaagarummaa hennaa murannaafi murannaalaa ibsi. Hennaawwan kanneen lamaaniin himoota shan barreessi.

#### **5. Madaallii**

**Dhuma boqannichaarratti, barattoonni danddeettiwwan armaan gadii gonfachuu isaanii mirkaneeffadhu.**

- Barreffama dhihaateef, saffisaan, sakattaafi suuta dubbisuun dhaamsa addaddaa barreffamicha keessaa hubachuu
- Jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika galumsaa laachuu danda'uu,
- Tajaajila sarara dheeraa, sarara xiqlaafi, fuftuu hubachuun himoota isaanii keessatti itti fayyadamuu danda'uu
- Seena hidda dhalootaa isaanii caaseffamaafi, barreffamaan barreessuu danda'uu
- Hennaawwan murannaafi muraannalaa tajaajila isaanii hubachuun himoota isaanii keessatti itti fayyadamuu danda'uu.

## Boqonnaa 6: Onesmoos Nasiib (Wayitii 9)

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni mata-duree, “Onesmoos Nasiib” jedhu dubbisuun seenaa jirenya Onesmoos Nasiibfi jaalala guddaa uummata isaaf qaburraa ka’uun gumaacha inni guddina Afaan Oromoof godhe akka hubatanii dinqisiifatan isaan taasisa. Gama biraatiin, ogummaa barreeffama isaanii dhiyaate akkaataa addaddatiin dubbisuun dhaamsa gaaffiwwan gosoota addaaddaa deebisuu shaakalu. Dabalataanis, ogummaa jechootaaf hiika galumsaa laachuu cimsatu. Caaslugaan walqabatee ammoo, garaagartii sirna tuqaalee mallattoo waraabbii dachaa ( “ ” )fi mallattoo waraabbii queenxee ( ‘ ’ ) hubachuun himoota keessatti sirriitti akka itti fayyadaman; akkasumas, maqaafi gosoota maqaa adda baasuun akka hubatan isaan gargaara. Dhumarrattis geerarsaafi seenaa namootaa barreessuu akka shaakalan isaan jaijabeessa.

### 1. Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda barattoonni:

- namoota guddina Afaan Oromoof gumaacha godhan/bu’aa qabatamaa buusan himu.
- saffisaan dubbisuun yaadawan ijoo/gurguddaa adda baasuun himu.
- sakattaan dubbisanii qabxiwwan gooree adda baasu.
- hiika galumsa jechootaa himu.
- seenaa namoota Afaan Oromoo guddisuuf carraaqanii barreessu.
- sirna tuqaalee mallattoo waraabbii dachaa ( “ ” )fi mallattoo waraabbii queenxee ( ‘ ’ ) himoota keessatti sirriitti itti fayyadamu.
- maqaafi gosoota maqaa adda baasanii himu.
- geerarsa barreessuu ergaa inni dabarsu ibsu.

### 2. Qabiyyee

- Dubbisuufi dubbachuu
- Dubbisa, “Onesmoos Nasiib” jedhu.
- Hiika jechootaa
- Caasluga- waraabbii dachaafi waraabbii queenxee, maqaafi gosoota maqaa
- Geerarsaafi seenaa namootaa barreessuu

### **3. Mala baruu-barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni osoo barreeffama dhiyaateef dubbisuu hineegaliin beekumsa waa'ee Onesmoos Nasiib ilaalcisuun qaban akka yaadataniifi. Kuni ammoo barreeffamicha haala gaariin dubbisani akka hubatan haal-duree mijeessaaf. Kanaafuu, gaaffiwwan kanneen gareen irratti mari'atanii gama bakka bu'aa isaaniin dareef akka dhiheessan taasisi. Deebii isaanii siirriidha ykn sirii miti jechuu osoo hintaane, wanta beekan qofa akka walitti himan gochuutu barbaachisa.

##### **Gilgaala 2: Shaakaloota Yeroo Dubbisuu**

Kaayyoon shaakaloota kutaa kana jalaa barattoonni yeroo barreeffamicha dubbisan tarsiimmoowwan dubbisaa addaddaa akka shaakalaniifi. Kanaan walitti qabatee shaakalooni hundinuu kaayyoo mataa isaanii qabu. Kanaafuu barattoonni ajaja shaakalootaaf kennaman hubannoон dubbisuun gaaffiwwan akka deebisan taasisi.

##### **Deebii gilgaala A.**

1. Hiikaa
2. Saddeet
3. Weerartootaan hatameeti.
4. Hinmilkoofne. Sababni isaas, mootummaan Minilik eeyyama wanta dhoorkateef.
5. Karaa Sudaan

##### **B. Akkaatuma odeeffannoo barreeffamichaatiin, himoota armaan gadii soba ykn dhugaa jechuun sababa wajjiin deebisi.**

1. Soba. Weerartoota yeroo duraaf isa hate gurguretu baaseef.
2. Dhugaa
3. Soba. Itti aanaa itti gaafatamaa Qoontsilaa Faransaayi kan ture, nama Weerner Munziinger jedhamutu bilisa isa baase.

4. Dhugaa
  5. Dhugaa
  6. Soba. Magaalattiin dangaa Itoophiyaafi Sudaanirratti argamti malee Itoophiyaa keessatti argamti kan jedhu
  7. Dhugaa
  8. Dhugaa
  9. Soba. Hanqina jechootaafi jechamoota Afaan Oromoo wanta qabuuf gargaarsa Asteer Gannoo barbaadee argate.
  10. Dhugaa
- 2C 1. qarqara      2. hanqina  
       3. makamuu                          4. haquu  
       5. gargar baasuu

### **Deebii Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni, wanta seenaa jireenyaa Onesmoos Nasiibirraa hubatanirraa ka'uun, wanta isaanirraa eeggamu akka yaaduu danda'an taasisuufi. Kanaafuu hubannoo isaanii akka ibsan jajjabeessi.

### **Barannoo 2: Caasluga**

#### **Maqaafi Gosoota isaa**

Deebii gilgaala 4.

1. Garbuun Baaleetti bal'inaan oomishama.  
 Garbuu--- maqaa gamtaa  
 Baale----- maqaa dhuunfaa
2. Hiyyummaan kabaja nama dhoorka.  
 Hiyyummaa--- maqaa killayyaa  
 Nama-----maqaa gamtaa
3. Ejjetaan hoolaa qalachuuf albee qare.  
 Ejjetaa---- maqaa dhuunfaa

- Hoolaa--- maqaa gamtaa  
Halbee---- maqaa gamtaa
4. Oromiyaan Albuuda hedduu qabdi.  
Oromiyaa---- Maqaa dhuunfaa  
Albuuda---- maqaa gamtaa
5. Ummanni Chaayinaa hojiidhaan cimaadha.  
Uummanni--- maqaa dimshaashaa  
Chaayinaa--- maqaa dhuunfaa  
Hojii--- maqaa killayaa
6. Obbo Ayyaanaan saawan baayyee qabu.  
Ayyaanaa--- maqaa dhuunfaa  
Saawa--- maqaa dimshaashaa
7. Finfinneen handhuura Oromiyaatti.  
Finfinnee--- Maqaa dhuunfaa  
Handhuura---maqaa gamtaa  
Oromiyaa--- maqaa dhuunfaa
8. Fira'a'ol muka muree mana ijaare.  
Fira'a'ol---- Maqaa dhuunfaa  
Muka--- maqaa gamtaa  
Mana—maqaa gamtaa

### **Barannoo 3: Shaakala Afoolaa**

#### **Geerarsa Barreessuu**

#### **Deebii Gilgaala 5:**

Geerarsi isaan barreessan kan hawaasicha keessatti geeraramu ta'uufi, yeedaloo eeganii barreessuu isaanii hubadhu. Kanuma mirkaneessuuf, barattoonni muraasni dareetti akka geeraran taasisi.

## Geerarsa Gorsaa

waan abbaan koo na gorsee  
 Nan dhaggeeffadha obsee  
 Gaangoo hinleenjisiin jedhee  
 Namni gangoo leenjisuu  
 Miidhaa dugdaa hindhabuu  
 Gaggura hinhidhiin jedhee  
 Nasnmi gaagura hidhu  
 Seela ilkaanii hindhabuu

## Barannoo 4: Shaakala Barreessuu

### Deebii Gilgaala 6:

- A. 1. “Jireenyi jaalala malee hiikoo hinqabu,” jette Biliseen.  
 2. “Waadaan” fiilmiiwwan Afaan Oromoo keessaa tokko.  
 3. “Afaan Ingilizii Afaanota kaan nicaala,” jechuun warri morman jiru.  
 4. Ogeeyyiin fayyaa ‘bargarii’ baayyisanii nyaachuun wanta nama furdisuuf of eegganno gochuun barbaachisaa akka ta’e gorsu.  
 5. Kitaaba “ Ogbarruu Afaan Oromoo” jedhamu naaf biti.  
 6. “Wanti nama, nama taasise hojiidha,” jedhe Kaarl Maarkis.  
 7. “Kitaaba’ seerluga Afaan Oromoo’ jedhu maxxansiisuufan jira ,”jedhe Addunnaan.
- B. Himoota isaanii keessatti akkaataa fakkeenyawwan laatamaniin sirna tuqaalee lamaanitti fayyadamuu isaanii mirkaneeffadhu.

### Deebii Gilgaala 7A:

Seenaa kana haala sirriitti qindaa’een barreessuu isaanii, seenichi seenaa dhugaa ta’uu isaafi seera caaslugaan hunda eeganii barreessuu isaanii hubadhu. Barattoonni seenaa kana barreessuun dura, namoonni guddina afaan Oromoof gumaacha guddaa taasisan eenyufaa akka ta’an dareetti irratti mari’achuun adda baasisi. Sanaan booda, namoota sanneen keessaa filatanii barreessuu

danda'u.

### **Deebii Gilgaala 7B:**

Haaluma ajaja laatameetiin mana kitaabaa deemuun odeeaffannoo kitaabotaa haala sirrii ta'een funaanuu qindeessanii dhiheessuu isaanii mirkanoeffadhu.

## **4. Gaaffiiwwan keessa Deebii**

Barattooni barnoota boqonaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi.

Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Seenaa Onesmoos Nasiib gabaabsii dareetti himi.
2. Seenaa Oneesmos Nasiibirraa maal baratte?
3. Garaagarummaa saffisaafi sakattaan dubbisuun ibsi.
4. Mallattoo waraabbii dachaafi queenxeetti fayyadamuu himoota sadu sadi barreessi.
5. Maqaafi gosoota maqaa adda baasuun fakkeenya waliin ibsi.

## **5. Madaallii**

Dhuma boqannichaarratti, barattooni ogummaawan armaan gadii goonfachuu isaanii mirkanoeffadhu.

- Barreeffama dhihaateef, saffisaan, sakattaafi suuta dubbisuun dhaamsa addaddaa barreeffamicha keessaa hubachu ,
- Jechoota dubbifama keessaa bahaniif hiika galumsaa laachuu danda'u,
- Tajaajila sirna tuqaalee warabbi dachaafi waraabbii queenxee hubachuun himoota isaanii keessatti itti fayyadamuu danda'u,
- Maqaafi gosoota isaa adda baasanii hubachuun himoota isaanii keessatti sirriitti itti fayyadamuu,
- Seenaa namoota Afaan Oromoo guddisuuf gumaacha godhanii barreessuu
- Afoola keessaa geerarsa barreessanii yeedaloo isaa eeguun geeraruu.

## Boqonnaa 7: Faayidaa Bosonaafi Bineensotaa (Wayitii 7)

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni, dubbisa “Faayidaa Qabeenya Bosonaafi Bineensotaa” jedhu dubbisuun, bosoniifi bineensonni bosonaa jiruufi jirenya ilma namaaf hagam barbaachisaa akka ta'an hubatu. Kuni ammoo bosonaafi qabeenya bosona keessa jiru kunuunsuu keessatti gahee isaanii akka gumaachan isaan dandeessisa. Shaakaloonni boqonnaa kana keessatti laataman dandeettii afaanii addaaddaa akka cimsatan isaan taasisa. Kutaa caasluga boqonnaa kanaa keessatti, maqaan akka maqibsaatti akka tajaajilu hubachuun haaluma sanaan itti fayyadamuu danda'u. Shaakala dandeettii barreessuu keessatti ammoo garaagarummaafi tokkummaa wantootni qaban agarsiisuuf wantoota walbira qabanii barreessuu shaakalu. Dhumarrattis, mata-duree isaaniif laattamerratti, yaada dhiyaateef deeggaruun ykn mormuun afaaninis ta'ee barreffamaan mormii dhiheessu.

### 1. Kaayyoo: Barattoonni, barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- barreffama isaaniif dhiyaate akkaataa addaddaan dubbisuun ergaa isaa hubatu.
- faallaa jechootaa kenuu.
- garaagarummaafi tokkummaa wantootaa hubachuun ibsu.
- maqaan akka ibsa maqaatti akka tajaajilu nihubatu.
- adeemsaafi akkaataa falmiin itti gaggeeffamu hubachuun falmii gaggeessu.

### 2. Qabiyyee

- Dubbisuufi dubbachuu
- Dubbisa, “Faayidaa Qabeenya Bosonaafi Bineensotaa” jedhu
- Hiika jechootaa
- Maqaa akka maqibsaatti
- Qub-guddeessaafi qoodduu
- Wantoota walbira qabuun walmadaalsisuu
- Falmii gaggeessuu

### **3. Mala Baruu-barsiisuu**

## **Barannoo 1: Shaakala Dubbisuufi Dubbachuu**

# Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Kaayyoon gilgaala kanaa barattooni dubbisatti osoo hinseeniin, beekumsa isaanii waliigalaa gara dubbifamichaatti fiduun akka dhaamsa dubbisichaa hubatan; akkasumas, jechoota/gaaleewwan dubbisicha keessatti hiika isaanii hubachuuf ulfaachuu danda'an dursanii akka beekaniifi. Kanaafuu, gaaffiwwan 'A' jala jiran irratti mari'achuun wanta beekan akka walitti himan, jechoota "B" jala jiranis,yoo beekan akka walitti himan, yoo kan hinbeekne ta'e ammoo hiika isaanii itti himi.

## Shaakala Yeroo Dubbisaa

## **Deebii Gilgaala 2:**

- A 1. Bosonniifi bineensonni bosonaajiruufi jirenya ilma namaaf daran barbaachisaa ta'uu isaanifi qabeenya kanneen kunuunsuu akka qabnu ibsa.  
2. Geeddarumsa qilleensaa hambisuu, madda galii ta'uu, madaallii sirnakkoo eeguu, madda qoricha addaddaa ta'uufi kkf.  
3. Kaarboondaayi'ooksaayidiin gara qilleensaatti akka lakkifamu taasisuuni.  
4. Bosonaafi bineensota bosonaajakka harkistoota tuuristootaatti itti fayyadamuuni.  
5. Sababa hoongee deddeebi'ee dhufuun lubbuu ummataafi beeyladootaa dhabaa turtteetti.

B. 1. 20% 2. tokkoffaa  
3. 80% 4. miiliyoona afurii ol

C. 1. a. sababa oo'insa qilleensa dacheetiin, dhangala'iinsa cabbii qarqara lafaa fiduun olka'iinsi qaamolee bishaanii akka dabalu taasisa.  
b. gegeeddarumsa waytii roobaa  
c. lolaa, hongee....  
2. kaarboondayi'ooksaayidii bosona keessa jiru akka gadi hinlakkifamne hammatee qabuufi kan duraan qilleensa keessa jiru ammo xuuxuun.  
3. Daldala kaarboonii jechuun biyyoonni industiriin guddatanii kaarboondaayi'ooksaayidii heddu maddisiisan biyyoota industiriin hinguddatiniifi bosona heddu qabaniif maallaqa akka kanfalan gochuudha.  
4. kuruphee, bosonuu, karkarroo, booyyeefi, kkf.  
5. Biyyeefi haratni lolaan haxaawwaman gara hidhaatti nam'uun hidicha quutuun hanqa bishaan inni qabachuu danda'uu xiqqeessa.

6. qoricha oomishuuuf
7. Mammaaksichi ilma namaaf mammaakkame. Ilmi namaan yoo ofii jedhe bosona haakunuunsu ykn ofumaaf miidhama jechuudha.
- D. 1. simachuu      2. jibbisiiisan/ijaaf qalbiif hintolan  
 3 Nitufama/gadilakkifama      4. mancaaste  
 5. Ni'ulfaachisa      6. Seeran ala  
 7. goggogsuu      8. faayidaa  
 9. xiqqoo

### **Shaakala Dubbisuun Boodaa**

#### **Deebii Gilgaala 3:**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni, hubannoo dubbisarraa argatan haala qabatamaa naannoo isaaniin walmaddii qabuun akka hubatan taasisuufi bosonaafi qabeenya bosonaa eeguu keessatti gaheen isaanii maal akka ta'e akka hubataniifi. Kanaafuu gaaffiwwan dhihaatanirratti mari'achuun akka dareef gabaasan jajjabeessi.

### **Barannoo 2: Shaakala Caaslugaa**

#### **Deebii Gilgaala 4:**

- A 1. Bishaan lagaa osoo hindanfisin dhuguun dhibee namatti fiduu danda'a.  
 2. Aannan re'ee daran nama jabeessa.  
 3. Seerri biyya keenyaa ilkaan arbaa heeyyama malee bitanii gurguruu nidhoorka.  
 4. Naanna tokko tokkootti dammi daamuu qoricha jedhameet amanama.  
 5. Naannawa gammoojiitti bal'inaan midhaan mukaatu oomishama.  
 6. Obbo Galgaloon horii gaanfaa 100fi kanniisa gaagura 40 qaba.
- B. Maqaalee laataman kanneen sirriitti akka maqibsootaatti itti fayyadamuun isaanii mirkaneessi.
- Fkn. Rooba gannaatti fayyadamuun oomisha gahaa oomishuu qabna.

### **Barannoo 3: Shaakala Barreessuu**

#### **Deebii Gilgaala 5:**

- A. Qabxiwwan Qilxuufi Odaa adda baasan tarreessuu isaanii hubadhu.  
 B. Qabxiwwan 'A' jalatti tarreessanirratti hundaa'uun Qilxuufi Odaa walmaddii qabanii haala tokkummaafi garaagartii isaanii agarsiisuun barreessuu isaanii mirkaneessi.

### **Deebii Gilgaala 6:**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni seera falmii eeganii falmii gaggeessuu akka shaakalaniifi. Kanaafuu, mata-duree filatanirratti ja'a ja'a ta'anii akka falman taasisi. Garee tokko keessatti, barattoonni sadi yaadota lamaan dhiyaatan keessaa tokko deeggaruun sadi ammoo kan biraan deeggaruun akka waliin falman taasisi. Garee hunda keessatti, barataan tokko dura-taa'aa ta'uun mormicha akka gaggeesisiisu taasisi. Erga afaanii mormanii raawwataniin booda, qabxiwwan mormii isaanii akka sitti himan taasisuun gabatee-gurraacharratti qindeessitii qabxiwwan kanneenirratti hundaa'uun akka mormii isaan barreessan taasisi.

### **4. Gaaffiiwwan keessa Deebii**

Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi.

Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Mata-duree "Qabeenya Bosonaafi Bineensotaa" jedhurratti keeyyata gabaabaa tokko barreessi.
2. Faallaa jechoota armaan gadii barreessi.
  - a) araara \_\_\_\_\_
  - b) mancaasuu \_\_\_\_\_
  - c) badhaadhina \_\_\_\_\_
  - d) callaa \_\_\_\_\_
3. yemmuu tokkummaafi garaagarummaa wantootaa barreessinu jechoota maal maalitti fayyadamna?
4. Maqaalee akka maqibsatti tajaajilan shan barreessii himoota ittiin ijaari.
5. Seera falmiin itti gaggeeffamu barreessi.

### **5. Madaallii**

**Dhuma boqonnichaarratti, barattoonni dandeettiwwan armaan gadii gonfachuu isaanii mirkanoeffadhu.**

- Barreeffama dhihaateef, saffisaan, sakattaafi suuta dubbisuun dhaamsa addaddaa barreeffamicha keessaa hubachuu
- Jechoota dubbifama keessaa bahaniif hiika galumsaafi faallaa hiika galumsaa laachuu danda'u
- Maqaa akka maqibsatti tajaajilamuun himoota barreessuu
- Garaagarummaafi tokkummaa wantootaa sirriitti barreessuu danda'u
- Mata-duree laatameef irratti afaaniniis ta'ee, barreeffamaan falmii gaggeessuu danda'uun isaanii,

## Boqonnaa 8: Garaa Kaasaa (wayitii 7)

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni, dubbisa “Garaa Kaasaa” jedhu dubbisuun, wantoota dhibee garaa kaasaa namatti fidan, miidhaawwan dhibichi namarraan gahu; akkasumas, tooftaalee dhibee kana ittiin ofirraa ittisuun danda’amu akka hubatan isaan dandeessisa. Hubannoон kun ammoo dhibee du'a namoota, keessumattuu du'a daa'imman hedduuf sababa ta'e kana too'achuu keessatti qooda isaanii akka gumaachan isaan taasisa. Shaakaloонни boqonnaa kana keessatti laataman ogummaa afaanii addaddaa akka cimsatan isaan taasisa. Kutaa caaslugaa boqonnaa kanaa keessatti, maqibsaafi gosoota isaa adda baasanii akka hubatan, gochima akaakuu isaatiin adda baasanii akka hubatanifi himoota isaanii keessattis sirriitti akka itti fayyadaman dandessisa. Dabalataanis, amaloota keeyyata haala gaariin barreeffamee beekuun keeyyata gaarii akka barreessan; hima keessatti sababaafi bu'aa adda baasanii akka hubatanifi yaada haqaafi dhuunfaa adda baasanii akka hubatan isaan dandeessisa.

### 1. Kaayyoo: Barattoonni, barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- barreeffama isaaniif dhihaate dubbisuun ergaalee guguddoofi xixiqqaa adda baasuun himu.
- jechootaaf hiika galumsaa kenu.
- maqibsaafi gosoota isaa adda baasanii hubachuun himoota isaanii keessatti itti fayyadamu.
- gochimaafi gosoota isaa hubatanii itti fayyadamu.
- amaloota keeyyata haala gaariin barreeffamee hubatu.
- himoota keessatti sababaafi bu'aa adda baasanii himu.
- haqaafi yaadota dhuunfaa adda baasanii hubatu; barreeffama isaanii keessattiis itti fayyadamu.

### 2. Qabiyyee

- |   |   |
|---|---|
| <ul style="list-style-type: none"> <li>• Dubbisuufi dubbachuu</li> <li>• Hiika jechootaa</li> <li>• Gochimaafi akaakuu isaa</li> <li>• Sababaafi bu'aa</li> </ul> | <ul style="list-style-type: none"> <li>• Dubbis “Garaa Kaasaa ” jedhu</li> <li>• Maqibsaafi gosoota isaa</li> <li>• Amaloota keeyyataa</li> <li>• Yaada haqaafi dhuunfaa</li> </ul> |
|---|---|

### **3. Mala Baruu-barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Shaakala Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattooni dubbisatti osoo hinseeniin, beekumsa isaanii waliigalaa gara dubbifamichaatti fiduun akka dhaamsa dubbisichaa hubatan gargaarifi. Kanaafuu gaaffiwwan dhihaatefirratti mari'achuun wanta beekan akka walitti himan jajabeessi; karaa bakka-bu'aa isaaniin akka gabaasanis gaafadhu.

##### **Shaakala Yeroo Dubbisuu**

##### **Deebii Gilgaala 2:**

- A. 1. daa'imman waggaa shanii gadii  
2. Namni dhibee kanaan qabame guyyaatti si'a sadi ykn sanaa ol gadteessuma qallaa akka bishaanii gadi taa'uu qaba. Yoo mallatoon kuni nama tokkoratti mul'ate, namichi, dhibee garaa kaasaatiin qabame jechuudha.  
3. sadii  
4. afur  
5. Bishaan qulqulluu, soogidda/ashaboofi shukkaara walitti makanii obaasuudha.
- B. 1 miiliyoona 1.5  
2. sadiiifi sanaa ol  
3. baakteeriyoota, vaayirasiifi maxxantoota gosa addaddaatiin  
4. biiliyoona lamaa ol  
5. biiliyoona tokkoo ol  
6. bara 2004 sadarkaa sadaffaa qabachuun namoota 6.9% ajjeesera.
- C. 1. dhibee sombaati.  
2. bishaaniifi ashaboo/soogidda jirenyyaaf barbaachisaan qaama namaa keessaa fixuun  
3. ogummaan qaama isaanii dhibee ofirraa ittisuu wanta dadhabuufi.

4. namni dhibee kanaan qabame guyyaatti si'a sadi ykn sanaa ol gadtessuma qallaa akka bishaanii gadi taa'uu qaba. Gama biraatiin namni dhibee kanaan qabame saffisa irra deddeebii yeroo fayyaa ture ittiin gadi taa'u caalaa irra deddeebi'ee gadi taa'uu qaba. Mallattoon kun dhibee garaa kaasaa dhibeewwan kaanirraa adda baasnee akka beeknu nudanddeessisa.
5. a. Garaa kaasaa daran cimaa ta'eefi gad-teechuma bishaan fakkaatu gadi nama teechisu ta'ee sa'atii ykn guyyoota hedduuf namarra turuu danda'a. Fakkeenyaaaf, Koleeraan garaa kaasaa akka kanaa keessatti ramadama.
- b. Gaditeechuma cimaa dhiiga makate. Kuni Afaan Ingiliiziitiin 'Dysentry' jedhama.
- c. Garaa kaasaa walirraa hincinne; kan torbee lamaafi sanaa ol turu.
6. • Bishaan gad-teechuma (boolii) namaatiin faallame dhugaatiif, nyaata bilcheessuufi qulqullinaaf fayyadamuu. Dhoqqeefi bobbaan beeyladoota biroos lubbu-qabeeyyii ijaan hinmul'anne kan dhibee kanaaf sababa ta'an qabaachuu mala.
- Hanqinni nyaataa mataa isaatiin ogummaa uumamaan qamni dhibee ofirraa ittisu dadhabsiisuun dhibichaaf nama saaxiluu danda'a.
- Nyaanni yoo qulqullinaan qophaa'uu baateefi iddo qulqulluutti kuufamuu ykn kaa'amuu baate, dhibee kanaaf sababa ta'a.
- Nyaanni bonee bishaan faallameen oomishame, qurxummiifi nyaatonni biroo bishaan faallamaa/xuraa'aa keessaa funaannamanis sababa dhibee kanaa ta'uu malu.
7. Biyyoota guddinaan duubatti hafan keessatti qulqullinni naannoos ta'ee kan dhuunfaa kan hanqina qabu ta'uu, namoonni hedduun nyaata gahaa kan hinarganne ta'uufi kkf.

# **Shaakala Dubbisuun Boodaa**

## **Deebii Gilgaala 3:**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattooni, hubannoo dubbisarrraa argatan haala qabatamaa naannoo isaaniin walmaddii qabuun akka hubatan taasisuufi sababootafi miidhaa dhibee garaa kaasaa hubachuun wantoota dhibee kanaaf sababoota ta'an hambisuun rakkina dhibee kanaa hir'isuu keessatti gahee isaanii akka gumaachan gargaara. Kanaafuu, gaaffiwwan dhihaateef haala qabatamaa naannawa isaniin walqabsiisanii akka deebisan jajjabeessi.

## **Barannoo 2: Shaakala Caaslugaa**

## Deebii Gilgaala 4:

Himoota armaan gadii keessatti maqibsoota fi gochimoota adda baasuun gosa/ akaakuu isaanii himi.

1. Barattooni muraasni qormaata kufan.  
Muraasni---- maqibsa baay'ina agarsiisu  
Kufan---- gochima gocha aqarsiisu

2. Intala abshaala saniin hinmichoomiin.  
Abshaala---maqibsa maalummaa agarsiisu.  
Hinmichoomiin--- gochima gocha agarsiisu
3. Fardeen isaanii garbuu keenya nyaatan.  
Isaanii --- maqibsa abbummaa agarsiisu  
Nyaatan--- gochima gocha agarsiisu
4. Abbaan Tolaa hoolota torba gurgure.  
Torba--- maqibsa lakk. Agarsiisu.  
Gurgure--- gochima gocha agarsiisu
5. Namichi sanyii facaasuu kun Margaadha.  
Facaasuu--- gochima gocha agarsiisu  
Margaa---- maqibsa eenyummaa agarsiisu
6. Ganda keenya keessaa eenuy beekta.  
Keenya---maqibsa abbummaa agarsiisu  
Eenuy--- maqibsa iyyaafannoo
7. Intalli abbaa Galgaloo sun ‘Moonaaliizaa’ fakkaatti.  
Moonaaliizaa—maqibsa maalummaa agarsiisu  
Fakkaatti--- gochima walqabsiiftuu
8. Foon sangoolii Salaalee nimi'aawa.  
Salaale--- maqibsa maalummaa agarsiisu  
Nimi'aawa---gochima ta'umsaa
9. Gurbaa magaalli sun nimiidhaga.  
Magaalli--- maqibsa maalummaa  
Nimiidhaga--- gochima ta'umsaa
10. Namooni tokko tokko dhibee garaa kaasaa ilaachisuun hubannoo  
dogoggoraati qabu.  
Tokko tokko---maqibsa baayyinaa  
Dogoggora--- maqibsa ta'umsaa  
Qabu—gochima walqabsiiftuu

## **Baranoo 3: Barreessuu**

### **Deebii Gilgaala 5:**

Himoota armaan gadii keessatti sababa si'a tokko, bu'aa ammoo si'a lama jala sarari.

Fkn: Dhibeen garaa kaasaa, du'a daa'imman hedduu qaqqabsiise.

1. Hanqinni roobaa bara darbe uummame, **beela fide**.
2. Roobsan yeroo hunda cimee waan qo'atuuf **daree keessaa 1ffaa bahe**.
3. Dhibeen garaa kaasaa bishaaniifi nyaata qulqullina hinqabnerraah dhufa.
4. Uummanni Chaayinnaa wanta cimee hojjetuuf **saffisaan hiyyummaa keessaa bahaa jira**.
5. Addunyaarratti du'a daa'immaniif **sababni sadarkaa tokkoffaan dhibee Sombaati**.
6. Hanqinni nyaataa **dhibee garaa kaasaatiif nama saaxila**.
7. Ooggantoonni biyyoota tokko tokkoo wanta fedhii uummata isaanii hineegneef **humnaan taa'itaa isaaniirraa fonqolchamu**.
8. Jaalatamaniifi kabajamni **Onesmoos Nasiib ummata Oromoo biratti qabu**, hojji qabatamaa inni uummatichaaf hojjeterraah burqa.

### **Gilgaala 6:**

Himoota armaan gadii keessaa kam kamtu yaada haqaa akka ta'an, kam kamtu ammoo yaada dhuunfaa akka ta'an adda baasuun sababa waliin ibsi.

1. Kilabiin kubbaa miilaa akka Arsenaal cimaan hinjiru.  
Yaada dhuunfaa----namoonni biraammoo cimaan Maanchisar Yunaayitid jechuu malu.
2. Magaalli guddoon Xaaliyaanii Room jedhamti.  
Yaada haqaa---Kuni dhugaa eenyumtuu himormine
3. Caccabsaan baayyee mi'aawa.  
Yaada dhuunfaa--- Namoota biratti ammoo foon dheedhii ykn kan biraatuu mala.

4. Obbo Nagawo sooreessa badaadha.  
Yaada dhuunfaa--- Namoonni biraamammoo obbo Nagawo hangas mara sooreessa miti jedhanii yaaduu malu.
5. Tolchaan Siifan baayyee jaalata.  
Yaada dhuunfaa--- Namoonni biraamammoo hagas mara hinjaalatu jechuun sababa dhiheessuu malu.
6. Magaalaan Finfinee aanota 116 qabdi. yaada haqaa
7. Addunyaa keessatti waggaatottummatabiiliyoona lamatu dhibee garaa kaasaatiin qabama.  
Yaada haqaa--- kuni kan qu'annoon mirkanaa'e.
8. Adaamaan bashannanaaf mijaattuudha.  
Yaada dhuunfaa--- Nammooni kaan ammoo yaada addaa qabaachuu malu.
9. Cimanii hojjechuun nama sooromsa.  
Yaada haqaa--- haqa kana eenyutu morma?
10. Shamarri akka Biqiltuu miidhagdu gonkuma hinjirtu.  
Yaada dhuunfaa---- namni biraamammoo miti jedhee amanuu mala.

### **Deebii Gilgaala 7:**

Keeyyanni isaanii amaloota keeyyata kitaaba barataarratti ibsame guutuun barreeffamu isaa mirkanoeffadhu.

#### **4. Gaaffiiwwan keessa Deebii**

Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi.

Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Dhibeen garaa kaasaa dhibee akkamiiti?
2. Dhibeen garaa kaasaa akkamiin namatti dhufa?
3. Dhibee garaa kaasaa akkamitti ofirraa ittisuun danda'ama?
4. Maqibsaafi gosoota isaa adda fakkeenya waliin ibsi.

baasuun ibsi.

5. Gochimaafii gosoota isaa fakkeenya waliin ibsi.
6. Amaloota keeyyata haala gaariin barreeffamee tarreessi.
7. Mata-duree “Akkaataa Dhibee Garaa Kaasaa Ittiin Ofirraa Ittisnu” jedhurratti keeyyata amaloota hunda guuttate barreessi.
8. Himoota sababaafi bu’aa of keessaa qaban shan barreessuun sababaafi bu’aa adda baasuun himi.
9. Himoota yaada dhuunfaa agarsiisan sadii, kan haqa agarsiisanis sadii barreessi.

## **5. Madaallii**

Dhuma boqonnichaarratti, barattooni ogummaawwan armaan gadii goonfachuu isaanii mirkanoeffadhu.

- Barreeffama dhihaateef, saffisaan, sakattaafi suuta dubbisuun dhaamsa addaddaa barreeffamicha keessaa hubachuu
- Jechoota dubbifama keessaa bahaniif hiika galumsaa laachuu danda’uu
- Maqibsaafi gosoota isaa adda baasuun hubachuufi himoota isaanii keessatti sirriitti itti fayyadamuu
- Gochimaafi akaakuu isaa hubachuun himoota isaanii keessatti itti fayyadamuu
- Amaloota keeyyata sirriitti hubachuun keeyyata barreessan keessatti agarsiisuu
- Himoota keessatti sababaafi bu’aa adda baasuu danda’uu
- Yaada haqaafi yaada dhuunfaa adda baasuun hubachuu.

## Boqonnaa 9: Sirna Gada (Wayitii 9)

### Dheerina wayitii tokkoo daqiqaa 40

#### **Seensa Boqonnichaa**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni ogummaa dhaggeeffachuufi dubbisuu jaraa cimsuuf kan jara gargaaran gilgaala adda addaa nishaakalu. Kana malees, seerluga Afaan Oromoo keessaa gosoota walqabsiisotaa, caasaa himaafi ibsa gochimaa hima keessatti addaan baasanii hubatu. Shaakalli hiika jechootaa haala galumsa jaraan nigeggeessu.

#### **1. Kaayyoo: Barattoonni, barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- Dubbisa “Sirna Gadaa” dubbisuun hubanno cimsatu.
- Jechootaaf hiika galumsaa kennu.
- Gosoota walqabsiisota addaan baasuun itti fayyadamu.
- Caasaa himaa addaan baasuun himu.
- Ibsa gochimaafi gosoota isaa hima keessa galchuun itti fayyadamu.

#### **2. Qabiyyee**

- Dubbisa mataduree “Sirna Gadaa” jalatti dhiyaate
- Hiika galumsa jechootaa
- Gosoota walqabsiisotaa
- Ibsa gochimaafi gosoota isaa
- Caasaa himaa

#### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

**Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

**Deebii gilgaala 1A**

Gaaffiawan gilgaala kana jalatti dhiyaatan barattoonni osoo gara

dhaggeeffachuutti hince'iin dura gareen akka irratti mari'atanu yaadamee kan qophaa'ani. Atis barattooni gareen gaaffiiwwan dhiyaatan irratti akka mariyaatanu godhi. Deebii barattooni kennanu hunda keessumsiisi. Kaayyoon gilgaala kanaas deebii murtaa'e tokko argachuuf kan qophaa'ee miti.

### **Deebii gilgaala 1B**

Gara dhaggeeffachuutti barattooni osoo hince'iin dura hiika jechoota dhiyaatanii akka tilmaamanu godhi. Tilmaammii jara hunda keessumsiisi.

Fakkeenyaaaf jecha 'maalummaa' jedhu barattooni 'eenyummaa', 'sabummaa' fi kfk jedhanii hiikuu nidanda'u.

### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

Barreffama waa'ee aadaa irratti qophaa'eef ati dubbistuuf dhaggeeffachaa barattooni gaaffiiwwan gilgaala kana jala jiranu akka deebisan godhi. Barreffamichas al lama yookaan al sadii dubbisiif. Waan ati xiyyeeffachuu sirraa eegamu tokko yoo jiraate dubbisuu osoo hineegaliin dura barattooni gaaffiiwwan kana jalqaba akka dubbisanii yaada jaraa argatan godhi.

### **Deebii gilgaala 2A**

1. amalaafi yaada baratamaa
2. amantaa, seera amalaa, afaan, aartii teeknooloojii, haala oomishaafi qophii nyaataa, amantaa, sirna siyaasaafi diinagdee
3. aadaa
4. Tokkoffaan, aadaan mallattoolee qabatamaarratti hundaa'a. Kunis mallattooleefi qooqa fayyadamuun waliigaluu ofkeessatti hammata. Lammaffaan, aadaan kan waliiniiti. Ummanni hawaasa tokko amalootaafi karaa itti yaadu waliin hirmaata. Sadafkaan, aadaan nibaratama. Kana jechuun namni tokko aadaa kan baratu namoota hawaasa sana keessa jiran irraatti.
5. walqixa
6. guddinaafi dagaagina

### Aadaa

Aadaan amalaafi yaada baratamaa ummanni garee hawaasummaa tokko keessa jiru baratu, uumuufi bocu. Aadaan, garee hawaasaa tokko kan biraarraa adda kan goduudha. Aadaan ummata tokkoo amantaa, seera amalaa, afaan, aartii, teeknooloojii, haala uffannaa, haala oomishaafi qophii nyaataa, sirna siyaasaafi diinagdee dabalata.

Qorannaan aadaa irratti godhaman hedduun jaraa akka ibsanutti, aadaan jirenya garee hawaasaa tokko keessatti iddo guddaa akka qabu agarsiisa. Hawaasni tokko maalummaa isaa kan calaqqisiisu aadaa isaatiin. Aadaan hawaasa tokkoof akka mallattoo eenyummaatti gargaara jechuudha. Hawaasni kamiyyuu aadaa uffannaa, aadaa nyaataa, aadaa sirbaa, aadaa cidhaa, aadaa jirenyaafi kan kana fakkaatanu hedduu qabaachuu nidanda'a.

Kana malees, aadaan amaloota adda isa godhan baay'ee qaba. Tokkoffaan, aadaan mallattoolee qabatamaarratti hunda'a. Kunis mallattooleefi qooqa fayyadamuun waliigaluu ofkeessatti hammata. Lammafaan, aadaan kan waliiniiti. Sadaffaan, aadaan nibaratama. Kana jechuun namni tokko aadaa kan baratu namoota hawaasa sana keessa jiran irraati.

Aadaan gara gara. Ummanni kamiyyuu aadaa mataa isaa qaba. Ogeessonni aadaa dhimma kana hubachuun, hawaasni adda addaa aadaa walii akka hubatan jajjababeessu. Haaluma kanaan, namoonni hedduun aadaan kamiyyuu kan biraarraa adda ta'uu isaa hubachuun aadaawwan hunda walqixa kabaju. Aadaan tokko guutumaa guutuutti kan beeku nama Aadicha keessatti dhalatee, jiraateefi hirmaate qofa ta'ullee, namoonni biraa aadaa sana kabajuufi fedhuun nibaratu. Walumaagalatti, aadaan maalummaafi jirenya hawaasa tokkoo calaqqisiirurra darbee guddinaafi dagaagina hawaasa sanaaf faayidaa hedduu qaba. Barbaachisummaan aadaa ofii beekuufi kabajuuf gonkumaa shakkii hinqabu. Mee nutis, hangam aadaa ummata keessa jiraachaa jirru akka beeknu of haagaafannu.

## **Deebii gilgaala 2B**

Gaaffiiwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan keessaa kan yaada sirrii hintaane ‘soba’ kan sirrii ta’e ammoo ‘dhugaa’ jechuun sababa jaraa wajjin akka barreessan godhi. Sababni jarri kennanus barreffama ati dubbisteef keessaa ta’uu akka qabu akeekkachiisi.

- |           |           |
|-----------|-----------|
| 1. Soba   | 2. Soba   |
| 3. Dhugaa | 4. Dhugaa |
|           | 5. soba   |

## **Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

### **Deebii**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni hubanno dhaggeeffachuu keessaa argatan hangam haala jireenyaa yookaan naannoo jaraa wajjin walsimsiisuuf akka carraaqan beekuuf. Kanaafuu, atis barattoonni gaaffiiwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan gareen akka irratti mariyatanu godhi. Yaadni barattoonni kaasanu hundi akka deebiitti fudhatama.

## **Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu**

## **Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa**

### **Deebii gilgaala 4A**

Gilgaalli kun qaama shaakala dubbisa duraa waan ta’eef deebii sirrii yookaan sirrii miti jettee murteessitu hinqabu. Atis barattoonni gareen gaaffiiwan dhiyaatan irratti akka mari’atanu godhi.

### **Deebii gilgaala 4B**

Jechoota gilgaala kana jalatti dhiyaatan osoo barattoonni gara dubbisatti hice’iin dura akka hiika jaraa tilmaamanu godhi.

Fkn: laayyoo: salphaa  
yaa’ii : walga’ii, marii  
luboota: miseensota, qoodafudhatoota

**Deebii gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu****Deebii gilgaala 5A:**

Osoo gara dubbisaatti hinseeniin dura jalqaba barattooni gaaffiwwan dhiyaatan akka dubbisani qalbeeffatan godhi.

1. Gadaa jechuun sirna ittiin bulmaata ummata Oromoo jechuudha.
2. Kuuchuu, Raaba, Dabballee, Doorii, Lubaafi Gadaa jedhamanii beekamu.
3. Fakkeenyaaf yaa'ii Oromooni odaa jalatti godhatan keessaatti Abbaan Bokkuu karaa mirgaa yoo taa'u, qondaaltonni kaan karaa bitaa akka hangafummaa lammiifi umrii isaaniitti walitti aanuudhaan taa'u. Mariinis yammuu adeemsisan, kan dubbatan hangafaafi quxisuu umriin waleeganiiti. Namoonni yaa'ii kanarratti argaman hunduu yaada kennufis ta'e murtii dabarsuuf ilaalcha isaanii ibsuuf mirga guutuu qabu.
4. Ayyaanni kun kan dhangaan itti nyaatamee dhugamu, akkasumas waan mo'ataniif kan itti gammadamu.
5. Adeemsa mari seera haaraa irratti godhamu kun dargaggootaaf bakka itti dubbii dhaggeeffachuuu baratan ta'ee tajaajila.

**Deebii gilgaala 5B**

Gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaataniif 'soba' yokaan 'dhugaa' jechuun sababaa wajjin akka deebisanu godhi.

- |           |         |
|-----------|---------|
| 1. Soba   | 2. Soba |
| 3. Dhugaa | 4. Soba |

**Deebii gilgaala 5C**

Dubbisa waa'ee Sirna Gadaa irratti dhiyaate suuta jedhanii erga dubbisani booda gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan barreffamaan akka deebisan godhi.

**Deebii gilgaala 5D**

- |      |      |
|------|------|
| 1. B | 2. C |
| 3. A | 4. B |
| 5. C |      |

## **Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

### **Deebii**

Gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaataniif deebii murtaa'aa argachuu dhabuu nidandeessa. Xiyyeeffanna kee ta'uu kan qabu, hangam barattoonni yaada dubbisa dhiyaatee haala jirenya jaraafi naannoo jaraa wajjin walqabsiisaniiru isa jedhu haata'u. Atis barattoonni yaada jaraa dhiyeessu irratti akka xiyyeeffatan gorsi.

### **Barannoo 3: Caasluga**

#### **Deebii gilgaala 7A**

- A. Walqabsiisota ida'ama yaadaa kanneen agarsiisan
  - kana malees
  - waan akka
  - hoo
  - akkasumas
  - ammoo
  - akkuma
  - osoo
  - silaayyuu
  - dabalees
  
- B. Walqabsiisota yaada faallaa kanneen agarsiisanu
  - garuu
  - haa ta'u malee
  - ta'uyyuu
  - ta'us
  - tahulle
  - karaa biraan
  
- C. Walqabsiisota filannoo yaadaa agarsiisanu
  - yookaan
  - haa ta'u
  - yookaanis
  - kanaa achi
  - yookaan immoo
  - malee
  
- D. Walqabsiisota bu'aa ibsuuf galan
  - kanaafuu
  - haaluma kanaan
  - kanarraan kan ka'een
  - kanaafiyuu

#### **Deebii gilgaala 7B**

Gilgaala kanaaf deebii adda addaa argachuu nidandeessa. Xiyyeeffannaan kee barattoonni walqabsiisota dhiyaatan sirriitti hubatanii hima irratti ijaaruu danda'u jaraa haata'u.

**Deebii gilgaala 8A**

- |             |              |
|-------------|--------------|
| 1. Leenci   | 2. Inni      |
| 3. Caaltuun | 4. Gammadaan |
| 5. Tolaan   |              |

**Deebii gilgaala 8B**

- |            |            |           |
|------------|------------|-----------|
| 1. nyaate  | 2. ijaare  | 3. deemte |
| 4. kennite | 5. bitatan |           |

**Deebii gilgaala 8C**

- |                              |                 |
|------------------------------|-----------------|
| 1. kitaaba                   | 2. wuccuu       |
| 3. mooraa mana barumsa jaraa | 4. qarshii naaf |
| 5. biqiltuu                  |                 |

**Deebii gilaala 9: Shaakala Gochibsaafi Gosoota Isaa****Deebii gilgaala 9A**

1. saffisaan ( gochibsa akkaataafi haalaa)
2. fedhiin (gochibsa akkaataafi haalaa)
3. bor (gochibsa yeroo)
4. booda (gochibsa yeroo)
5. bakka kana (gochibsa bakcaa)
6. wagga waggaan ( gochibsa irra deddeebii)
7. guyya guyyaan (gochibsa irra deddeebii)
8. firaan ( gochibsa akkaataa)
9. baay'inaan ( gochibsa sadarkaa)
10. maaliif ( gochibsa gaaffii)

**Deebii gilgaala 9B**

Gochibsa kennaman irratti hima akka ijaaranu godhi. Itti aansuun gosa isaas addaan akka baasanu taasisiin.

1. amma( igochibsa yeroo)
2. har'a( gochibsa yeroo)
3. darbee darbee( gochibsa irra deddeebii)
4. guutumatti ( gochibsa sadarkaa)

5. bal'inaan( gochibsa sadarkaa)
6. eessatti (gochibsa gaaffii)
7. gaddaan (gochibsa akkaataafi haalaa)
8. sodaan( gochibsa akkaataafi haalaa)

#### **4. Gaaffiiwan keessa deebii**

1. Waa'ee Sirna Gadaa maal yaadatta? Yaada kee bu'uureffachuun keeyyata tokko qopheessi.

2. Walqabsiisota kanaan gadii irratti hima ijaaruun garaagarummaa jaraa agarsiisi.

dabalees	malee
waan akka	tahulle
kanaafuu	ta'us
yookaanis	karaa biraan
silaayyuu	ta'uyyuu
haaluma kanaan	ammoo
yookaan immoo	akkasumas

3. Himoota gosa ibsa gochimaa adda addaa agarsiisanu barreessi. Hima barreessite fuuldurattis gosa ibsa gochimaa kam akka ta'es barreessi.

#### **5. Madaallii**

Boqonnaa kana keessatti madaallii adda addaa raawwachuuu sirraa eegama. Barreeffama dhaggeeffachuuf dhiyaate sirriitti barattooni hubachuu jaraa mirkaneeffadhu. Gaaffiiwan dhaggeeffachuu duraa sirriitti deebisuу yoo baatan dubbisicha al lama yookaan al sadii irra deddeebi'uun dubbisiif. Dubbisa mataduree "Sirna Gadaa" irratti dhiyaate saffisaan dubbisanii odeeffannoo waliigalaan baasanii barreessuu jaraa mirkaneeffadhu. Kana malees, dubbisa dhiyaate suuta dubbisuun gaaffilee hubannoo barreeffamaan deebisuу isaanii qulqulleeffadhu. Jechoota dubbisa keessaa ba'an hiika jaraa sirriitti hubtanii filachuu jaraa ilaali. Lafa jarri hubachuuuf rakkatanirratti haala jechichi dubbisa keessatti dhiyaate agarsiisuun gargaariin.Kana malees seerluga Afaan Oromoo keessaa caasaa himaa addaan baasanii himuu jaraa mirkaneeffadhu. Gosoota walqabsiisota addaan baasuun hima keessatti fayyadamuu danda'uу jaraas hubadhu. Shaakala dabalataa adda addaa kennuun bakka jarri hubachuuuf rakkatan irratti gargaarsa addaa godhiif. Ibsa gochimaaifi gosoota isaa hima keessaa galchuun hubachuu danda'uу jaraa mirkaneeffadhu.

## Boqonnaa 10: Guddifachaa (Wayitii 7 )

### Dheerina wayitii tokkoo daqiqa 40

#### **Seensa Boqonnichaa**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni aadaa Oromoo keessaa guddifachaan maal akka ta'e hubatu. Jechootaafis hiika sirrii kennuu danda'u. Dabalatanis, keeyyata keessaa hima ijoo, himoota callaafi hima goolabaa addaan baasuun barreesssu. ogummaa barreeffama barattootaa kan cimsan shakalliin hedduu boqonnaa kana keessattis hammatamanii jiru. Haaluma kanaan, barattoonni gumee qopheessanii keeyyata akka barreessan godhamu. Kana malees, barattoonni hubannoofi dandeettii sirna tuqalee fayyadamuu irratti qaban nicimsatu.

#### **1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- Aadaa  
Oromoo keessatti guddifachaan maal akka ta'e dubbisa dubbisuun hubatu.
- Jechootaaf hiika sirrii kenuu.
- Keeyyata keessatti himoota calla, hima ijoofi hima goolabaa addaan baasuun hubatu.
- Gumee qopheessuun keeyyata barreessu.
- Ittifayyadama sirna tuqaalee irratti hubannoofi gabbifatu.

#### **2. Qabiyyee**

- ogummaa dubbisuufi dubbachuu
- Jechootaaf hiika sirrii kennuu
- Keeyyata keessaa himoota calla, hima ijoofi hima goolabaa addaan baasuu
- Gumee qopheessuun keeyyata barreessu
- Sirna tuqaalee

#### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

##### **Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu**

###### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

###### **Deebii gilgaala 1A**

Gaaffiawan gilgaala kana jalatti dhiyaatan gareen akka irratti mari'atanu godhi.

Kaayyoon gilgaala kaanas barattoonni osoo dubbisa dhiyaatetti hince'iin duraa

dhimmoota yaada dubbisa dhiyaatee wajjin walqabanu irratti mari'achuun hubannoo jaraa akka gabbifatanuuf. Kanaafuu, gilgaalli kun deebii murtaa'aa ta'e tokko hinqabu.

### **Deebii gilgaala 1B**

Hiika jechoota gilgaala kana jalatti dhiyaatan osoo gara dubbisaatti hinseeniin akka barattooni tilmaamanu godhi. Fakkeenya: dungoo =boba'aa yookaan ibsaa

### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

#### **Deebii gilgaala 2A**

1. Oromooy yoo mucaa dhabe kan nama biraan fuudhee akka kan isaatti guddisa. Kun guddifachaa jedhama.
2. Adeemsa mataa isaa qaba( deebiin gaaffii kanaaf keeyyata 2ffaa dubbisichaa dubbisi)
3. Jaarsi bakka guddaa qaba. Fakkeenyaaaf yeroo deebii gaarii argatan, warri guddifachuu barbaadan waan mucaan uffatu qopheessuu.
4. Sababni isaas mucaa haaraa akka godhataniitti lakkaa'anii maqaa ofii isaanii moggaasuufi.
5. Uffata uwvisuu, maqaa jijiiruu, nyaataafi dhugaatii dhiyeessuu....

#### **Deebii gilgaala 2B**

Gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan keessaa kan yaada sirrii hintaane 'soba' kan sirrii ta'e ammoo 'dhugaa' jechuun sababa jaraa wajjin akka barreessan godhi. Sababni jarri kennanus barreeffama ati dubbisteef keessaa ta'uu akka qabu akeekkachiisi. Sababa jaraas dubbisa dhiyaate keessaa akka argatanu hubachiisiin.

- |           |           |         |
|-----------|-----------|---------|
| 1. Dhugaa | 2. Soba   | 3. Soba |
| 4. Dhugaa | 5. Dhugaa |         |

### **Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

**Deebii gilgaala 3:** Kaayyoon gilgaala kanaa dubbisa dhiyaate muuxannoo jaraa wajjin akka walsimsiisan gochuudha. Haaluma kanaan, barattooni gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan sodaa tokko malee akka deebisan jajjabeessiin.

Gaaffiwwan dhiyaataniif deebii sirrii yookaan sirrii miti jedhamu hinjiru.

## Barannoo 2: Caasluga: Shaakala Jechootaa

### Deebii gilgaala 4A

Jechoonni gilgaala kana jalatti dhiyaatan dubbisa mataduree “Guddifachaa” jedhu keessaa kan ba’an. Baratoonni hiika jechoota kanaa haala galumsa jaraatiin akka kennanu godhi. Dabalataanis, hiika galumsa jaraa kan ifa godhu hima akka ijaaranu taasisi.

### Deebii gilgaala 4B

1. B
2. D
3. C
4. B
5. A

### Deebii gilgaala 5

1. Kaayyoon Tolaa waan sadii: barnoota, beekamummaafi mana ijaaruu.
2. Haati koo waan afur bittee dhufte: dabtara, qalama, kopheefi uffata.
3. Sirna Gadaa keessatti ilmaan kormaa sadarkaa torba keessa darbu: Dabballummaa, Gaammoma, Dagagooma, Kuusama, Raaboma, Gadoomafi Yubooma.
4. Mata-duree kanaan gadii irratti mari’adhaa.
5. Naanno keenyatti lubbu-qabeeyyii hedduutu argamu

## Barannoo 3: Barreessuu

### Deebii gilgaala 6A

Deebii gilgaala kanaa barattooni gabatee dhiyaate keessatti akka barreessanu godhi. Keeyyanni tokko hima ijoo tokko qofa irraa ijaarama. Kana malees, keeyyanni tokko himoota callaa tokkoo ol qaba. Keeyyanni gilgaala kana jalatti dhiyaate hima ijoo tokkoofi himoota callaa tokkoo ol qaba.

**Hima jioo:** Sirni Gadaa bu’uura dimookiraasiifi sirna siyaasaa ummata Oromoo ta’ee hoijeta.

**Hima goolabaa:** Walumaagalatti, Sirni Gadaa sirna dimokiraasiiti jechuun nidanda’ama

**Himoota callaa:** Hima ijoofi hima goolabaa ala kan jiranu hundi hima callaa jalatti ramadamu

### Deebii gilgaala 6B

Matadureewan gilgaala kana jalatti kennaman keessaa tokko filachuun akka keeyyata barreessan godhi. Keeyyata barreessan keessaa hima ijoo, himoota callaafi hima goolabaa addaan baasuun akka barreessanus haata’u.

## **Gilgaala 7: Shaakala Gumeefi Barreeffama Qopheessuu**

Gilgaala kana osoo hineegaliin dura fakkeenya kennname siirriitti hubachuu jaraa addaan baafadhu. Fakkeenyi kennname barattoonni gumee akkam godhanii akka qopheessanuuf gumee qophaa'e bu'uureeffachuun akkam godhanii barreeffama akka qopheessan kan mul'isu.

Matadureewan kennaman keessaa tokko filachuun jalqaba gumee akka qopheessanu godhi. Itti aansuun gumee qopheessan irratti barreeffama akka qopheessan taasisiin. Gumeefi barreeffama jaraas gareen irratti akka mari'atanu haata'u.

### **4. Gaaffiwwan keessa deebii**

1. Mataduree «Guddifachaa » jedhu irratti keeyyata tokko barreessi. Keeyyata barreessite keessaas hima ijoo, himoota callaafi hima goolabaa addaan baasuun agarsiisi.
2. Jechoota kanaan gadiif hiika kallattiifi faallaa kenni.

Hiika kallatti

Hiika faallaa

A. danuu \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

B. qabeenya \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

C. ofummaa \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

3. Mataduree barbaadde tokko filachuun gumee qopheessi.

### **5. Madaallii**

Boqonnaa kana keessatti dubbisa mataduree "Guddifachaa" jalatti dhiyaate dubbisani barattoonni yaada isaa hubachuu jaraa mirkanoeffadhu. Kana malees, guddifachaan aadaa Oromoo keessaatti bakka inni qabu sirriitti addaan baasanii hubachuu jaraa mirkanoeffadhu. Hiika jechootaa haala galumsa jaraan addaan baasanii kennuu danda'uu jaraa qulqulleeffadhu. Keeyyata dhiyaate keessa hima ijoo, himoota callaafi hima goolabaa sirriitti addaan baasuu jaraa mirkanoeffadhu. Garaagarumma jaraas sirriitti himuu danda'uu jaraa hubadhu.

Matadureewan dhiyaatan irratti gumee qopheessanii keeyyata ijaaruu jaraa addaan baafadhu. Keeyyata ijaaran keessa hima ijoo, himoota callaafi hima goolabaa addaan baasanii agarsiisuu jaraa mirkanoeffadhu. Sirna tuqaalee hima keessatti sirriitti fayyadamuu jaraa addaan baafadhu. Keessumaa sarara xiqqaafi tuq-lamee sirriitti hima keessatti gargaaramuu danda'uu jaraa mirkanoeffadhu.

## Boqonnaa 11: Kunuunsa Qabeenya Uumamaa (Wayitii 7)

### Dheerina wayitii tokkoo daqiiqaa 40

#### **Seensa Boqonnichaa**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni dubbisa waa'ee "Kunuunsa Qabeenya Uumamaa" jalatti dhiyaate dubbisuun yaada isaa hubatu. Yaada dubbisichaafi muxannoo jaraa walqabsiisuun kunuunsa qabeenya uumamaa keessatti iddo jaraa hubatu. Hiika jechootaa himaan walsimsiisuun hima hiika guutuu qabu ijaaru. Kana malees, faayidaa durduubeefi hubannoo mammaaksaa gabbifatu. Dabalataanis, himaafi gosoota himaa addaan baasanii hubatu.

#### **1. Kaayyoo: Barattoonni, barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- Ergaa dubbisa mataduree "Kunuunsa Qabeenya Uumamaa" jalatti dhiyaate hubatu.
- Hiika jechootaa himaan walsimsiisuun danda'u.
- Durduubee hima keessatti itti tajaajilamu.
- Himaafi gosoota himaa hubatu.
- Hubannoo mammaaksaa gabbifatu.

#### **2. Qabiyyee**

- Dubbisuufi dubbachuu
- Hiika jechootaa himaan walsimsiisuun
- Faayidaa durduubee
- Himaafi gosoota himaa
- Mammaaksa

#### **3. Mala Baruu-Barsiisuun**

##### **Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan qaama shaakala dhaggeeffachuu duraati

Kanaafuu, barattooni gareen ta'uun akka gaaffiiwan dhiyaatan irratti mariyatan taasisi. Itti aansuun yaada jaraa afaaniin akka dareef dhiyeessan godhi. Kaayyoon gilgaala kanaaa barattooni dubbisa wa'ee kunuunsa qabeenyaa osoo hin dubbisiin dura kaka'umsa akka uumanuuf yaadameetu.

Jechoonni barreeffama keessaa ba'anis gilgaala kana jalatti dhiyaatanii jiru. Hiika jaraas osoo gara dubbisichaatti hinseeniin akka barattooni tilmaamanu godhi.

Fakkeenyaa:

Wantoota: dhimmoota

Barbaaduu: fedhuu

## **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

### **Deebii gilgaala 2A**

Gara dubbisaaatti osoo hince'iin dura barattooni akka gaaffiiwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan dubbisuun qalbeeffatan godhi. Itti aansuun dubbisa dhiyaate saffisaan dubbisuun gaaffiiwan dhiyaatan akaka deebisanu taasisi.

1. Qabeenya uumamaa jechuun lafa irra jiraannuifi wantoota lafa irra jiran hunda jechuudha.
2. Kana jechuun akka jarri hinbarbadoofne godhanii fayyadamuuun dhaloota dhufuuf dabarsuu jechuudha.
3. Jijiirama qilleensa, gammoojummaa, lolaa, bubbeefi kkf.
4. Jijiirama hubannoofi beekumsa akka ummanni fidu gochuuf carraaquu barbaachisa.

### **Deebii gilgaala 2B**

Gaaffiiwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan keessaa kan yaada sirrii hintaane 'soba' kan sirrii ta'e ammoo 'dhugaa' jechuun sababa jaraa wajjin akka barreessan godhi. Sababni jarri kennanus barreeffama keessaa ta'uu akka qabu hubachiisi.

- |           |           |
|-----------|-----------|
| 1. Soba   | 2. Soba   |
| 3. Soba   | 4. Dhugaa |
| 5. Dhugaa |           |

### Deebii gilgaala 2C

Jechoonni gilgaala kana jalatti dhiyaatan dubbisa waa'ee kunuunsa qabeenya uumamaa keessaa kan ba'an. Hiika jechootaa haala galumsa jaraan akka himaa wajjin walsimsiisanu godhi.

- |                  |             |
|------------------|-------------|
| 1. qabeenya      | 2. dhaloota |
| 3. kunuunsa      | 4. gadadoo  |
| 5. barbadeessuun |             |

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Kaayyoon gilgaala kanaa gaaffiwwan dhiyaataniif deebii murtaa'aa argachuuf miti. Barattoonni dubbisa waa'ee kunuunsa qabeenya uumamaa keessaa hubannoo maalii akka argataniif hubannoo argatan kana hangam muuxannoo jaraa wajjin walsimsiisuu danda'aniiru isa jedhu sakatta'uuf. Deebiwwan barattoonni kennanu hangam faayidaa kunuunsa qabeenya uumamaa hubachuun hojiirraa oolchuuf akka kaka'an sitti agarsiisuu nidanda'a.

### Barannoo 2: Caasluga

#### Shaakala Faayidaa Durduubee

#### Deebii gilgaala 4

Yaadannoo waa'ee faayidaa durduubee kitaaba barataa keessatti kennname akka dubbisanii hubatan godhi. Itti aansuun durduubee gilgaala kana jalatti kennaman irratti akka hima ijaaranu taasisi. Hima ijaaranis akka dareef dubbisanu godhi. Gilgaala kanaaf deebii adda addaa argachuu nidandeessa. Atis barattoonni hima ijaaran keessatti durduubee sirriitti fayyadamuu danda'uu jaraa hordofi.

## **Deebii gilgaala 5A**

Jechoota gilgaala kana jalatti dhiyaatan irratti akka himoota fudhatama qabunu akka ijaaranu godhi. Deebiin gilgaala kanaa garaa gara ta'uu nidanda'a. Kanaafuu qabxiin madallii deebii barattootaa:

1. Hiika jechoota kennamanii sirriitti hubachuu
2. Himi ijaarame fudhatama qabaachuu isaa

Haaluma kanaan, deebii barattootaa sirrummaa isaa ilaaluu nidandeessa. Barattoonis himoota ijaaran afaniin dareef akka dhiyeessanu taasisi.

## **Deebii gilgaala 5B**

Gilgaalli kun barattooni gosa himaa siritti hubatanii addaan baasuu danda'uu jaraa kan ittiin hubattu. Yaadannoo kitaaba jaraa keessatti kennameef osoo gara gilgaala kanaatti hince'iin akka dubbisani hubatanu haata'u.

- |                     |                      |
|---------------------|----------------------|
| 1. Hima raajeffanno | 2. Hima ajajaa       |
| 3. Hima gaaffii     | 4. Hima himaamsa     |
| 5. Hima himaamsa    | 6. Hima gaaffii      |
| 7. Hima ajajaa      | 8. Hima raajeffannoo |

## **Deebii gilgaala 5C**

Mataduree kana jalatti yaadannoo waa'ee himaafi gosoota himaa ilaachisee kitaaba barataa keessatti kennameera. Barattooni yaadannoo kennname kana dubbisuun akka hubatanu taasisi. Itti aansuun caasluga Afaan Oromoo keessatti himi akkamiin akka ijaaramu itti argasiisi. Kana malees, garaagarummaa hima yaada hir'uu, hima fudhatama hinqabneefi hima qindaa'ina hinqabne itti agarsiisi. Barattoonis akka afaniin hima yaada hir'uu, hima fudhatama hinqabneefi hima qindaa'ina hinqabne fakkeenya kennan gargaariin.

Jalqaba barattooni gabatee gilgaala kana jalatti dhiyaate akka dabtara jararratti garagalchanu taasisi. Itti aansuun gosoota himaa kennaman jalatti hima shan shan akka barreessan godhi. Deebiin gilgaala kanaa garaa gara ta'uu nidanda'a.

Kaayyoon gilgaala kanaas barattooni gosoota himaa sirriitti addaan baasanii hubachuu jaraa lafa itti mirkanoeffatu.

### Barannoo 3: Mammaaksa

Kaayyoon barannoo kanaa barattooni mammaaksa adda addaa akka hubatanu gochuudha. Kana malees, mammaaksa naannoo isaaniitti argamanu fiduun dareef akka dhiyeessanu taasisuudha.

#### Deebii gilgaala 6A

- |      |      |
|------|------|
| 1. C | 2. B |
| 3. C | 4. A |
| 5. B | 6. C |
| 7. B |      |

#### Deebii gilgaala 6B

Deebiin gilgaala kana garaa gara ta'uu nidanda'a. Barattooni mammaaksa naannoo jaraatti argamanu akka sassaabanii dareef dhiyeessanu godhi. Hiika mammaaksa fidaniirrattis akka mari'atan taasisi.

### 4. Gaaffiwwan keessa deebii

1. Durduubee jechuun maal jechuudha? Faayidaa maalii qaba ?
2. Durduubee kanaan gadii irratti hima mataa keetii ijaari.
  - A. waan
  - B. waliin
  - C. waa'ee
3. Hima jechuun maal jechuudha ? Himni fudhatama qabu hima akkamiiti ?
4. Gosa himaa kanaa gadii irratti hima lama lama barreessi.
  - A. Hima himaamsa
  - B. Hima gaaffii
  - C. Hima ajajaa
  - D. Hima raajeffannoo

## **5. Madaallii**

Madaallii boqonnaa kanaa barannoo barannoona qooduun raawwadhu. Barattoonni dubbisa waa'ee kunuunsa qabeenya uumamaa dubbisanii ergaa isaa hubachuu jaraa mirkanoeffadhu. Kana malees faayidaa kunuunsa qabeenyaa uumamaa hubachuun hojiirra akka oolchuuf kaka'an hubadhu. Hiika jechootaa hubachuun hima keessatti sirriitti fayyadamuu danda'uu jaraa mirkanoeffadhu.

Caasluga Afaan Oromoo keessaa faayidaa durduubee sirriitti hubatanii barreessuu danda'uu jaraa qulqulleeffadhu. Bakka hubachuuf rakkatanitti shaakala adda addaa dabaluun gargaariin. Himaafi gosoota himaas sirriitti addaan baasanii hubachuu jaraa mirkanoeffadhu. Afaan Oromoona caasaa himni ittin ijaaramu addaan baasuun agarsiisuu jaraa ilaali. Gosoota himaa garaa garaa walkeessa makamanii dhiyaatan akka gosa gosa jaraan sirriitti addaan baasanii barreessuu jaraa qulqulleeffadhu.

Mammaaksa naannoo jaraatti argamanu keessaa muraasa fiduun dareef dhiyeessuu jaraa hubadhu. Hiika mammaaksa dareef dhiyaatanii sirriitti hubachuu danda'uu jaraa mirkanoeffadhu.

## Boqonnaa 12: Jireenya Baadiyyaafi Magaalaa (Wayitii 9)

### Dheerina wayitii tokkoo daqiqaa 40

#### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti baratttoonni dhimmoota gurguddaa afur baratu. Tokko, dubbisa waa'ee jireenya magaalaafi baadiyaa irratti dhiyaate dubbisuun ergaa isaa hubatu. Lama, hiika kallattiifi hiika faallaa jechootaa gabbifatu. Sadii, dandeettii akkaataa keeyyanni ijaaramu gabbifatu. Afur, seera eeganii falmii geggeessuu danda'u. Kaayyoowwan boqonnaa kanaa galmaan ga'uuf jecha gilgaalli hedduun dhiyaateera. Atis gilgaala dhiyaate kana barattoonni sirriitti hubatanii akka hojjetanu hordofi.

#### 1. Kaayyoo: Barnoota Boqonnaa Kanaatin Booda:

- Dubbisa mataduree “Jireenya Baadiyyaafi Magaalaa” jalatti dhiyaate dubbisuun yaada ijoo isaa hubatu.
- Jechootaafi hiika kallattiif hiika faallaa barreessu.
- Akkaataa keeyyanni itti ijaaramu gabbifatu.
- Seera eeganii falmii gaggeessuu cimsatu.

#### 2. Qabiyyee

- Dubbisuufi dubbachuu
- Hiika kallattiif hiika faallaa jechootaa
- Keeyyata ijaaruu
- Seera eeganii falmii geggeessuu

#### 3. Mala Baruu-Barsiisuu

##### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

##### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

##### Deebii gilgaala 1A

Gilgaala kana jalatti fakkiiwwan lama dhiyaatanii jiru. Fakkiin inni tokko haala

jirenya baadiyaa yeroo ibsu, inni biroo ammoo haala jirenya magaalaa agarsiisa. Barattooni garee gareen ta'uun akka fakkiiwan kana irratti mari'atanu taasi. Hubbannoo jaraas akka dareef afaaniin dhiyeessan godhi.

### **Deebii gilgaala 1B**

Gaaffiwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan qaama shaakala dubbisa duraati. Kaayyoon gilgaala kanaas hubannoo barattooni jirenya magaalaafi baadiyaa irratti qabanu waljijiiruun dubbisa dhiyaatuuf akka ofqopheessan gochuudha. Waan kan ta'eef gilgaalli kun deebii murtaa'aa tokko hinqabu.

### **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

#### **Deebii gilgaala 2A**

Dubbisa dhiyaatetti osoo hince'iin dura gaaffiwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan dubbisuun akka qalbeeffatanu godhi. Itti aansuun dubbisa dhiyaate barattooni tooftaalee adda addaan dubbisanii akka odeeffanno isaa argatan godhi. Haaluma kanaan, gaaffiwan gilgaala kana jalatti dhiyaataniif dubbisa dhiyaate ariitiidhaan dubbisuun akka deebisanu godhi.

#### **Deebii**

1. Baadiyyaan yeroo hedduu bakka namooni hojii qonnaafi hojii horii horsiisuu raawwachaa jirenya jaraa geggeessan jedhamee yaadama. Magaalaan immoo gara biraan lafa namoonni hojii adda addaa kana akka hojii daldalaa, waajjiiraafi warshaa harka caalmaan hojjechuun jirenya jaraa gaggeessan jechuudha.
2. Oomisha nyaataa, dhugaatiifi warshaa adda addaaf kan oolu harka caalmaatti kan oomishamanus baadiyaatti.
3. Magaalaan jechuun bakka namoonni qubbanna qindaa'aa ta'een walga'anii baay'inaan jiraatanu jechuudha.
4. Seenaan addunyaa keessatti magaalanni jalqabaa kan hundeffaman waggoota kuma shaniin dura akka ture seenaan ni ibsa.
5. Kanneen keessaa dhiphina iddo, yakka adda addaa, hiyyummaafi faalamuu caqasuun nidanda'ama.

## Deebii gilgaala 2B

Barattoonni gilgaala kana hojjechuuf dubbisa waa'ee jireenya magaalaafi jireenya baadiyyaa irratti dhiyaate suuta jedhanii akka dubbisan haata'u. Jalqaba gaaffiwwan dhiyaatan dubbisanii haaqalbeeffatan. Itti aansuun, gara dubbisichaatti ce'uun deebii sirrii ta'e haabarbaadan. Deebii jaraas sababa wajjiin barreeffamaan akka dhiyeessanu godhi.

1. soba. Dalagaan akkanaa kan jiru magaalaadha
2. dhugaa
3. soba. Warshaan adda addaa waan jiruuf qilleensi gaariin hinjiru
4. soba . Baadiyyaarraa tajaajila kana argachuuf gara magaalaa deemu.
5. dhugaa

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni hubannoo dubbisarrraa argatan muuxannoo jaraan walitti fiduun akka gabbistan gochuudha. Kanaafuu, baratoonni gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaataniif sodaa tokko malee yaada jaraa akka dhiyeessan gargaariin. Gilgaala kaanaafis deebii adda addaa barattoonni dhiyeessuu waan danda'anuuf deebii jaraa hunda keessumsiisi.

## Barannoo 2: Caasluga

### Deebii gilgaala 4A

Jechoota gilgaala kana jalatti dhiyaataniif barattoonni jalqaba hiika kallattii akka barreessanu godhi. Itti aansuun hiika kallattil barreessan ifa kan godhu hima mataa isaanii akka barreessan itti himi.

1. simboo=miidhagina
2. maalaluu=dinqisiifachuu
3. diina= nyaapha
4. xaqanaa=abshaala
5. shakkii=mamii
6. dhoksuu=iccitiin qabuu

## **Deebii gilgaala 4B**

Jechoota gilgaala kana jalatti dhiyaataniif barattooni jalqaba hiika faallaa akka barreessan godhi. Itti aansuun hiika faallaa barreessan ifa kan godhu hima mataa isaanii akka barreessan itti himi.

Fkn. Adii= gurraacha

Tolaan kofoo gurraacha kaawwate.

1. raada=sangaa
2. diida=keessa
3. hidhe=hiike
4. alagaa=aantee
5. muguu=dammaquu
6. barii=galgala

## **Barannoo 3: Keeyyata Barreessuu**

Waa'ee keeyyataa ilaachisee yaadannoo kitaaba barataa keessatti argamu akka barattooni dubbisani hubatanu godhi. Yaadannoон dhiyaate keeyyanni maal jechuu akka ta'e, keeyyanni akkamiin akka ijaaramuufi keeyyanni qaama akkamii akka qabu kan ibsuudha. Kana malees, keeyyanni amaloota mataa isaa akka qabu ibsamee jira. Atis dhimmoonni kun maal jechuu akka ta'an fakkeenya kenuun barattootaaf ifa godhi.

## **Deebii gilgaala 5**

Gilgaalli kun barattooni keeyyata lama akka barreessanu kan gaafatu. Gilgaalli tokko baadiyyaa irratti, gilgaalli inni biraamagaalaa irraatti. Barattoonis odee effanno gabatee keessatti waa'ee baadiyaafi magaalaa dhiyaate bu'uureeffachuuun akka keeyyata lama barreessan taasisi. Keeyyata barreessanis jalqaba gareen akka irratti mari'atanu haata'u. Itti aansuun garee garee keessaa keeyyata gaariidha jedhamee filatame dareef akka dubbisan taasisi.

## **Barannoo 4: Falmii Gaggeessuu**

Kaayyoon barannoo kanaa barattooni seera eeganii falmii gaggeessuu akka danda'anu taasisuudha. Haaluma kanaan, adeemsi falmii gaggeessu maal fakkaachuu akka qabu itti himi.

## **Deebii gilgaala 6**

Seera falmii eeguun barattooni mataduree “Jirenya Baadiyaa moo Jirenya Magaalaa Wayya?” jedhu irratti falmii gaggeessu. Adeemsi falmii seera isaa eegee akka deemuu godhi. Kaayyoon gilgaala kanaa ‘garee kamtu moo’e’ isa jedhu yookaan ‘jirenya isa kamtu gaariidha’ isa jedhu deebisuuf miti. Kaayyoon isaa barattooni seera falmii eeqanii falmii qaqqeessu akka danda’anu qochuudha.

Adeemsa falmii:

1. Jalqaba sadii sadii ta'uun garee uumu.
  2. Itti aansuun, mataduree falmiif dhiyaate irratti kallattii falmii isaanii murteessuu

Garee 'A': Jireenyi Baadiyaa Jireenya Magaalaa Caalaa Gaariidha.

Garee 'B': Jireenyi Magaalaa Jireenya Baadiyaa Caalaa Gaariidha.

3. Kallattii falmii isaanii erga murteeffatanii booda, yaada falmiif isaan gargaara jedhan yaadan hunda sassaabbatu. Itti aansuun yaada isaaniis falmiif akka mijaa'u gochuun qindeeffatu.
  4. Dhumarratti garee yaada kallattii faallaa isaanii qabatee jiruu wajjin fuuldura daree isaanitti ba'uun falmii isaanii adeemsisu.

**Hubachiisa:** Adeemsi falmii gaggeessuu keessatti tartiiba eeganii dubbachuun, yeroo eeyyamame qofaa fayyadamuuniifi yaada qofatti irratti xiyyeefachuu barbaachisaadha.

#### **4. Gaaffiiwan keessa deebii**

1. Jechoota kanaan gadiif hiika kallattiifi hiika faallaa kenni  
Hiika kallattii Hiika faallaa  
A kofoo

- |    |                   |       |
|----|-------------------|-------|
| B. | sooruu _____      | _____ |
| C. | mararuu           | _____ |
| D. | eela _____        | _____ |
| E. | mararfachuu _____ | _____ |

2. Keeyyata jechuun maal jechuudha? Amaloonni keeyyataa maal fa'i?  
Mataduree barbaadde tokko filachuun keeyyata amaloota keeyyataa guutu tokko qopheessi.
3. Seerri falmii gaggeessuu maal fakkaachuu akka qabu ibsi.

## **5. Madaallii**

Kaayyoowwan boqonnaa kanaa galmaan ga'uuf gilgaalota barannoo barannoo jalatti dhiyaatan barattooni qajeelfama kennaman eeganii hojjechuutu irraa eegama. Kanaafuu atis, barattooni qajeelfama kennname hordofuu gilgaalota boqonnaa kana keessatti kennaman hunda hojjechuu jaraa mirkanoeffachaa deemutu sirraa eegama.

Yaaada dubbisa waa'ee jirenya baadiyaafi magaalaa irratti dhiyaate tooftaalee adda addaa fayyadamuun barattooni hubachuu jaraa mirkanoeffadhu. Jechoota kennamaniif hiika kallattiifi hiika faallaa kennuu danda'uu jaraa hubadhu. Toofataan kana ittiin hubattu keessaa tokko barattooni hiika kallatti yookaan faallaa jechootaaf kennan kan ibsu hima ijaaruu yoo dandaa'ani. Atis kana raawwachuu jaraa sirriitti mirkanoeffadhu.

Keeyyata waa'ee jirenya baadiyaafi maagaalaa ibsan ijaaruu danda'uu jaraa qulqulleeffadhu. Keeyyanni jarri barreessanis hangam amaloota keeyyataa akka guute hubadhu. Barreessuun shaakallii walirraa hincinne waan barbaaduuf hanga jarri keeyyata haala waliigalaan fudhatama qabu tokko barreessanutti shaakalsiisi. Kana malees, seera eeganii falmii gaggeessuu jaraa mirkanoeffadhu. Adeemsa falmii gaggeessuu keessatti dhimmoota jiranu sirritti hubachuu jaraa mirkanoeffadhu.

## Boqonnaa 13: Sheek Bakrii Saaphaloo (Wayitii 8)

### Dheerina wayitii tokkoo daqiiqaa 40

#### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni bu'aa Sheek Bakrii Saaphaloo guddina Afaan Oromoof buusan nihubatu. Kana malees, seenaa guddina Afaan Oromoo keessatti namoota gumaacha godhan nibaratu. Waa'ee namoota kanaa ilaachisaniis keeyyata nibarreessu. Dabalataanis, namoota Afaan Oromoobarreessanis kitaaba isaanii wajjin nitarreessu. Hiika jechootaafi faallaa jechootaa nibarreessu. Mammaaksa barnoota cimsan barreeffamaan walitti qabuun dareef nidhiyeessu.

#### 1. Kaayyoo:Barnoota Boqonnaa Kanaatin Booda:

- Dubbisa dhiyaate dubbisuun seenaa guddina Afaan Oromoo keessatti namoota gumaacha godhan hubatu.
- Hiika jechootaafi faallaa jechootaa kenuu.
- Hubannoo mammaaksa barnoota irratti dubbatamanuu cimsatu.
- Waa'ee namoota Afaan Oromoo guddisuuf carraaqan irratti keeyyata barreessu.

#### 2. Qabiyyee

- Dubbisuufi dubbachuu
- Hiika jechootaafi faallaa jechotaa
- Mammaaksa barnoota cimsan
- Keeyyata waa'ee namoota Afaan Oromoo guddisuuf carraaqanii barreessuu

#### 3. Mala Baruu-Barsiisuu

##### **Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni gara dubbisa dhiyaateetti osoo hince'iin

dura hubannoo jarri qaban sakatta'uuf. Kana malees, dhimmoota dhiyaatan irratti gareen mari'achuun hubannoo jaraa akka cimsatanuuf. Haaluma kanaan, gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan osoo dubbisatti hince'iin dura akka gareen irratti mari'atan taasisi. Gabatee gilgaala kana jalatti dhiyaatees akka dabtara jaraa irratti garaglachanu haata'u. Gabaticha keessatti namoota Afaan Oromoo irratti barreessan kitaabolee jaraa wajjin akka guutan godhi. Barattooni osoo gara dubbisaatti hince'iin hiika jechoota gilgaala kana jalatti dhiyaatan akka tilmaaman haata'u.

## **Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

### **Deebii gilgaala 2A**

Dubbisa waa'ee Sheek Bakrii Saaphaloo osoo hindubbisiin dura gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan dubbisuun akka qalbeeffatan haata'u. Itti aansuun dubbisa dhiyaate ariiidhaan dubbisuun akka gaaffiiwwaniif deebii barreeffamaan kennan godhi

1. Saaphaaloon lafa dhalootaa waan ta'eef.
2. A. Barreeffama walaloo gaggabaaboo Afaan Oromoon barreessuu isaanii.  
B. Qabee Afaan Oromoo qopheessuu.
3. Sabboonummaa isaaniiti.
4. Kitaaaba xinnoo fuula diigdamaa "Shalda" jedhamtu, kan qabee haarawaan barreessan yeroo kana. Kitaabni kun kan amantii haafakkaatu malee cunqursaa yeroo sana ture balaaleffata.
5. Rakkoo hedduu isaan muudate. Mana hidhaa seenuurraa kaassee hanga biyya gadi lakkisanii baqachuutti gaa'anii turan.

### **Deebii gilgaala 2B**

Deebii gilgaala kanaaf yaada sirrii ta'e 'dhugaa' kan hintaane ammoo 'soba' jechuun akka sababa wajjin dhiyeessan taasisi. Dubbisaa dhiyaate suuta jechuun al lamaafi isaa ol akka dubbisanu godhi.

1. Soba. Lafa itti dhalateen waaman
2. Dhugaa
3. Soba. Gonkumaa akka qabee kamiiniyyuu barraahu hinlayyamne.
4. Dhugaa

5. Soba. Seenaa ummata oromoofi waraqisa oromoos of keessaa qaba.

### **Deebii gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattooni hubannoo dubbisarraa argatan muuxannoo jaraan walitti fiduun akka gabbistan gochuudha. Kanaafuu barattooni gaaffiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaataniif sodaa tokko malee yaada jaraa akka dhiyeessan gargaariin. Gilgaala kanaafis deebii adda addaa barattooni dhiyeessuu waan danda'anuuf deebii jaraa hunda keessummeesi. Dabalatanis yaada dubbisa waa'ee Sheek Bakrii Saaphaloo bu'uureeffachuun, barattooni namoota Afaan Oromoo guddisuu gumaacha godhan keessaa tokko irratti keeyyata akka barreessan godhi. Keeyyata jaraas dareef dubbisanii irratti haamari'atan.

### **Barannoo 2: Caasluga**

#### **Shaakala hiika jechootaa**

##### **Deebii gilgaala 4A**

- |      |      |
|------|------|
| 1. B | 2. A |
| 3. B | 4. C |
| 5. D |      |

##### **Deebii gilgaala 4B**

- |      |      |      |      |      |
|------|------|------|------|------|
| 1. C | 2. B | 3. B | 4. B | 5. B |
|------|------|------|------|------|

### **Barannoo 3: Mammaaksa**

##### **Deebii gilgaala 5A**

- |      |      |      |      |      |
|------|------|------|------|------|
| 1. C | 2. C | 3. A | 4. B | 5. C |
|------|------|------|------|------|

##### **Deebii gilgaala 5B**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattooni mammaaksa barnoota irratti naannoo jaraatti dubbataman akka hubatanu gochuudha. Haaluma kanaan, barattooni mammaaksa barumsarratti naannoo jaratti dubbatamanu barreeffamaan walitti qabuun akka dareef dhiyeessan godhi. Mammaaksa dhiyaate irratti dareen akka irratti mari'atanus taasisi. Gilgaala kanaaf barattooni mammaaksa barumsarratti naannoo jaraatti dubbataman hedduu fiduu waan danda'anuuf deebiin murtaa'aa ta'e tokko hinjiru. Qabxiin mammaaksa barattooni sasssaabanii fidan ittiin kan madaaltu xiyyeefanna mammaaksi kun barumsarratti qabauun.

## **Barannoo 4: Seenaa Jirenyaa Barreessuu**

Barannoo kana jalatti barattooni seenaa guddina Afaan Oromoo keessatti nama gumaacha guddaa qaba/qabdi jedhanii yaadanu irratti xiyyeffachuun barreeffama keeyyata lama ol qabu barreessu. Yaadannoo seenaa jirenyaa barreessuuuf nama gargaaru kitaaba barataa keessatti dhiyaatee jira. Atis barattooni yaadanoo kana akka dubbisanii hubatan gargaariin. Barreeffama qopheessanis dareef akka dubbisanu taasisi.

### **4. Gaaffiiwan keessa deebii**

1. Waa'ee Sheek Bakrii Saaphaloo maal yaadatta? Guddina Afaan Oromoof bu'aalii buusaniiru?
2. Mammaaksa kanaan gadii xumuri
  - A. Yoo harka dhaban \_\_\_\_\_.
  - B. Adala riphe\_\_\_\_\_.
  - C. Namni alagaaf gubate\_\_\_\_\_.
  - D. Hanga farda bira geenyutti\_\_\_\_\_.
  - E. Garaa saree\_\_\_\_\_.
3. Seenaan jirenyaa akkamiin barreeffama? Seenaa jirenya kee irratti kan xiyyeffatu barreeffama tokko qopheessi.

### **5. Madaallii**

Boqonnaa kana keessatti madallii hedduu raawwata. Jalqaba dubbisa Sheek Bakrii Saaphaloo irratti dhiyaate barattooni dubbisanii ergaa isaa hubachuu jaraa mirkanoeffadhu. Itti aansuun, barattooni bu'aalee guddina Afaan Oromoof Sheek Bakrii Saaphaloo buusan akka barreessan taasisi. Kana malees, namoota Afaan Oromoorratti barreessan kitaaba isaanii wajjin barattooni tarreessuu danda'u jaraa mirkanoeffadhu.

Dabalataanis, hiika jechootaafi faallaa jechootaa hubachuu barreessuu jaraa qulqulleeffadhu. Mammaaksa dhiyaataniif xumura sirrii filachuu jaraa hubadhu. Kanaa wajjin walqabsiisuun, mammaaksa barumsarratti xiyyeffataniifi naannoo jaraatti dubbatamanu sassaabuun barreeffamaan dhiyeessuu jaraa mirkanoeffadhu. Seenaa guddina Afaan Oromoo keessatti nama gumaacha guddaa qaba/qabdi jedhanii yaadanu irratti keeyyata qopheessuu jaraa addaan baafadhu.

## Boqonnaa 14: Afoola Oromoo

### (wayitii 10 ) Dheerinni wayti tokko 40'

#### **Seensa Boqonnichaa**

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda maalummaa ogafaaniifi faayidaa gosoota ogafaanii nihubatu. Jechootaafis hiika kallattii nikennu. Gosoota ogafaanii keessaa ogwalaloofi ciigoo maaluummaa isaaniifi faayidaa isaanii ni hubatu. Akkasumas,afoola Oromoo naannoo isaaniitti bifा walaloofi bifा ciigootiin hawaasni fayyadamu dareetti fidanii dhiyeessu.

#### **1. Kaayyoo:Barnoota Boqonnaa Kanaatiin Booda Barattoonni:**

- maalummaa, faayidaafi gosoota afoola hubatu
- jechootaaf hiika kallattii ni kennu
- faayidaa jechootaa hubatu.
- walaloofi amaloota walaloo gabbifatu
- ciigoo keessaa soorgoofi sookoo addaan baasuu danda'u
- walaloo mataa isaanii ni barreessu.

#### **2. Qabiyyee**

- Dubbisuufi dubbachuu
- Dubbisa "Afoola Oromoo " jedhu
- Gilgaalota hubannoo ogummaa dubbisuufi dubbachuuf oolan
- Weedduu jaalalaa
- Sirba cidha gaayilaa
- Hiibboo
- Oduu durii
- Hiika jechootaa
- Jechamoota
- Barreessuu

### **3. Mala Baruu– Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu**

##### **Deebii Gilgaala 1: Shaakala Dubbachuu**

Kaayyoon shaakala dubbachuu, kun barattooni dandeettii dubbachuu isaanii nama fuuldura bahanii akka dubbatan ija jabeenya akka horatan waan ta'eef, barattoota hundaafuu carraa ka'anii hiriyoota fuulduratti dubbachuu akka argatan taasisi/jajjabeessi/.

##### **Deebii Gilgaala 2: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Xiyyeeffannaan guddaan shaakala dubbisa duraa barattooni muuxannoo dura qaban gara mata dureetti fiduun akka isaan mata duree tilmaamaan gochuufi, waan ta'eef gareen akka gaaffiwwan irratti mari'atan taasisuun yaada isaanii dhumarratti akka dareetti ibsan godhi.

##### **Deebii Gilgaala 3: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

###### **3A.1. 5 (shan)**

2. Bosona keessan naanna'aa oole
3. Namichi ati jaalatte nama guddadha dargaggeessa jaalatte hin garre.
4. Namni kamiiyyuu waan gaarii yaada. Hiyyeessis dureessis waan gaarii argachuu ni hawwa.
5. Yaanni ka'uu danda'u:
  - Namootaa waljalatanii ijaan walbarbaadan
  - Namoota wal jaalatanii walarguun rakkoo ta'e
6. Jechoota baay'ee qalbii nama rarraasan fayyadame.

###### **3B. Gaaffiwwan gilgaala kana jalatti ka'an hunda isaa akka irratti hirmaatanii barattoota kee jajjabeessi.**

1. Mana mucayyootti
2. Eeyyee! Arga mana haadha ofiti baate maal gochuu fi akkamitti jiraachuu akka qabdu itti hima.
3. Garaa laaftee hinboyiin jabaadhu gorsa jedhu qaba.
4. Kana booda fira irraa gara haalagaa deemta waan ta'eef jabaadhu

- dhaamsa jedhu dhaamuuf.
5. Gorsa cimaa mucayyoo heerumtuuf, mucaa fudhuuf, hirmaattoota cidichaatiif dabarsa.

### **3C. shaakala jechootaa**

- |      |      |       |
|------|------|-------|
| 1. F | 4. B | 7. C. |
| 2. G | 5. H |       |
| 3. E | 6. D |       |

### **Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuu Boodaa**

1. Eeyyee
2. Eeyyee
3. 12
4. Eeyyee
5. Yaada adda addaa kaasuu danda'u waan ta'eef haalan keessummeessi.

### **Barannoo 2: Afoola**

### **Gilgaala 5: Shaakala dubbisuun duraa**

Kaayyoo shaakala dubbisa duraa barannoo 1ffa keessatti ibsameera; haaluma saniin isa kanas hojjechiisi.

### **Gilgaala 6 : Shaakala yeroo dubbisuu.**

- |      |    |   |      |   |    |   |
|------|----|---|------|---|----|---|
| 1. C | 2. | B | 3.   | C | 4. | D |
| 5. B | 6. | C | 7. D |   | 8. | C |

### **Gilgaala 6B: Shaakala jechootaa**

- |       |       |       |       |
|-------|-------|-------|-------|
| 1. A  | 2. C  | 3. B. | 4. A. |
| 5. A  | 6. A  | 7. B  | 8. C  |
| 9. A. | 10. C |       |       |

### **Gilgaala 7: Shaakala dubbisa boodaa**

- 1 Afoolli qabeenya hawaasa ta'ee dhalootaa dhalootatti kan afaaniin darbaa tureefi darba jiruudha.
2. Mammaaksa, oduu durii, ciigoo, hibboo, jechama  
Hiibboo -sirba  
Tapha ijoollee - oduu durii  
Geerarsa - Faaruufi kkf
3. Unata.

- Buufata/ hiidhaa/
  - Safari
  - Miidhagina
  - Filannoo jechootaa
  - Kalaqa sammuu gaafata.

## Tokkummaa isaanii

1. Gosa ogafaniiti
  2. Ergaa dabarsu

## Garaagarummaa isaanii

<u>Walaloo</u>	<u>oduu durii</u>
a. Filannoo jechootaa qaba	hin barbaadu
b. Unata qaba	hin qabu
c. Qooddataa qaba	qooddattoota qaba.
d. Bifa walaloo qaba	holooloo dhaan darba.
5. Walalooratti hedдуммаата sababni isaa jechotaa muraasaan ergaa quddaa dabarsa waan ta'eefi.	

## **Barannoo 3: Gosoota Afoolaa**

## Gilgaala 8: Shaakala ciigoo

- A. 1. Ciigoo : Loolan  
Soorgoo: bokkaan  
Sookoo: Waraan  
2. Ciigoo : Simbira  
Soorgoo: Simbira /allaattii/ taate  
Sookoo: isin bira jirti  
3. ciigoo Afaan isaa  
soorgoo sagalee bareedaa qaba  
sookoo margi afanne gaariidha/ bareedaadha  
4. ciigoo: Kaleessa hinmafne  
Soorgoo: kun dur waan hafeedha

Sookoo: aadaa ummatichaa osoo beektu salfachuu dhabde.

B. Haaluma gaafatameen akka hojjetan jajjabeessi.

### Gilgaala 9: Shaakala Hiiboo

- |        |               |
|--------|---------------|
| A. 1.B | B. 1. Silmii  |
| 2 D    | 2. Hirriba    |
| 3 B    | 3. Abidda     |
| 4. C   | 4. Gaaddidduu |
| 5. A   | 5. Buddeena   |

### Gilgaala 10: Shaakala jechamaa

- |      |                             |
|------|-----------------------------|
| A.   | B.                          |
| 1. A | 1. Waan lamuu hinargamne    |
| 2. D | 2. Kan yeroof mul'atee badu |
| 3. B | 3. Kan namaaf naatu         |
| 4. D | 4. Dallane                  |
| 5. A | 5. Haaloo kuufate           |
|      | 6. kan walhintaane          |
|      | 7. kan dafee hinfayyine     |
|      | 8. dubrummaa ishee gatte    |
|      | 9. kan gara deemuu wallale  |
|      | 10. maqaa balleessuu        |

C. Jechamoota shan barreessanii dareef akka dhiyeessan taasisi.

## Barannoo 4: Barreessuu

### Gilgaala 11: shaakala barreessuu

Akkaatuma gaafatamaniin barattoonni akka hojjetanii fidan jajjabeessi. Qabxii itti kennun hamilee fi wal dorogommii isaan jidduutti uumi.

## 4. Gaaffiwwan keessa deebii

- A. Hiibboowan armaan gadiif hiika isaanii barbaadi.
1. Ulee takkattiin saawwan karra tokko dachafti.
  2. Xuunxoo fanniyyoo ani hinfannifne Rabbituu fannisee naaf beeki.

3. Manni isaanii fagoo  
Nyaanni isaanii nimi'aawa  
Sarooni isaanii nama nyaatu
  4. Haati adeemtuu hingaltu  
Abbaan sirba hindhiisu  
Ijoolleen hinguddatu
  5. Dhaabaa hinta'u, dagalee hinta'u, isa malee hinta'u.
- B. Jechamoota armaan gadiif hiika kenni.
1. Ija jabaata
  2. garaa bal'ata
  3. garaa laafa
  4. garaa nyaate
  5. bifa qabeessa
- C. Amaloota ogafaanii shan barreessi.
1. \_\_\_\_\_
  2. \_\_\_\_\_
  3. \_\_\_\_\_
  4. \_\_\_\_\_
  5. \_\_\_\_\_

## **5. Madaallii**

- 5.1. Dubbisuufi dubbachuu Shaakala dubbisa duraarratti barattoota akka isaan muuxannoo isaanii gara mata dureetti fidan jajjabeessi.
- 5.2. Dubbisa "Afoola Oromoo "jedhu.  
Dubbisni kun barattooni si'aayinaan akka dubbisani hordofi. Yemmuu dubbisuu dandeettii dubbisuu keessatti tarsiimoowwan akka gabbifataniif yeroo qabuufidhaan duukaa bu'i.
  - 5.2.1. Gaaffiwwan yeroo dubbisaa hojjechaa deemuu isaanii duukaa bu'i
  - 5.2.2. Teekinikoota dubbisuu gonfachuu isaanii gaaffiwwan yeroo dubisaafi dubbisa booda hojjechuu isaanii hordofi.
- 5.3. Shaakala ogummaa jechootaa; Gilgaala 3C fi 5B jala jiran hiika kallattiifi haala galumsarratti hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu.
- 5.4. Shaakala afoolagilgaalonni as jalatti qophaan ( 8, 9, fi 10 ) afoola Oromoo hedduu keessaa isaan muraasa. Kanaaf, faayidaa, maalummaa, gosoota afaanii adda baasuu isaanii mirkaneeffadhu. Ogwalaloo, ogafaan kanneen biroos barreessanii akka dareef gabaasan gochuun duukaa bu'i.
- 4.5. Shaakala dubbisuun boodaa  
Gilgaala 11 maatiifi hiriyoota isaanii gaafatanii dareen alatti akka hojjetanii fidan jajjabeessi. Qabxiis itti kennamuun waldoorgommii keessatti uumi.

## Boqonnaa 15: Durba Morma Lamaa (Wayitii 9) Dheerina wayitii tokko 40

### Seensa Boqonnichaa

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda, maalummaa sheekkoo, faayidaa sheekkoofi gosoota sheekkoo ni hubatu. Akkasumas, jechamoota fi haala hiibboon itti hiibbifamu nihubata. Hiika jechootas, hiika kallattiifi haala galumsaatiin qayyabatu.

### 1. Kaayyoo:Barnoota Boqonnaa Kanaatiin Booda:

- Maalummaafi faayidaa sheekkoo hubatu
- Jechamootaaaf hiika kalattii kenni
- Jechamootatti fayyadamaa ciigoo ijaaru
- Hiibboo fi akkaataa seera tapha hiibboo gabbifatu.
- Sheekkoofi gosoota sheekkoo gabbifatu.

### 2. Qabiyyee

- Dubbisuufi dubbachuu
- Gilgaalota hubannoo dubbisuufi dubbachuuf oolan.
- Hiika Jechoota
- Ogafaan (sheekkoo, Hiibboo, jechamoota)

### 3. Mala Baruu – barsiisuu

#### Barannoo 1: Dubbisuufi dubbachuu

Gilgaalaa 1A: Shaakala dubbisuun duraa.

Shaakala dubbisa duraa keessatti wanti raawwatamuu qaban ibsameera. Kanaaf, akkatuma saniin dalagsiisi. Jechoota dubbisuurratti gufuu ta'aniif hiika kenni.

B. 1. kolfuu                  2. bira darbuu                  3. daa'ima

### **Deebii Gilgaala 2A: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

1. Keeyyata 3ffaa
  2. Namicha mucayyoo morma lamaa barbaadu.
    - Namicha karaa deemu
    - Mucayyoo akka namichi akka bulu goote.
  3. Keeyyata 6ffaa
  4. Yaanni ka'uu danda'u:
    - Abbaan gurbaa abshaalaa ta'uu dhabuu
    - Wanta namni jedhu haalaan gaafatanii hubachuu
    - Waa adda baafachuu dhabuun rakkorraa nama buusuu isaa
- Deebii 2B.
1. Wanta hundaa jechamaan, ciigoodhaan waan dubbatuufi
  2. Mucayyoo warra mana ishee bulchite.
  3. Namichi mucayyoo barbaacha deemu
  4. Akkuma safuu ummata oromootti
  5. Dagaaguu, bal'achuu kan hindandeenye loon gosa saala tokko qabaniidha.

### **Gilgaala 2C**

- |              |               |
|--------------|---------------|
| 1. milkii    | 6. hawwii     |
| 2. si'aayina | 7. gogsuun    |
| 3. dallaa    | 8. geechuun   |
| 4. ulfina    | 9. galaa      |
| 5. horsiisuu | 10. horachuu. |

### **Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Gilgaala kana jalatti haaluma gaafatamaniin akka deebii kennan taasisi.

### **Barannoo 2: Afoola**

### **Gilgaala 4A; shaakala jechamaa**

- |      |      |
|------|------|
| 1. I | 6. C |
| 2. H | 7. D |
| 3. J | 8. E |

- |      |       |
|------|-------|
| 4. B | 9. F  |
| 5. A | 10. G |

### Gilgaala 4B

- |                |            |
|----------------|------------|
| 1. Lola eegale | 4. Duroome |
| 2. Beekkame    | 5. Ari'e   |
| 3. Kophaa ta'e |            |

### Deebii Gilgaala 5A: Shaakala oduu durii

#### Deebii Gilgaala 5B

1. Hiriyoonni walamananii waa hojjechuu qabu.
2. leenca, ra'ee
3. leenca isatu ishee nyaachuu barbaade ykn ganuu barbaade
4. waan yaraa dalaguun sanyii namaaf gaarii miti yaadfa jedhu qaba.
5. waan hinyaanne natti dalagde.
6. Hiriyaan walhinbeekne malkaa dhufteetti walkaksiisti.
7. yoomessa uumamaafi iddo qaba
8. ibsaa, namoomsuu,
9. cubbuu abbaan kee dalage jechuu isheeti
10. sheekkoo akka dareef dhiyeessan taasisi.

### Gilgaala 6: Shaakala Hiibboo

### Gilgaala 6A

Gaaffiwwan as jalatti ka'an yaada isaanii bakka itti ibsat an waan ta'eef haalan keessumessi.

1. Yaanni ka'uu danda'u
  - Ijoolleedhaan taphatamuu isaa
  - Jechoota muraasaan darbuu isaa
  - Seera taphaa qabaachuu isaafi kkf
2. Sammuu cimsa
  - Naannoo barsiisa
  - Naamusa barsiisa
  - Safuu barsiisa
  - Obsa barsiisaa fi kkf

### Gilgaala 6B

- |      |      |      |
|------|------|------|
| 1. A | 2. B | 3. C |
| 4. A | 5. B |      |

### **Gilgaala 6C**

- |    |                     |    |        |
|----|---------------------|----|--------|
| 1. | Udaan /gatteessuma/ | 2. | Haadha |
| 3. | Suunsuma            | 4. | Re'ee  |
| 5. | Masiinqoo/xiimboo   |    |        |

### **4. Gaaffiwwan Keessa Deebii**

Jechoota armaan gadii hiika faallaa kenniif.

- |     |            |    |          |    |          |
|-----|------------|----|----------|----|----------|
| 1.  | booseettii | 2. | salphaa  | 3. | dura     |
| 4.  | komii      | 5. | ol       | 6. | eebbisuu |
| 7.  | saffisuu   | 8. | madaaluu | 9. | faallaa  |
| 10. | ganama     |    |          |    |          |

### **5. Madaallii**

- 5.1. Ogummaa dubbisuufi dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala dubbisa duraa keessatti barattoota gara mata dureef fiduuf akka hunduu hirmaatan taasisi.

- 5.2. Dubbisa “Durba morma lamaa “jedhu.

Dubbisni kun sheekkoo baay'ee qalbii isaanii harkisu waan ta'eef, yeroo qabuutiin akka dubbisan godhi. Xiyyeeffannaa kee as jalatti dubbisuu gonfachisuu waan ta'eef kanneen armaan gadii ilaali.

5.2.1. Gaaffiwwan yeroo dubbisaa dubbisaatii hojjechuu isaanii ilaali. Yeroo kana ttarsiimoo saffisaan dubbisuu gonfachuu isaanii mirkanoeffadhu.

5.2.2. Gilgaala 2B jalatti gaaffiwwan jiran ammoo tarsiimoo suuta dubbisanii gadi fageenyaan waa hubachuu gonfachuu; isaanii mirkanoeffadhu.

- 5.3. Shaakala ogummaa jechootaa

Gaaffiwwan gilgaalaa 3 jalaatti dhiyaatan barattooni hiika jechootaa kallattiin, akkaataa galumsaatiin hubachuu danda'uun isaanii mirkanoeffadhu.

- 5.4. Shaakala afoolaa

### **Gilgaalli 4 ( A, B, C ), 5 ( A, B ), 6 ( A, B, C )**

Hundi isaanii waa'ee ogafaanii irratti xiyyeeffaatu. Kanaafis ogafaan kunneen ammoo, kanneen biroo irraa maaliin adda ta'u, maaliin ammoo walfakkaatu, faayidaan isaan qaban hoo? Kanneen jedhan hubachuu isaanii gilgaalota kennaman haalaan hojjechuu isaanii duukaa bu'uun mirkanoeffadhu.

## Boqonnaa 16: Gaabbi

### (Wayitii, 10) Dheerina wayitii tokkoo 40'

#### **Seensa Boqonnichaa**

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda, maalummaa asoosamaa, caacculee asoosamaa, hiika jechootaa fi malleen dubbii ykn dubbii haalawaa maal akka isaan ta'an ni hubatu. Kanaaf, hordoffiin kee baay'ee murteessadha. Tokkoon tokkoon dalagaa isaaniirratti wanta isaan irraa eegamu dalaguu isaanii duukaa bu'i.

#### **1. Kaayyoo : Barannoota Boqonnaa kanaatiin Booda Barattoonni :**

- asoosama dubbisan dhaamsa isaa hubatu.
- faayidaa asoosamaafi caacculee asoosamaa hubatu.
- hiika jechootaa cimsatu.
- malleen dubbii hima keessatti nihubatu.

#### **2. Qabiyyee**

- Dubbisuufi Dubbachuu
- Gilgaalota hubannoo dandeettii dubbisuufi dubbachuuf oolan.
- Afoola
- Hiika jechootaa
- Ogbarruu

#### **3. Mala Baruu– Barsiisuu**

##### **Barannoo 1 : Dubbisuufi dubbachuu**

###### **Gilgaala 1: Shaakala dubbisuun duraa**

Akkaatan dubbisa duraa itti barsiifamu

Boqonaa 14 keessatti daran ibsameera. Kanaaf, haaluma sanaan hojjechisi. Hiika jechootaa tilmaamsisuu hin irranfatin.

1. dukkuba mataa
2. hawwii
3. hin beeku.

### **Deebii Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Barattoonni as jalatti tarsiimoowwan dubbisuu akka gonfatan waan ta'eef, gilgaala kana hojjechaa deemuu isaanii duukaa bu'i. Ariitiin dubbisaa hojjechuu isaanii mirkanoeffadhu.

### **Deebii Gilgaala 2**

- |                   |   |
|-------------------|---|
| 1. Keeyyata 2ffaa | 2. Yaada burqisiisan harkaa fudhuun madaali |
| 3. Keeyyata 6ffaa | 4. Wagga 4                                  |
| 5. Keeyyata 10    | 6. Wagga 2                                  |

### **Deebii Gilgaala 3A: Shaakala dubbisuun boodaa**

Gaaffiwwan qayyabannoo.

Gaaffiileen as jalatti ka'an akkaataa hubannoo isaanii iddo itti madaaltu waan ta'eef haalli hubannoo isaanii wanta dubbisan wajjin deemu isa hubadhuu.

### **Gilgaala 3B**

Gaaffiwwan as jalatti ka'an gaaffiwwan hubannooti. Kanaaf, asoosamicha suuta dubbisuun akka deebisan taasisi. Hubannoo dubbisanii qayyabachuu isaanii mirkanoeffadhu. Deebii isaanii akka waldorgoomsiisan godhi. Caacculee asoosamaa akka isaan seeraan hubatan yaadannoos kennuufin cimsi.

### **Gilgaala 3C**

Gilgaala kana jalatti gaaffiwwan ka'an jirenyaa isaaniit walqabsiisanii wantoota hojachuu qabani. Kanaafuu dalaguu isaanii duukaa bu'i. Akkaasumas, dorgommii jidduutti uumuun akka dandeettii isaanii itti fayyadaman godhi.

## Barannoo 2: Afoola

### Gilgaala 4A: Shaakala Jechamoota

- |  |                        |
|--|------------------------|
| 1. Hirribaa ka'e                           | 2. Hindubbatu          |
| 3. Akka salphaatti hin argamu              | 4. Ni qota             |
| 5. Hinsodaatu /hindhiisu/ irraa hindeebi'u | 6. Hinkuufamtu         |
| 7. Yaadda'e                                | 8. Yeroo hunda yaadata |
| 9. Hin mugne                               | 10. Ciise              |

### Gilgaala 4B.

Akka hima itti ijaaran taasisi.

## Gilgaala 5

### Gilgaala 5A

- |              |              |              |
|--------------|--------------|--------------|
| 1. Akkasaa   | 2. Iddeessaa | 3. Akkasaa   |
| 4. Iddeessaa | 5. Akkasaa   | 6. Nameessuu |
| 7. nameessuu |              |              |

### Gilgaala 5B.

1. 1,3,5
2. 2,4
3. 6,7

### Gilgaala 5c

Baasanii akka agarsiisan taasisi.

## 4. Gaaffiwwan Keessa Deebii

- A. Gaaffiwwan armaan gadii akkaatuma gaafatamteen deebisi.

1. Caacculee asoosamaa torba barreessi

A. \_\_\_\_\_

B. \_\_\_\_\_

C. \_\_\_\_\_

D. \_\_\_\_\_

2. Tookkummaafi garagarummaa asoosamaafi ogafaanii barreessi
3. Amaloota Ogbarruu shan barreessi.
  - A. \_\_\_\_\_
  - B. \_\_\_\_\_
  - C. \_\_\_\_\_
  - D. \_\_\_\_\_
  - E. \_\_\_\_\_

## **5. Madaallii**

### **5.1 Dubbisuufi Dubbachuu**

Kaayyoon shaakala dubbisa duraa barattooni muuxannoo isaanii gara mata dureetti fidanii irratti akka mari'atan gochuun ogummaa dubbachuu isaanii akka cimsan godhi. Hiriyoota isaanii fuulduratti bahanii yaada ibsachuu akka danda'aniif jajjabeessi.

### **5.2 Dubbisa “Gaabbii” jedhu**

Dubbisni kun ogbarruudha. Ogbarruun ammoo barattooni akka dubbisaniif barreeffamoota barattooni dubbisuu jaalatan keessaa tokko; kanaaf, tarsiimoo dubbisuu akka hirataniif yeroo qabuufin akka dubbisan godhi.

5.2.1 Gaaffin yeroo dubbisaa dalagaa deemuu isaanii dukaa bu'i.

5.2.2 Tarsiimoo dubbisuu gilgaalota dhiyaatan hojjechiisuun mirkaneeffadhu.

5. 3 Ogafaanii, kana jalatti barattooni ogfaan hawaasicha keessatti itti fayyadama waan ta'eef faayidaafi bu'aa ogfaan hawaasichaaf qabu. Akka hubatan taasisi.

### **5.4 Ogunmaa Ogbarruu**

Kaayyon shaakala kanaa barattooni maalummaafi bu'aa ogbaruu akka hubataniifi. Kanaafuu hojji adda addaa dalaganii akka dareetti fidan gochuun hordofi.

## Boqonnaa 17: Xalayaa

### (Wayitii 6) Dheerina wayitii tokkoo 40

#### **Seensa Boqonnichaa**

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda maalummaa xalayaa, faayidaa xalayaa, gosoota isaafi akkaataa xalayaan itti barreeffamu ni hubatu. Gosoota xalayaa keessaa xalayaa hojii fi xalayaa dhuunfaas ni barreessu. Gama biraan ammoo hiika jechoota haala galumsaatiin ni hubatu.

#### **1. Kaayyoo : Barannoota Boqonnaa kanaatiin Booda :**

- maalummaa xalayaa ni hubatu
- akkaataa xalayaan itti barreeffamu ni gabbifatu
- hiika jechootaa haala galumsaan ni hubatu.
- ogummaa xalayaa hojiifi dhuunfaa barreessuu nihoratu.

#### **2. Qabiyyee**

- Dubbisuufi barreessuu
- Dubbisa “ Xalayaa “ jedhu
- Gilgaaloota dandeettii barreessuufi dubbisuu cimsan
- Xalayaa dhuunfaa
- Xalayaa hojii
- Hiika jechootaa

### **3. Mala Baruu-Barsiisuu**

#### **Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu**

#### **Gilgaala 1: Shaakala dubbisuun duraa**

Kaayyoon shaakala dubbisa duraa muuxannoo barattootaa gara mata dureetti fiduudha. Kanaaf barattoonni hirmaanna cimaa akka godhan gochuun gaariidha.

Gilgaalli 1ffaan yaada isaanii bakka ittii ibsat an waan ta'eef, yaanni kun sirriidha inni kun sirrii miti jechuun hin barbaachisu. Sirrummaa isaanii erga dubbisicha dubbisanii booda akka mirkanoeffatan taasisi.

#### **Deebii Gilgaala 2: Shaakala yeroo dubbisuu**

1. Yaanni ka'uu danda'u
  - Eeba hiriya isaaf dhufuu akka hindandeenye garuu , kennaa erguufi isaa. Gara fuulduuraatti wanta gaariin akka isa qunnamufi kkf
2. Lama
3. Akka ilaalcha isaaniitti yaada fuudhi
4. Eeyyee
5. Hin qabu.

#### **Deebii Gilgaala 3A: Shaakala dubbisuun boodaa**

Akkaatuma hubannoo isaanitiin yaada isaanii keessummeessi.

#### **Gilgaala 3B.**

Gilgaala kana jalatti gaaffiwwan dhiyaatan wanta dubbisaniifi muuxannoo isaanii walitti fiduun wanta hojettaniidha, Kanaaf, dalaganii akka dhufan jajjabeessi . Hojii isaanis waldorgomsiisuun waldorgoommii jidduu isaanitti uumi.

#### **Barannoo 2: Hiika Jechootaa**

#### **Gilgaala 4A**

1.dhugaa baatuu/naqaashii

2. Bicuu /tuffii )

3. Huccuu /kafana /uffata
4. Gaariidha /baroodha
5. Itti tole

### Gilgaala 4B

1. E
2. B
3. A
4. D.
5. C

## 4. Gaaffiiwan Keessa Deebii

- A. Jechoota armaan gadiitti jala sararaman hiika isaanii akka galumsaatti barbaadi.
  1. Fira gaafa golfaa alagaa gaafa kolfaa.
  2. Diina moo'achuuf irraa siquu osoo hintaane itti sikuutu gaariidha.
  3. Bokkaan har'a roobe bubbee waan keessa make xinnoo ni ulfaata.
  4. Tolaan kijiba dubbachuu hinjaalatu dubbachuu hinjaalatu.
  5. Caaltuun hiree gaarii waan qabduuf carraa dhibba keessaa jalqaba irratti carraan ramaddii baheef.
  6. Qananiisaan wadaroo sangoota isaati bitee gale.
  7. Jaalalli dhugaa aarsaa hedduu nama kafalchiisa.
  8. Gama hundaanuu carraa ofii yaaluun baay'ee gaariidha.
  9. Qoree qara malee qaramte.
  10. Hundumtuu yeroo isaatti miidhaga.

## **5. Madaallii**

- 5.1. Ogummaa dubbisuufi barreessuu Kaayyoo guddaan shaakala dubbisa duraa muuxannoo isaanii gara mata dureetti fiduudha , kanaaf hirmaanna isaanii jajjabeessi..
- 5.2. Shaakala yeroo dubbisa. Barattooni yeroo kana gilgaala 2 jalatti gaaffiowan dhiyaatan dubbisaati tarsiimoowwan dubbisuu gonfachuu isaanii mirkaneeffadhu
- 5.3. Shaakala hiika jechootaa. Jechoonni gilgaala 4A jalatti dhiyaatan hiika akka galumsaatti hubachuu isaanii xiinxalata. 4B jalatti ammoo hiika faallaa kennuu danda'uu isaanii mirkaneeffatta.

## Boqonnaa 18: Barreffama odeeffannoo (Wabiitti fayyadamuu) (Wayitii 6) Dheerina wayitii tokkoo 40'

### Seensa Boqonnichaa

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda, maalummaa barreffama wabii, akkataa itti fayyadama kitaabilee wabii, akkasumas jechoonni maal akka bakka bu'an ni hubatu. Mana kitaabas dhaquun wanta baratan kan hojiirra oolchu.

#### 1. Kaayyoo : Barannoota Boqonnaa kanaatiin Booda Barattoonni :

- Maalummaa barreffama wabii ni hubatu
- akkaataa itti fayyadama kitaabilee ni hubatu.
- jechoonni maal akka bu'an hubannoo cimsatu.

#### 2. Qabiyyee

- Dubbisuufi dubachuu
- Gilgaalota dandeettii dubbisuufi dubbachuu cimsan
- ogummaa jechootaa

#### 3. Mala Baruu-barsiisuu

##### Barannoo 1: Dubbisuufi dubbachuu

###### Gilgaala 1: Shaakala dubbisuun duraa:

Hojiiwan dubbisa duraa keessatti raawwataman boqonnaa 17 keessatti, haalaan ibsamaniiru; waan ta'eef isuma hordofi.

###### Hiika jechootaa.

- walitti qabu
- burqaa
- ragaa

## **Gilgaala 2: Shaakala yeroo dubbisuu.**

Akkuma boqonnaa 17 keessatti ibsame tarsiimoowwan dubbisuu gonfachiisuu waan ta'eef tarsiimoowwaniirratti xiyyeffadhu.

### **Deebii Gilgaalaa 2A.**

- |         |         |           |
|---------|---------|-----------|
| 1. Soba | 3. Soba | 4. Dhugaa |
| 2. Soba | 5. Soba |           |

### **Gilgaalaa 2B**

- |                        |                    |
|------------------------|--------------------|
| 1. Gosa kaataaloogii   | 3. Burqaa jalqabaa |
| 4. Yaadannoo fudhachuu | 5. Madda isaa ibsu |
| 2. Baafata kitaabaa    |                    |

### **Deebii: 2C**

As jalatti hiika jechootaa gama hiika kallattitin akka shaakalan godhi.

- |                            |                      |
|----------------------------|----------------------|
| 1. Ragaa                   | 2. Karaa /qajeelfama |
| 3. Hubannoo gadi fageenyaa | 4. Hojetamee dhumu   |
| 5. Waliigala               | 6. Qeequu            |
| 7. Madaallii               | 8. Mul'isuu          |
| 9. Ragaa                   | 10. Bulmaata         |

## **Gigaala 3A: Shaakala dubbisuun boodaa.**

Gilgaalli kun hubannoo barattooni wanta dubbisanirratti qaban madaaluuf gaariidha. Kanaaf, yaanni adda addaa ka'uun waan danda'uuf, yaada isaaniirratti hanga waliigaltaniitti keessumeessi.

## **Gilgaala 3B.**

Gilgaalaa kun wanti qophaaayeef barattooni muuxannoo isaaniifi wanta dubbisan irratti hundaa'uun akka wanta irraa fooyya'aa ta'e hubataniif, Dareen alas mana kitaabaa dhaquun dhimmoota kana akka itti fayyadama taasisi., Hojii mana kennuufin akkaataa itti fayyadama barreeffama wabii akka cimsatan godhi.

## 4. Gaaffiwwan Keessa Deebii

- A. Gaaffiwwa armaan gadii akkaatuma gaafatamteen deebisi.
1. Barreeffama odeeffannootti fayyadamuuf wantoota barbaachisan tarreessi.
  2. Hiika jechoota tooftaa ittiin barbaadduu ibsi
- B. Jecha himoota adda addaa armaan gadii haalan xumuruu danda'an filadhu.
1. Fayyisaan jirbii funaansa gara gammoojji .  
A. deeman      B. deeme      C. deemte      D. deemaniiru
  2. Namni hojii\_\_\_\_\_tiin kabaja  
A. ishii      B. isaanii      C. isaa      D. isee
  3. Iddoosaan niitii takka qaba.\_\_\_\_\_ijoollee wajjin  
Najjootti jijiiramte.  
A. Inni , Isaa      B. Isheen, isaa      C. Isaa, inni    D. Isaa, ishee
  4. Isaan kaleessa moo dheengadda\_\_\_\_\_?  
A. dhufe      B. dhufan      C. ta'e
  5. Badhaasaan isheef wayyaa\_\_\_\_\_  
A. dhahe      B. fooye      C. hojjete    D. hunduu

## 5. Madaallii

### 5.1. Dubbiisuufi Dubbachuu

\* Dubbisa kennameef yeroo qaban keessatti akka dubbisan taasisi. Kunis ogummaa dubbisuu isaaniitarsiimoowwan dubbisuu irratti hunda'uun madaali.

### 5.2. Gilgaalota ogummaa dubbisuufi dubbachuu cimsan. Gilgaalli 1 ogummaa dubbachuu isaanii bakka itti mirkaneeffatuudha. Gilgaalli 2 fi 3 ammoo ogummaa dubbisuu isaanii tarsiimoowwan dubbisurra dhabbatta bakka itti madaaltuudha.

Shaakala 3B

As jalatti barattoonni muuxannoo isaanii dareen alas deemanii akka cimsatan iddo itti gootu waan ta'eef dareen ala mana kitaabaa deemuun waa hojjetanii dareef akka dhiyeessan godhi. Yeroo kanas qabxii kenuufidhaan waldorgoommii isaanii jidduutti cimsi.

### 5.3. Shaakala hiika jechootaa.

Gilgaala 4 jalatti kallattiin hiika jechootaa hiikuu danda'uu isaanii iddo mirkaneeffatuudha.

## **Wabii**

- Adugna Barkessa 2009. Terminology-related Problems in Teaching Afaan Oromoo. Germany: vdm Verlag.
- Addunyaa Barkeessaa 2010. Natoo: Yaadrimée Caasluga Afaan Oromoo: Concept of Afaan Oromoo Grammar. Finfinne: Mega Printing Press.
2011. Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa ( Word and Its Structure).Finfinnee: Efficeincy Printing Press.
2011. Akkamtaa: yaadrimée Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti( Concept of Applied Linguistics in Afaan Oromoo Language. Finfinnee: Efficiency Printing Press.
- Catherine G. M. 2001. A Grammatical Sketch of Oromoo. RÜDIER KÖPPE VERLAG. KÖLN, ISBN
- Crystal, D.1997. The Cambridge Encyclopedia of Language. 2nd (edt.), Cambridge: Cambridge: University press.
- Dowens, W. . 1998. Language and Society. 2nd (edt.), Cambridge: Cambridge University Press
- O'Grady, W. and Dobrovolsky, M. 1996. Contemporary Linguistics Analysis, an Introduction.3rd (edt.), Tronto : Copp Clark LTD.
- Owens, J. 1985a. The Grammar of Harar Oromo. Humburge: Helmut Buske Verlage Humburge.
- Tamene Bitima 2000. A Dictionary of Oromo Technical Terms, Oromo-English. Berlin: RudigerKoppe Verlag Kolin.
- Temesgen Negasa. 1993. Word Formation in Oromoo. Addis Ababa University: Addis Ababa, (Un Published MA thesis).
1995. "Word Formation in Oromo" in Baye and et al. (eds.), Proceeding of Ethiopian journal of language and literature, NO. 5, ILS, Addis Ababa. Company.
- Wako Tola 1981. The Phonology of Oromo (Mecca ) MA thesis, ILS, Addis Ababa University.
- Yule, J. 2006. The Study of Language (2nd edt.), Cambridge: Cambridge University Press.